مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# مختصر البناء الفكري

## مفهومه، ومستوياته، وخرائطه

د. فتحي حسن ملكاوي

# IJAARSA YAADAA HUBANNOO, SADARKAA FI BOCA ISAA

Dr. Fathii Hasan Malkaawii

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2018

# البناء الفكري

## مفهومه ومستوياته وخرائطه

## د. فتحي حسن ملكاوي

# Ijaarsa Yaadaa Hubannoo isaa Sadarkaa isaa fi Boca isaa

## Qopheessaan:
## Dr. Fathii Hasan Malkaawii

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/65**

# Maqaa Rabbii akkaan mararfataa fi tola oolaa ta’eetiin jalqabna

**Baafata**

**seensa** ........................................................................ 6

**BOQONNAA TOKKO: XIINXALA MADDA ISLAAMAA KEESSATTI** .......................................................... 8

**Tokkoffaa: Xiinxala Qur'aanaa Fi Hadiisa Keessatti**......... 9

**Lammaffaa: Xiinxala Duudhaa Islaamaa Keessatti** ......... 11

**Sadaffaa: Xiinxalli Tokkochummaa, Qulqullummaa Fi Misooma** ........................................................................ 18

**Afraffaa: Xiinxalli Iimaana, Beekkumsaa Fi Dalagaadha.** ........................................................................ 20

**Afraffaa: Jecha "Xiinxala Islaamaa" Jedhu** ...................... 28

**Jahaffaa: Xiinxalaa Fi Gara Laafina** ........................................ 31

**BOQONNAA LAMA: IJAARSA XIINXALAA FI SADARKAA ISAA** ............................................................... 34

**Tokkoffaa: Ijaarsa Xiinxalaa** .................................................. 35

**Lammaffaa: Sadarkaa Ijaarsa Xiinxalaa** ................................ 37

**Sadaffaa: Marii Barnootaa Fi Xiinxalaa**............................. 42

**Afraffaa: Sochii Xiinxalaa Fi Xiinxala Sochii** .................... 45

**Shanaffaa: - mana barnoota xiinxalaa** ................................ 50

BOQONNAA SADAFFAA: KAARTAA IJAARSA XIINXALAA.................53

**Tokkoffaa: Maalummaa Xiinxalaa**.................................... 53

**Lammaffaa: Ijaarsa Xiinxalaa Jidduu Goggogiinsaa Fi Haaromsa** ........................................................................ 56

**Sadaffaa: Xiinxala Dhaadhessuu (Gabayyeessuu)** ............ 59

**Afraffaa: Hoggantoota Barnootaa Fi Xiinxallitootaa Hawaasaaf Barbaachisan** ....................................................... 61

**BOQONNAA AFRAFFAA: KAARTAA IJAARSA XIINXALAA** ........ 69
**Tokkoffaa: Kaartaa Maddeen Ijaarama Xiinxalaa** ........ 71
**Lammaffaa: Kaartaa Dhimmoota Ijaarama Xiinxalaa** ........ 73
**Sadaffaa: kaartaa Meeshaawwan ijaarasa xiinxalaa fi Tooftaalee isaa** ........ 78
**Afraffaa: kaartaa madaalli ijaarsa xiinxalaa** ........ 82
**Shanaffaa: kaartaa seenaa xiinxalaa** ........ 85
**Jahaffaa: Kaartaa Xiinxala Ji'oogiraafii Fi Ji'ogiraafii Xiinxalaa** ........ 86
**Torbaffaa: Seera Xiinxala Ittiin Fudhatan** ........ 89

**BOQONNAA SHAN: XIINXALAA FI AFAAN** ........ 91
**Tokkoffaa: Seenaa Keessatti Hariiroo Afaanii Fi Xiinxalaa** ........ 92
**Lammaffaa: Ibsa Jidduu Xiinxalaa Fi Afaanii** ........ 94
**Sadaffaa: Yaad-Rimee Hariiroo Xiinxalaa Fi Afaan Jidduu Jiru** ........ 96
**Afraffaa: Dandeettii Afaanii Keessatti Xiinxalaa Fi Guddina** ........ 101
**Shanaffaa: Xiinxalaa Fi Afaaniin Taphachuu** ........ 103
**Jahaffaa: Haasawaa Fi Dubbii Hafuuraa** ........ 104
**Torbaffaa: afaanota walittii makuu fi addaan baasuun, dhiibbaa inni maalummaa, qaroomaa fi xiinxala irratti fidu** ........ 105

**BOQONNAA JAHAFFAA: WIIRTULEE OOMISHA XIINXALAA FI LAABRAATORII IJAARSA ISAA** ....... 109

**Tokkoffaa: Kalaqa Dhuunfaa Fi Dalagaa Garee Jidduutti Xiinxala Dagaagsuu** ........ 110

**Lammaffaa: Hundeeffama Giddu Gala Qorannoolee Fi Kallattii Dalagaa Isaanii** ........ 112

**Sadaffaa: Qorannoolee Dhimma Dhaabbilee Qorannoo Irratti Godhaman** ........ 117

**Afraffaa: Giddu Gala Qorannoo Fi Miidiyaa** ........ 123

**Shanaffaa: Biyyoota Arabaa Keessatti Giddu Gala Qorannoo** ........ 124

**Jahaffaa: Giddu Gala Qorannoo Warra Dhihaa Keessatti Dhimmota Muslimaa** ........ 127

**seensa**

Jaarraalee lamaan taran keessatti, dargaggoota Muslimaa jidduutti baay'inni qorannoon kitaabota xiinxalaa dabalaa dhufee jira. Wantoota qorannoo kanattii dargagoota kaase keessaa: xumura tokko afraffaa jaarraa diigdammaaffaa keessa, yeroo dammaqina Islaamaa jedhamee beekkamutti, tattaaffii, kutaalee baldhaa dargaggootaa wantoonni akka barnootaa fi beekkumsaa; akkasuma kallattii aadaa fi warraaqsa adda addaa waan isaan dhippisaa dhufeefi. Xumurri jaarraa 20ffaa kuni jaarraa dhaabbilee Islaamaa keessatti sagantaaleen xiinxalaa fi yaada adda addaa argamaniidha. Dhaabbilee barnoota Islaamaa durii keessatti, abbootiin xiinxalaa (thought) tokko tokkoo osoo hin beekamin hafanii jiru. Dhaabbilee Islaamaa durii keessatti warraaqsii fi qindoominni Islaamaa isaan keessa jiraataa turan hedduun osoo hin beekkamin hafee jira.

Kitaabota xiinxalaa kana irratti xiyyeeffachuun dargaggoota biratti gaafilee hedduu kaasee jira: xiinxalli maali? Xiinxallitoonni eenyu? Sagantaan xiinxalaa hoo maaliidha? Manneen barnoota xiinxalaa kam fa'a? Hariiroo hubannoowwan xiinxalaa fi jechoota isaa kan wal keessa seenu, walitti dhiyaatuu fi wal qaxxaamuru maali fa'a? Gaafii jedhuu dargaggoota biratti kaasee jira. Kitaaba kana keessatti, hubannoowwan xiinxalaa dhiyaataniif hiikkaa dimshaashaa fi murtaawaan lafa kaayamee hin jiru. Garuu hiikkaa hubannoowwan xiinxalaa akka kallattii inni itti deebi'uutti ibsuuf yaalee jira. Kunis kan ta'eef, yaadni nama kitaaba kana dubbisuu baldhachuudhaan hiikka xiinxalaa akka hubannoo isaatti afaan bilisaatiin akka isaa galutti mala

afaanii gara garaa fayyadamee akka ilaalchaa isaa fi bifa jiruu isaa waliin wal simatutti akka hubatuufi.

Maloota kitaabni kun hordofu keessaa kan biraa, maqaa namoota kallattiilee xiinxalaa lafa kaayan dhahuu dhabuudha. Akkasuma ijaarama xiinxalaa nama kitaaba kana dubbisuu yaada abbaa kitaaba kana barreesseetiin akka hin ijaaramnee fi hin guutamne godhuudha. Kitaabni kuni Hubannoo, sadarkaa fi kaartaa Ijaarama xiinxalaa kan jedhu irraa kan gabaabsameedha. Hawwiin keenna namootni Kitaaba gabaabsame kana dubbisuun salphamatti qabiyyee isaa akka hubataniif godhamee kan yaadameedha. Namootni tokko tokko ammoo kitaaba guutuu akka dubbisan isaan kakaasuufi. Kitaabni kuni kutaalee, mata-dureewwanii fi boqonnaalee kitaaba jalqabaa keessatti argaman akkuma jirutti itti fayyadame. Qabiyyeen kitaaba kanaa kitaaba jalqabaa keessaa harka tokko sadaffaa of keessatti hammatee jira. Wantootni gabaabsaman baldhina wantoota adda addaa fi fakkeenyota kitaaba jalqabaa keessatti dhufaniidha. Wantoota kanniin kitaaba kana keessaa haquun barbaachisummaa isii kitaaba jalqabaa keessatti hin hir’isu.

Faaruun kan Rabbii addunyaa hundaati.

# BOQONNAA TOKKO: XIINXALA MADDA ISLAAMAA KEESSATTI

**Dursa:**

Wanti gaariin Kitaaba “ijaarama xiinxalaa”; jedhu boqonnaa duraa kan itti jalqabnuun waa’ee xiinxala Islaamaa irratti ta’uu mirkaneessuu keenya. Kanaaf burqaa haasawa keennaa keessatti kan irraa kaanu, maddeen Islaamaa kan ta’aniidha. Maddi bu’uuraa sadarkaa duraatti Qur’aana kabajamaa fi Hadiisa Nabiyyii Rabbiiti. Sanatti aansuudhaan hubannoo beektonni Islaamaa jaarraalee hedduu keessatti Qur’aanaa kabajamaa fi Hadiisa ulfaataaf qabaniidha.

Kunis kan nuti duudhaa Islaamaa jennee moggaafnuudha. Akkuma duudhaa Islaamaa keessatti mirkaneeffametti hubannoon xiinxalaa wantoota ta’anii darban qofa irratti akka hin gabaabannee fi wantoota akka Rabbiin tokkochoomsuu fi duuniyaaf bakka kennuu dhabuun akka seera (shari’aa) Rabbiitiin dachee tana ijaaruu dhabuu irraa hin jeeqamne, akkasuma shoora nagayaa fi haqummaa dachee tana keessatti babaldhisuu; duudhaan Islaamaa akka qabuu ibsuuf.

Keeyyatoota duudhaa Islaamaa tokko tokko keessatti bifoonni hubannoo xiinxalaa akka jiran bira gahamee jira. Keeyyatoonni kunniin kan barreeffaman hawaasa Muslimaa keessatti akka ta’es mirkaneeffamee jira. sunis dhugummaan tokkochummaa Rabbii, qulqullummaa fi dachee deebisanii misoomsuun kan keessatti wal guutan ta’uu argina. Kutaalee armaan olitti dubbanne kanniin hundaafuu namoota ogummaa kana qabanii fi ittiin leenji’anituu jira.

**Tokkoffaa: Xiinxala Qur’aanaa Fi Hadiisa Keessatti**

Xiinxalli ibsa dalagaa ilmi namaa ittiin dhaababatuuti. Innis maqaa firii dalagaa kanaati. Xiinxala, xiinxale, xiinxallaa, jechuun shaakala sammuu isaatiif taasise kanaaf xiinxalaa jedhama. Gochi wanta inni xiinxalee sani, xiinxallaan odeeffannoo irratti sammuu dalagsiisuudhaan wanta kanaan dura hin beekkamne argachuudha. Qur’aana kabajamaa keessatti, jechi xiinxala jedhu bakka 18 itti kan dubbatame yoo ta’u, innis haala shaniin ibsame; hundi isaaniituu bifa xumuraatiini. Akka fakkeenyaatti yoo laalle:

“Xiinxali” keeyyata 18, suuraa Muddassir

“Xiinxalan” keeyyata, 46, suuraa Saba’i

“Ni xiinxalan” yeroo 11 kan duubbatame san keessaa aayaa 191 suuraa Aala imraan, keeyyata, 176 suuraa A’araaf.

Akkuma xiinxala jecha jedhu irraa hubannutti bifuma baratameen sammuu namaa keessatti biliqqisni yaadaa argamuu qofa osoo hin taane hubannoon, hordoffii fi xiinxala aadeffachuudhaan kan argamuudha. Akka Qur’aanaatitti xiinxaluu jechuun yaadni xiinxalaa duniyaa fi aakiraa keessatti jiru wal guutuu jechuudha.

يَسۡـَٔلُونَكَ عَنِ ٱلۡخَمۡرِ وَٱلۡمَيۡسِرِۖ قُلۡ فِيهِمَآ إِثۡمٞ كَبِيرٞ وَمَنَٰفِعُ لِلنَّاسِ وَإِثۡمُهُمَآ أَكۡبَرُ مِن
نَّفۡعِهِمَاۗ وَيَسۡـَٔلُونَكَ مَاذَا يُنفِقُونَ قُلِ ٱلۡعَفۡوَۗ كَذَٰلِكَ يُبَيِّنُ ٱللَّهُ لَكُمُ ٱلۡأٓيَٰتِ لَعَلَّكُمۡ تَتَفَكَّرُونَ ﴿٢١٩﴾
فِي ٱلدُّنۡيَا وَٱلۡأٓخِرَةِۗ وَيَسۡـَٔلُونَكَ عَنِ ٱلۡيَتَٰمَىٰۖ قُلۡ إِصۡلَاحٞ لَّهُمۡ خَيۡرٞۖ وَإِن تُخَالِطُوهُمۡ فَإِخۡوَٰنُكُمۡۚ وَٱللَّهُ يَعۡلَمُ
ٱلۡمُفۡسِدَ مِنَ ٱلۡمُصۡلِحِۚ وَلَوۡ شَآءَ ٱللَّهُ لَأَعۡنَتَكُمۡۚ إِنَّ ٱللَّهَ عَزِيزٌ حَكِيمٞ ﴿٢٢٠﴾ سورة البقرة : 219 - 220

*(Farsoo fi kaartaa taphachuu irraa si gaafatan yaa Muhaammad, jara lamaan kana keessa badii guddaa fi ilma namaatii waan bu'aa buusutu jira jedhiin, badii isaaniitu bu'aa isaanii caala, ammas maal akka kennatan si gaafatani, waan dhimma keessan irraa hafe jedhiin, bifa kanaan Rabbiin aayataan isinii ifa galcha akka isin xiinxallitaniif addunyaa fi aakiraatti. Yatiima irraa si gaafatani, isaaniif tolchuutuu caalaa yoo walitti makamtanis ta'ee isaan obboleeyyan keessani, Rabbiin nama badiitii fi nama waa tolchu addaan baasee beeka, osoo kan barbaadu ta'ee sila isin qarqaare, Rabbiin injifataa fi mala qabeessa.)* Baqaraa (219-220). Jechuun akka ummanni dhimma duniyaa fi dhimma aakiraa xiinxalee beekuuf jechuudha.

Erga hiikkaa jecha xiinxala jedhuu Qur'aana kabajamaa keessatti ilaallee booda, wantoota hiikkaa isaa murteessan qabannee bahuu ni dandeenna. Isaan keessaa kan armaan gadiiti.

- Wal dhaansoo xiinxalaa godhuu ykn dhimma beekkamaa tokko keessatti yaadaa fi sammuu dalagsiisuun kaayyoo murtaawaa fi haarawaa fiixaan baasuudha.

- Xiinxala jechuun yaada xiinxalaatiin itti fufiinsaan jeeqamu fi hanga firiin barbaadamu argamutti xiinxala aadeffachuudha.

- Xiinxaluudhaaf kutaalee xiinxalaa irratti sammuu, yaadaa fi baldhina dhimma xiinxaluuf deemnu; walitti qabachuu qabna.

Wanti barbaachisaan firii xiinxalaa keessaa kaayyoo yaadameef fiixaan baasuudha. Kunis kan ta'uun yaada

dalagsiisuun kaayyoo fiixaan baasuuf deemnu san xiyyeeffannaa keessa galchuudhani.

Gara Hadiisa ergamaa Rabbiitiin ammoo bakkee heddutti dhimmi xiinxalaa kuni dhufee jira. Kunis jechoota sammuu, ilaalcha fi xiinxallaa jedhu fayyadameeti. Akka fakkeenyaatti Hadiisa Rabii'aa ibnu Ka'ab kan imaamu Ahmad Musnada isaa keessatti gabaasee (*lubbuu kiyya keessatti xiinxallee duniyaan tuni cittuu fi dhumtuu ta'uu isii beeke.*)

**Lammaffaa: Xiinxala Duudhaa Islaamaa Keessatti**

Duudhaa Islaamaa keessatti jechi xiinxalaa fi xiinxaluu jedhu, kitaaba hayyoota Muslimaa hedduu keessatti deddeebi'ee dhufee jira. Innis bifa dalagaa fi firii dalagaa kana ta'uudhaani. Jechi xiinxalluu jedhu mata duree kitaabota tokko tokko keessatti dhufee jira. Tattaaffiin namni kitaaba barreessu godhu mata duree kitaaba isaa keessatti firii yaadaa fi xiinxala isaati. Kana jechuun dirqamaan xiinxalli mata duree duudhaa Islaamaati jechuu miti. Garuu kitaabonni xiinxala mata duree isaanii godhatanis ni jiru. Yookaan kitaabota isaanii keessatti boqonnaalee addaa taasisaniifi jiru. Wanti asitti beekuu qabnu isaan biratti xiinxalli akkamitti hubatame? Qajeelcha isaa akkamitti ibsanii? Xiinxala ijaaruu fi misoomsuuf kaartaa isaa akkamitti lafa kaayan kan jedhu beekuu qabna.

Asitti hayyoota sadih qofatti akeekuuf yaalii goona. Isaanis yeroo gara garaa fi addaan fagoo keessa kan jiraatan yoo ta'u, hundi isaaniituu guuddina, mana barumsaa fi haala jiruu mataa isaanii qabu. Kana waliinuu dhimma sammuu fi xiinxalaa irratti

baay'ee walitti dhihaatan. Isaanis tokkoffaan Haaris Muhaasabii nama jedhamu akka lakkoofsa Hijraatti, bara 243 du'e. Kitaaba isaa (sammuu fi hubannoo Qur'aanaa) jedhu keessatti waa'ee sammuu, hiikaa isii fi garaa garummaa isiin namoota jiddutti qabdu qajeelatti ibsee jira. kitaabni kuni kitaabota isaa kan birootiif akka adeemsa isaa godhatee jira. inni lammaffaan: Abuu Haamid Al-gazaalii jedhamu. Akka lakkoofsa Hijraatti Bara 505 du'e. Kitaaba isaa saglan keessaa "kitaaba xiinxalaa" jedhu keessatti boqonnaa cimaa tokko barreessee jira. Inni sadaffaan Ibnu al Qayyim al Joowzii hayyuu jedhamu yoo ta'an. Akka lakkoofsa Hijraatti, bara 751 du'e. Kitaaba guddaa xiinxalaa fi beekkumsa irratti xiyyeeffatu tokko addumatti barreesse jira. Kitaabni sunis "furtuu ganda gammachuu fi raabsaa aangoo warra beekkumsaa fi hawwii" kan jedhu ture. Wanta armaan olitti darban irraa wanti hubannu hayyicha duraa fi lammaffaa jidduu yeroon jiru naannoo jaarraa lamaa fi walakkaati. kan lammaaffaa fi sadaffaa jidduu naannoo jaarraa lamaa fi walakaatu jira.

Kitaaba Imaam al Muhaasabii kan raabsame keessaa tokko, kitaaba sammuu fi hubannoo Qur'aanaa jedhuudha. Jalqaba irratti kitaaba lama ture, inni duraa maalummaa sammuu, hiikka fi isii keessatti wal dhabbii namootaa yoo ta'u inni lammaffaa hubannoo Qur'aanaa fi hiikkaa isaa kan jedhuudha. Kitaaba duraa keessatti akka mul'atutti Haaris Al Muhaasabiin dhimaa sammuu ilaalchisee Hadiisota odeeffaman irratti mormiilee jiraniif ijannoo mataa isaa kan ibse fakkaata. Sunis deebii haala aadaa yeroo inni keessa jiraataa ture saniin wal simata. Yeroon suni yeroo adda fagaatan jedhamee beekkama.

Gareen Mu’atazilaa jedhamu amantii Islaamaa keessatti bakka sammuun qabdu guddaa akka ta’e faarsaa turan. Hadiisa waa’ee sammuu irraa odeeffame irratti xiyyeeffatu. Warroonni Hadiisa odeessan hayyu duree Imaam Ahmadiin Ibnu Hanbaliin durfaman garee mu’atazilaa kanniin hadiisni kuni sirrii miti jedhanii mormaa turan. Ijjannoon Al Muhaasabii immoo jiruu isaa Hadiisa odeessuudhaan kan jalqabe akka ilaalcha isaatti hadiisonni kunniin qajeelfama Qur’aanatiin akka wal simatan hima. Sahaabonni, hordoftoonnii fi hordoftoonni hordoftootaa jechoota waa’ee sammuu ibsuu kan adeemsa hadiisota kanneenii keessaa hin bahiin akka odeessan dubbata.

Kitaabni guddinni isaa xiqqaa kan waa’ee “**sammuu**” kan jedhu kuni adeemsi isaa akkuma kitaaba guddaa “Haqa Rabbii tiiysuu” jedhu saniiti. Innis Qur’aana kabajamaan jalqabee ergasii Hadiisa ergamaa Rabbii, ergasii oduu sahaabaa fi hordoftoota isaanii fiduun kan dubbatuudha. Bifa kanaan namni Muslimaa tokko waan Qur’aana keessatti dubbatame akka hubatuu qabu mirkaneessa. Jechuun hubannoo isaa tolchee ibsa isaa beekuu qaba jedha. sababa kanaaf kitaabota isaa keessatti sarara tokko tokko irratti jechi sammuu jedhu irra deddeebi’ee dhufa.

Al Muhaasabiin kitaaba isaa Sammuu jedhu kan xumureen qajeelcha sammuu, hiikkaa fi dalagaa ilma namaa keessatti giddu galummaa qabaachuu isii ibsuudhaani. Ilmi namaa xiinxalaa, ilaalchaa fi Rabbiin faarsuu irraa duroomuu hin danda’u. Kunis hubannoon isaa guddatee beekkumsi isaa dabalee sadarkaan isaa ol fudhamee, namni xiinxalli isaa xiqqaate hubannoon isaa ni xiqqaata, namni hubannoon isaa xiqqaate beekkumsa isaa ni

xiqqaata, namni beekkumsi isaa xiqqaate wallaala isaatu heddummaata,

Akkasuma mi’aa qajeelumaa hin argatu, qabbana tasgabbii, hafuura malaas hin argatu. Namni beekkumsa qabu nama barnoota arraba isaatiin baratee, qubeewwan isaa onnee isaatitti qabatee, hiikkaa waan baratee ilaalee, yaadatee fi ibsa isaa barbaadeedha. Namni injifannaa akkamii yoo argate, injifannaa barnootaa, hafuura tasgabbii, guddina beekkumsaa fi baay’ina mindaatiin wal madaalaa. Injifannaan kuni kan raggaasifamuu fi argamuun ilaalcha yoo tolchan, yaadannaa yoo dheeressanii fi yoo deebisanii xiinxallan qofaadha.

Imaam Al-Muhaasabiin xiinxala Islaamaa ilaalchisee wantoota odeesse irraa dubbachuudhaaf waan Abu Haamid Al-Gazaaliin kitaaba isaanii jallina irraa dandamachiisaa jedhuu keessatti barreessan laaluu ni dandeenya. Akka Abu Haamid Al Gazaaliin jedhanitti kitaabota gareewwaan yeroo sanitti jiran kan akka *mutakallimiin, falaasiftootaa, baaxiniyyootaa fi suufiyyaa* dubbisuudhaan waan qabatamaa jidduu jaraa jiru argachuudhaaf dhiphinaa fi sodaa keessa akka seenan dubbatu.Isaan beekuu kan danda’een kitaaba Abii Xaalib Al- Makkii fi kitaaba Haaris Al-Muhaasabii kan akka **nyaata onnee** jedhu fa’a dubbisuudhaani. Abu Haamid Al-gazaaliin kitaaba Al-muhaasabii kan dubbise maqaa isaa hin himne. Garuu kitaaba jallina irraa dandamachiisaa jedhu keessatti jechootaa fi haasawa hiikkaan isaa kitaabota Al-muhaasabii keessatti dhufaniin wal fakkaata. Gara biraatiin immoo mata dureewwan hedduu Abu Haamid Al Gazaaliin akka adeemsa Al Muhaasabiitti tuttuquuf yaalanii jiru.

Kitaaba isaanii ***xiinxallaa*** jedhu keessatti haasawa dhugummaa xiinxalaa fi firii isaa dubbatanii jiru. Uumaa Rabbii ol aanee keessatti akkamitti xiinxalluun akka danda'amuu fi adeemsa xiinxalaa ibsanii jiru. Xiinxalli jalqaba fi furtuu toltuu hundaati. Xiinxalli haalaa fi dalagaadhaan walitti makamee barnootaa fi beekkumsi xiinxala akka dhalatu taasisa. Akka abu Haamid Al-Gazaaliin yaadanitti, xiinxalli karaa mataa namaa keessa ittiin seenan ta'uu hubachiisan. Dubbiin xiinxala kanaa yoo gadi hin dhaabatin, beekkumsi gad hin dhaabatu. Firiin beekkumsa kanaa immoo haala onnee keessa jiru irratti hundaa'a. Firiin kanneen hundaatu kan argamuun dalagaa qaamaan raawwataniini.

Abu Haamid Al-Gazaaliin Hasan Al-Basrii irraa akka odeessanitti hayyoonni sammuu hanga onnee isaanii dubbisanii, isiin mala wahii dubbattutti, Rabbiin faarsuu xiinxala hin caalchisan, akkasuma xiinxala Rabbiin faarsuu hin caalchisan,

Ibni Al Qayyim Al Joowziinis yaada Abu Haamid Al Gazaaliin gatii sammuu fi ga'ee xiinxalaa; akkasuma bu'aa isaan namaaf buusan ibsuu fi mirkaneessuu keessatti hedduu wal hin faallessan. Ibnu Al Qayyim kaayyoo amala gaariif yoo hin ta'in waa'ee sadarkaa xiinxalaa hedduminaan hin dubbatan. Amalli gaariin kunis dagaagina ilma namaa keessatti, ilmi namaa xiinxala ofii qabatee karaa Rabbiin isa ajaje irraa akka hin jallanneef gargaara.

Sababni isaa toltuu fi gammachuun kuusaa furtuun isaa xiinxala ta'ee kana keessatti waan walitti qabamaniifi. Wantoota

shan kan xiinxalli irra naannawu nuuf laakkawan. Isaanis xiinxala firiin isaa beekkumsa, firiin isaan lamaanii miira onnee keessatti uumamuudha. Firiin kanaa immoo fedhii fi hawwiin jiraachuudha. Firiin fedhii immoo dalagaadha. Kanaaf xiinxalli jalqabaa fi furtuu toltuu hundaati kan jedhamu. Dimashaashumatti Rabbii bitamuuf xiinxalli sarara qaxxaamuraati. Akkasuma badiin hundi jalqabni isaa xiinxala irraa dhufa.

Wanti asitti hubachuu dandeennu waa'ee xiinxalaa ilaalchisee akki Ibni Al Qayyim itti qoodee fi akki Abuu Haamid Al Gazaaliin itti qoode wal fakkeenya keessatti walitti dhihaatu. Garuu qoodinsi Abi Haamid Al Gazaalii kan Ibni Al qayyim kitaaba isaa furtuu ganda gammachuu jedhu keessatti wanta xiinxalaa kana warroota isaan dura darban irraa fudhatee dubbate caalaa baldhina qaba. Bifuma wal fakkaatuun Gazaaliinis kitaaba isaa Barnoota amantaa jiraachisuu jedhu keessatti osoo garaagarummaan yeroo jaarraa lamaa ol ta'u gidduu jaraa jiruu fi hayyoonni lamaan sirna barnootaa fi falasafama isaan lamaan itti amananis garaa gaummaa osoo qabuu dubbiin isaanii waa'ee xiinxalaa fi qoodaminsa isaa ilaalchisee hedduu walitti dhihaata.

Ibnu Al-Qayyim kitaaba isaa 'Bu'aawwan' jedhu keessatti irra deebi'ee waa'ee xiinxalaa kaasee dubbatee ture. Barbaachisummaan kitaaba lammaffaa kuni kitaaba duraa irra xiqqaadhaa miti. Kitaaba isaa kana keessatti hariiroo xiinxalaa fi dalagaan qabdu baldhinaan haasawee jira. Hariiroon kuni jijjiiramaa fi guddina ilma namaatiif ga'ee inni qabu akkana jedhanii ibsanii jiru. "Jalqabni beekkumsa hundaatuu ilaalcha,

dalagaa fi filannoodha. Kunis kan argamu yaadaa fi xiinxala irraa dhufa. Innis gama isaatiin fedhiin nama keessatti akka uumamu taasisa. Fedhiin immoo dalagaan akka argamu taasisa. Dalagaa kana irra deebi'anii dalaguun immoo akka baratamu taasisa. Kuni hunduu kan sirraa'eedha. Danda'uun yoo yaadaa fi xiinxalli sirraaheeni. Yoo isaan badan dubbiin hunduu ni badu."

Ibni Al qayyim garaa garummaa yaaduu fi xiinxaluu yoo ibsu akkana jedha. "Xiinxaluu fi yaaduunis hundee qajeellumaa fi badhaadhinaati. Isaan lamaan utubaa gammachuuti. Xiinxaluu jechuun barnootaan dhimma hin argamne wanta barnootaan argame irraa onneen barbaaduu jechuudha. Osoo yaadni wahii xiinxallatti nama kaasuu baatee ykn wanti barbaadamu hundi guutame xiinxalli hin argamu ture. Xiinxalaan yoo kana beeke jalqabaa fi bu'uura isa bira jirtu irraa wanta gara barbaaduu fi fedhuutti ceha. Yoo kana injifatee waan barbaadu argate wanta dalaguu, dhiisuu fi irraa fagaachuu qabu yaadee laalee addaan baasuu danda'a.Yaaduun jalqaba xiinxalaa fi firii isaati.

Namni tokko hanga sammuu qabutti xiinxala isaa yaadataa deema. Barnootaa fi fedhiin yeroo hedduu waan waliin hin deemneef xiinxalli jidduu jara lamaaniitti argama. Hiikkaa keeyyata Rabbii guddaa fi ol'aanaa takkaa yoo beeyte nama onneen isaa Rakkoo qabutu ilaalee hubatuuf yaala, namni dagate immoo ni yaadata, wanti faallaa barnoota jiru dagatanii yaadachuu dhabuu fi ilaalanii hubachuu dadhabuudha.

Duudhaa Islaamaa keessatti waa'ee xiinxalaa haasawuun wantoota armaan olitti hayyoonni sadiin kunniin dubbatan qofa

irratti hin gabaabbatu. Hayyoota kitaaba aqiidaa, haasawaa (kalaamaa), fiqhii, hiikkaa Qur'aanaa fi kan biroos barreessan yoo ilaalte xiinxala, xiinxaluu, yaadachuu, hubachuu ilaaluu fi jechoota gara xiinxalaatti ilma namaa kaasan osoo hin dubbanne bira hin darbamu.

## Sadaffaa: Xiinxalli Tokkochummaa, Qulqullummaa Fi Misooma

Wanta mata duree kana jalatti nu fayyadu keessaa, wantoota asii olitti dabarsine haasawa Muhaasabii, Al-Gazaalii, fi Ibnu al Qayyim irraa kan hubachuu qabnu, dalagaan ilmi namaa ittiin dhaabbatu, xiinxaluu, yaaduu fi yaadachuu kan barbaachiseef sodaa Rabbii ittiin argachuu, duniyaaf gatii kennuu dhabuu fi gara aakiraatti garagaluufi. Kana jechuun garuu ilmi nama qooda isaa duniyaa irraa waan isaa barbaachisu fudhachuu dhabuu jechuu miti.

Hayyoota bira taa'anii isaan irraa barachuun, bakka isaan argamanitti imalanii barnoota barachuun, dachee tana keessa fiiganii hiree Rabbii barbaadanii nyaachuun, ogummaalee jiruuf barbaachisan kan akka qonnaa, daldalaa fi ogummaa harkaa qabaachuu qaba. Kuni hundi isaatuu xiinxaluu, yaadachuu fi hubachuu barbaachisa. Kana dabalatee namni Muslmaa tokko yaadachuu kan qabu, Rabbiin warra karaa isaa keessatti wareegamee, warra qaawwa Islaamatti akka hin banamne karaa itti cufanii fi warra karaa Rabbii keessatti of kennanii mindaa Rabbiin isaanii qopheesse xiinxaluu qabu. Hayyootni sadan asii olitti dubbanne sunniin haasawa isaanii keessatti

barbaachisummaa duniyaa tana misoomsuu akka mirkaneessan hubachuun ni danda’ama.

Keeyyatoota Qur’aanaa hundaahuu hubachuun, keeyyatoota waa’ee hawaa dubbatan qajeelatti xiinxalluun seenaawwan warra taranii yaadachuun, fi kan biroos hundi isaatuu xumura irratti Rabbii uumaa kana uume, tokkochummaa, maqaa fi bifa isaatti akka amanan taasisa. San booda lubbuu ofii qulqulleessuudhaan uumaa tokkicha kana jaalachiisuu fi waan isa dallansiisu irraa fagaachuudha. Garuu xumura kana bira gahuudhaaf karaa irratti maaltu ta’aa? Yeroo deemanii fi osoo hin gahin dura maaltuu ta’aa?  Karaa dheeraa kana irratti xiinxalli, hubannaa fi yaadachuun; akkamitti abuurraa, xiinxalaa fi beekkumsa ijaaruu hin dandeennee?

Dalagaa beekkumsaa, abuuraa, xiinxalaa fi hubannaa kana muuxannoowwan darban irraa kaanee osoo dalagsiisuu baannee heerri, seerri fi yaad-rimeewwan barnoota adda addaa eessaa argamuu danda’aa? Beekkumsi fi abuurraawwan dalagaa fi bu’aa yoo hin argamsiisinii fi dachee tana irratti jiruu ilma namaa yoo hin laaffisin gatii maalii qabaa? Akkasuma dachii tana irratti itti gaafatamummaa fi amaanaa itti kennameen ilmi namaa akka dhaabbatu yoo hin taasisin, beekumsaa fi abuurraa kanatti fayyadamee keeyyatoota dalagaa namaa laaffisan yoo hin hubatin, keeyyatoota haala namaa mijeessan ilaalanii yoo hin qayyabatin gatiin beekkumsi fi abuurraa maaliidha?

Daldalli, warshaaaleen, qonni, seerrii fi heerri nagaha tasgabbeessuun karaa eegee, hariiroo namootaa, gareewwanii fi

biyyootaa tartiibessee, dhimmoota qabeenyaa, diinagdee fi hawaasummaa ijaaree kan qabu kana fi wantoota kana fakkaatan kan faayidaa qaban irratti ummanni Muslimaa maaliif xiinxalaa fi yaadaan adda dureedhaan hin hirmaanne? Damee barnoota *fiqhi almu'aamalaat* jedhamu keessatti hayyoonni asiin duraa waa'ee barnoota kanniinii ilaalchisee lafa kaayan irratti ummanni Muslimaa maaliif yaada isaanii ijaaranii hin guddifne?

Tokkochummaa, qulqullummaa fi misooma walitti qabuun osoo danda'ame keeyyatiinni hawaa, aayatootni lubbuu, keeyyatoonni hawaasummaa, aayatootni seenaa fi keeyyatoonni Qur'aanaa hundi isaanii mata duree waa'ee dhimma xiinxalaa, yaadachuu fi hubachuu ta'an ture. Akkasuma mata duree qorannoo gadi fageenyaan dhimmaa beekkumsaa fi barnootaa qoratu guyyaa irra gara guyyaatti baldhisaa dhufa. Yoo akkas ta'e ummanni Muslimaa bakka toltuu, caaltuu fi hoggansaa irratti akka argaman taasisa.


Gara biraatiin immoo wanti itti akeekuu nu barbaachisu yaaduu, hubachuu fi xiinxaluun hangam faayidaa akka qabuudha. Akkuma namni Muslimaa tokko wanta duniyaa fi aakiratti isa barbaachisu argachuuf kan godhu yoo ta'u, namni Muslima hin ta'inis beekkumsa duniyaa kana irratti argachuuf xiinxala isaan barbaachisa. Namoonni gariin dalagaa xiinxalaa kana tolchuun isaanii sadarkaa barnootaa irratti hanga nama ajaa'ibsiisuu takka gaha.

**Afraffaa: Xiinxalli Iimaana, Beekkumsaa Fi Dalagaadha.**

Islaamumaan kan of keessatti hammatu iimaana, beekkumsaa fi dalagadha yoo ta'e hubannoowwan sadeen kanneen irraa bakki xiinxalaa eessa? Fakkeenyota dabarsine kana

irraa ka'uudhaan hayyoonni Islamaa ilma namaatiif xiinxalli hedduu akka barbaachisu mirkaneessanii jiru. Akkuma ifatti mul'atutti xiinxalli wantoota sadeen kana keessaa isa bu'uuraati. Ammas irra deebinee jecha ibnu Al-Qayyiim isin yaadachiisuu barbaanna. Bu'uurri barnoota tiyoorii fi dalagaa tolaa hundumtuu yaadaa fi xiinxala. Innis wanta san fakkii isaa namaaf fiddi, fakkiin immoo fedhii namaa keessatti uumti, fedhiin immoo gara dalagaatti akka seenan nama goodha. Dalagaa kana baay'inaan dalaguun akka baratamu taasisa. Yaadaa fi xiinxalli yoo tole sadarkaaleen amma dubbanne kun ni tolan. Yoo yaadaa fi xiinxalli bade isaanis ni badan. Qur'aana keessatti walitti dheheenya hubannoowwan iimaanaa, beekkumsa fi dalagaa yoo irra deebinee laallee; hubannoowwan sadiin keessaa bakki xiinxalaa maal akka ta'e hubachuu ni dandeenna.

**1- Walitti dhiheenya iimaanaa fi barnootaa**




Islaamummaa keessatti iimaanaa fi beekkumsi walitti dhiyaachuun iimaanaa fi xiinxalli walitti dhiyaachuu mul'isa. keeyyata Rabbii beekuu fi dhugummaa isii mirkaneeffachuu kan dandeennuun gara xiinxalaatiini. Yoo keeyyata Rabbii keessatti hin xiinxalline iimaana dhugaa osoo hin ta'in iimaana dhaalaa

qabaanna. Ilmi namaa murtiilee shari'aatti fayyadamuuf wantoota isa barbaachisan keessaa: dameelee kaayyoo kanniinii yaadachuu, Qabiyyee isaanii xiinxaluu, oduu fi seenaa namoota duniyaa tana keessatti faca'anii argamanii hubachuu fa'aadha.

Ilaalchi Islaamaa beekkumsaaf hubannoo guddoo kennaafi. Kunis akka Ilaalcha Islaamaatti dimshaasha xiinxalaatiin wal simata. Beekkumsi waa xiinxaluu wantoota naannoo qajeelatti beekuu nama dhaalchisa. Innis barnoota saayinsii uumamaati. Yoo beekkumsa dhugaa amala gaarii, lubbuu fi hawaasaa ta'e, barnoota namummaa fi hawaasummaati. Yoo dhimmoota aqiidaa fi iimaanaa ta'e, barnoota shari'aati. Barnoonni kunniin hundinuu faayidaa qabu.

Rabbiin guddaan sadarkaa beekkumsa faayida-qabeessaa hedduu ol fuudhee namni isa akka baratuuf irrattis kakaase jira. Akkasuma beektotas sadarkaa isaanii nama hafan caalchise jira. Rabbiin qulqullaahaan namoota tokko tokko kan beekkumsa faayidaa qabuun isaan filate. Akkamitti akka namoota biroo isaan caalan dubbatee jira. Gatiin beekkumsaa fi faayidaan isaa kan beekkamu yoo beekanii beekkumsa san dalagaa nama fayyadu keessatti hojii irra oolche qofaadha.

Beekaan Qur'aana keessatti dubbatame kan Zulqarneeyni jedhamu beekkumsa isaa dameelee injiinariingii, ijaarsaa fi saayinsii albuudatti fayyadamee; jogola lama jidduutti namoota dadhaboo ta'an *Ya'ajuujii fi Ma'ajuujiin* irraa isaan baraaruuf dhaaba cimaa ijaaree jira. Nabiyyii Rabbii Yuusuf beekkumsa isaanii diinagdee keessatti qaban fayyadamuun, sagantaa

diinagdee ummata biyya Ejiptii fi naannoo olla isiittii argaman balaa beelaa jalaa baraaranii jiru.

Nabiyyii Rabbii Nuuhi immoo beekkumsa Rabbiin guddaan isa barsiise fayyadamuun doonii guddoo namoota isatti amanan liqinfama bishaanii jalaa baraaruu fi lubbu qabeeyyii, ilmi namaa gara ful-duraatti itti fayyadama jedhamee yeroo sanitti yaadame hunda akka lubbuun turanii wal horaniif doonii kana keessatti dandamachiisuu danda'ee jira. Qur'aana kabajamaa keessatti oduuleen akkanaa kunniin sababa beekkumsaa qabatanii akka deemaniif waamicha guddaadha. Nama beekkumsa horachuu barbaaduu fi tattaaffii godhuuf karaan isii banaadha.

Namni xiinxallii fi qaroominni damee garee murtaawaa qofaaf kenname jedhee yaadu; hedduu dogoggoree jira.Gareen kunniinis namoota damee iimanaatti yaaddayaniin ala jedhanii yaaduunis dogoggora. Akka waan namni xiinxalaan tokko fuula isaa irraa iimaanni, haalaa fi amalli gariin hin mul'annee goonee fudhachuun sirrii miti. Yookiin immoo nama mu'iminaa Rabbiin sodaatuu fi isa gabbaruu guddisu akkasuma hirmaannaa duniyaa inni qabu xiqqaa yoo ta'e namni suni nama wallaalaa jechuuti. Kanaaf namni kuni beekkumsa hin qabu, xiinxalaa fi qaroomas hin qabu akka jechuuti. Kuni immoo sirrii miti.

### 2: Walitti Dhiheenya Iimaanaa Fi Dalagaa

Qur'aana kabajamaa keessatti bakka 51tti iimaanni dalagaa gaariidhaan walitti hidhamee dhufe, walitti hidhannaan kuni walitti hidhannaa jechaati. Rabbiin akkana jedha:

وَعَدَ ٱللَّهُ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ مِنكُمْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ لَيَسْتَخْلِفَنَّهُمْ فِي ٱلْأَرْضِ ﴿٥٥﴾ سورة النور: 55

(*Rabbiin warra isatti amanee fi dalagaa gaarii hojjaateef akka bakka buutota dachee isaan ta'aniif waadaa seenee jira.) (Anuur, 55)*

Akka shari'aatti hiikkaan iimaanaa beekkamaan hayyoota biratti wanta arrabaan jedhamee, qaamaan dhugeeffamee fi dalagaan mirkaneeffameedha. Innis ilaalchaa fi dalagaa yoo ta'u, ilaalchi beekkumsaa fi xiinxaluun mirkaneeffama. Dalagaadhaan immoo wantoonni barbaadaman akka amala gaarii fi hojiitu mirkaneeffama. Qur'aana keessatti warra amananii fi dalagaawwan gaarii dalagan walitti hidhuun yeroo hedduu bifa hedduminaa (plural) qabatee dhufe. Jechi warra amanan jedhuu fi jechi dalagaawwan gaarii jechu bifa hedduumina of keessaa qaba.

Kanaaf heddumminni mu'iminaa ilaalcha beekkumsaa irratti wal gahan, ergasii immoo dalagaawwan gaariinis ilaalchuma kanaan wal gahan. Kana keessa qajeelcha guddina qarooma ummata kanaa waan mirkaneessutu jira. Kanas mirkaneessuun kan danda'amuun garee fi ummata waliin yoo taane qofa. San booda ilaalcha walii galaa namoota garee irraa dhufanii fi ummata jidduutti ijaaruudha. Ilaalchi kuni iimaana jalqabbii dalagaa gaarii ta'a.

### 3:- Beekkumsaa Fi Dalagaan Walitti Dhihaachuu

Islaamummaa keessatti hubannoon ibaadaa (Rbbiin gabbaruu) wantoota ilmi namaa Rabbiin biraa mindaa gaarii argachuu fi Rabbitti dhihaatuu dalagaa filannoon isaatiin dalagan hunda akka of keessatti hammatu wal nama hin mormisiisu.

Kunis kan ta'uun murtiilee shari'aan rabbii amantaan Isalaamaa ittiin dhufe hunda dalagaa irra oolchuudha. Rabbitti dhihaachuuf dalagaa ittiin dhihaatan beekuu barbaachisa. Kunis fedhii lubbuu ykn qaamaa kan beekkumsatti hajamuu miti. Murtiilee fi shari'aa Rabbii beekanii dalagaa irra oolchuun beekkumsatti hajama. Kanaaf hayyoonni hedduun dalagaa fi beekkumsa walitti dhiheessu.

Erga dalagaa fi beekkumsi wal qabatanii ibaadaan (Rabbiin gabbaru) damee lama qabdi jechuudha. Innis dalagaa fi beekkumsa kanaaf walqabachuu qabani.Sababni isaas beekkumsi akka hundee yoo ta'uu dalagaan akka ijaarsaati. Akkuma ijaarsi hundee malee dhaabachuu hin dandeenne, hundeenis yoo ijaarsi hin jiraatin jiraatuu hin danda'u. Akkuma san dalagaa kamiyyuu beekkumsa malee, beekkumsi immoo dalagaa malee hiikkaa hin qabu. Akka dalagaan beekkumsa taate Nabiyyiin Rabbii (SAW) Hadiisa Anas Ibnu Maalik gabaase keessatti ibsanii jiru. Anas akkana jedhe: “Namtichi wahii gara ergama Rabbiitti dhufee akkana jedheen: yaa ergamaa Rabbii dalagaa kamtu irra gaariidhaa? Rabbii guddaa beekuudha jedhaniin, ammas irra deebi'ee yaa ergama Rabbii! dalagaa kamtu irra gaariidhaa? Rabbii guddaa beekuudha jedhaniin, yaa ergamaa Rabbii ani waan dalagaa si gaafadhaa, ati waan beekkumsaa natti himtaa? Jedheen, ergamaan Rabbii akkana jedhan, dalagaan xiqqoon kan fayyaddu beekkumsa waliin, dalaagaa hedduun wallaala waliin faayidaa hin qabdu.”

Beekkumsaa fi dalagaan walitti dhihaachuun iimaanaa fi Islaamummaan walitti dhihaachuun wal fakkaata. Iimanni sanyii beekkumsaati, Islaamummaan sanyii dalagaati. Kanaaf iimaanni

haqa dhageeffachuun dhugoomsuu fi raggaasisuun wal qabata. Kanaafuu Rabbiin iimaanaa fi dalagaa ibsa tokkoon ibse.

إِنَّمَا يَخْشَى ٱللَّهَ مِنْ عِبَادِهِ ٱلْعُلَمَٰٓؤُاْۗ ﴿٢٨﴾ سورة فاطر: 28

*Gabroota isaa irraa warroonni Rabbiin sodaatan beektota(hayyoota),Rabbiin injifataa fi araaramaadha.(Faaxir 28)*

إِنَّمَا ٱلْمُؤْمِنُونَ ٱلَّذِينَ إِذَا ذُكِرَ ٱللَّهُ وَجِلَتْ قُلُوبُهُمْ ﴿٢﴾ *سورة الأنفال: 2*

*Mu'imnitoonni isaannan yoo jechi Rabbii isaan biratti dubbatame onneen isaanii sodaattuudha. (Anfaal 2)*

Onneen isaanii sodaatte jechuun haqa dhogoomsuu fi raggasisuu keessatti rifatte jechu. Kunis hundee iimaanaati.

**4: Xiinxalaa Fi Sagantaalee**

Hariiroo xiinxalli iimaana, beekkumsaa fi dalagaa wajjiin qabu guduunfaan dubbii hubannoowwan sadeen kana keessatti xiinxalli hundee isaaniiti. Akkuma kanaan dura laalletti, beekkumsi akka hubannoo Qur'aanaatti beekkumsa wantootaa, beekkumsa amala gaarii fi beekkumsa aqiidaa of keessatti hammata. Xiinxalli immoo ilaalcha sadi of keessatti qabata. Isaanis: ilaalcha rageeffamaa wanta beekkamaa irraa gara wanta wallaalamaatti cee'uu, ilaalcha madaalli kan wantoota nama fayyadan qoratu fi ilaalcha xumuraa kan booddeen fi waan dubbiin itti deebitu qoratuudha.  Kana irraa ka'uudhaan walitti hidhannaa fi hariiroo jidduu beekkumsaa fi xiinxalaa jiru akka armaan gadiitti ibsuu ni dandeenna:-

A- Beekkumsi pirojektii ofii fiixaan baasuuf xiinxala barbaada, beekkumsi nama hin fayyanne pirojektii ta'uu hin danda'u, innis hanga xiinxala of keessatti hammatutti nama fayyaduu hin danda'u. Beekkumsa faayidaa qabu jedhamee kan yaamamu beekkuumsa xiinxalaan walitti makameedha.

B- Xiinxalli dhugummaa ofii mirkaneeffachuuf beekkumsa barbaada. Xiinxalli sirrii ta'uu kan danda'u yoo dhugaa ta'e qofa. Dhugaa ta'uu kan danda'u immoo yoo beekkumsa of keessatti hammate qofa. Wanti xiinxala sirrii jedhamee beekkamu kuni xiinxala beekkumsaan walitti makameedha.

Hariiroo xiinxalaa fi dalagaan qaban immoo hayyuun Raagib Al-Asfahaanii jedhaman tokko haasawa isaanii waa'ee qoodamiinsa Hojii yoo haasawan akka armaan gadiitti guuduunfanii nuuf kaayanii jiran. Akka isaaniitti hojiin dalagaa caala baldhaadha. Hojiin namaa gosa sadi qaba. Hojii lubbuu qofaa; innis xiinxalaa fi beekkumsa akkasuma dalagaalee onnee kan of keessatti hammatuudha.

Hojiin qaamaa kunis sochii ilmi namaa taasisu kan akka deemuu, dhaabachuu fi taa'uu of keessaa qaba. Hojii warshaa: kunis waan ilmi namaa hirmaannaa qaamaa fi lubbuu waliin taasiisuun ogummaa ofii fayyadamee warshaalee keessatti hojii taasisuudha. Wanti baratamaan xiinxalaa fi beekkumsi onneen ittiin dhaabattu akka ilmi namaa hojii qaamaa hojjatuuf kan qarqaaru yoo ta'u, hojiilee warshaa kan akka dalagaa ofii tolchuu, warshaalee nama fayyadan guddisuu fi akka haajaa namaatiin

waan jiruun isaanii barbaadduun taajajila namaa keennuu fa'a irrattis nama jajjabeessa.

Beekkumsi iimaana fireessa. Iimanni immoo dalagaa fi hojiin argisiifama. Namani beekkumsa Rabbi kenneef Qur'aanni kuni kitaaba dhugaa Raabbiin of biraa namaaf buuse ta'uu isaa yoo beeke, itti amanee isa irratti ragga'e, onneen isaa Rabbiin sodaattee tasgabboofti. Kanaaf Rabbiin warra isatti amane kana jiruu duniyaa fi aakiraattis karaa qajeela irratti isaan qajeelcha.

وَلِيَعْلَمَ ٱلَّذِينَ أُوتُوا۟ ٱلْعِلْمَ أَنَّهُ ٱلْحَقُّ مِن رَّبِّكَ فَيُؤْمِنُوا۟ بِهِۦ فَتُخْبِتَ لَهُۥ قُلُوبُهُمْ ۗ وَإِنَّ
ٱللَّهَ لَهَادِ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓا۟ إِلَىٰ صِرَٰطٍ مُّسْتَقِيمٍ ﴿٥٤﴾ سورة الحج : 54

*Ammas warroonni beekkumsa kennaman, dhugaa Rabbii kee irraa dhufe ta'uu isaa beekanii isatti amananii, onneen isaanii isatti tasgabbii argattuuf (kan taasise). Dhugamaan Rabbiin warroota isatti amanan karaa sirrii irratti qajeelchaadha.[Al hajji:54]*

### Afraffaa: Jecha "Xiinxala Islaamaa" Jedhu

Jechi xiinxala Islaamaa jedhu kun jecha haarawa yoo ta'u baay'inaan fayyadamuu kan jalqabame jaarraa $20^{\text{ffaa}}$ keessa. Kunis xiinxaltoonni Muslimaa xiinxala warra dhihaa irraa Muslimtoota keessa faca'ee jiru irraa ka'uudhaan yaada isaanii addaan baasuuf kan itti fayyadamaniidha. Qur'aana kabajamaa keessatti hubannoon xiinxalaa fi xiinxaluu jedhu duudhaa Islaamaa keessatti hubannoo turee fi yeroo dheeraa ta'us, duudhaa Islaamaa keessatti jechi kun hedduu hin beekkamu ture.

Wanta nuti guyyaa har’aa kana xiinxala Islaamaa jennee moggaafne kana seenaa Islamaa keessattii fi kitaabota yeroo sanii keessatti hayyoonni yeroo sanii jechoota akka barnootaa fi beekkumsaa jedhu fayyadamaa turani. Jechoonni kunniin jecha xiinxala Islamaa jedhu kana dura; kitaabota barreessuu fi maxxansuu keessatti hangafummaan kan dubbatamaniidha. Jechi fiqhii jedhu osoo barnoota damee tokko irratti hin moggaafaminiin dura amantaa Islaamaa keessatti jecha hubannoo jedhu kan bakka bu’uudha. Kanuma wajjiin hiriyyoota ergamaa Rabbii (SAW) keessaa namoonni damee barnoota garagaraatiin beekkaman heddutu jiru.

Hiriyyoota ergamaa Rabbii keessaa damee barnoota dhaala qooduutiin *(faraa’ida) sahaabii* Zeeyid Ibnu saabit jedhamutu qajeelatti beekama. Wanta dhoowwaa fi hayyamamaa *(halaalaa fi haraama)* nama Mu’aaz Ibni Jabal jedhamutu qajeelatti beekama fi kkf.

Jaarraalee darban hunda keessatti seenaan Islaamaa xiinxalliwwaan fakkeenya ta’an dameelee barnoota adda addaa keessaatti gumaacha guddaa godhee jira. Armaan gaditti akka fakkeenyaatti ilaaluuf yaalla.

- Jaarraa lammaffaa keessa xiinxalli diinagdee kan barreessan hayyuu Aljaahiz jedhamu.

- Akka lakkoofsa Hijraatti jaarraa sadaffaa keessaa xiinxala lubbuu kan barreessan hayyuu Haaris Al-Muhaasabii jedhamu.

- Jaarraa afraffaa keessa xiinxala barnootaa fi guddinaa kan barreessan hayyuu Qaabisii jedhamu.
- Jaarraa shanaffaa keessaa xiinxala siyaasaa kan barreessan hayyuu Maawurdii jedhamu.
- Jaarraa jahaffaa keessaa xiinxala barnootaa fi guddinaa kan barreessan hayyuu Zarnuujii jedhamu.
- Jaarraa torbaffaa keessa xiinxala seenaa kan barreessan hayyuu Ibnu Kalkaan jedhamu. Jaarraa saddeetaffaa keessaa xiinxala hawaasummaa fi ijaarsa namaa kan barreessan hayyuu Ibni Kulduun jedhamu.

Hayyoota Islaamaa tokko tokko biratti waa'ee xiinxala Islaamaa kana yoo haasawan gammachuun itti hin dhagahamu. Isaan barnoota Islaamaa jaarraalee shanan duraa keessa argaman irraa hedduminaan haasawuu barbaadu. Namoota sanniin keessaa barnoota jechuun barnoota amantaa Islaamaa isaan baratan qofa akka ta'e dubbatu. Barnootni biroo isa duubaan dhufan jedhanii amanu. Namoonni akkasii hedduun isaanii jecha xiinxala jedhu kana barnoota dhugaa sadarkaa isaa akka xiqqeessu dubbatan. Xiinxala Islaamaa falmii sammuu fi ilaalcha hubannoo irraa ka'uu irratti xiyyeeffatuun, Qur'aanaa fi Hadiisa laaffisuu fi kaayyoo isaanii fiixaan baasuu irraa dheessuu of keessaa qaba jedhanii amanu.

Namootni barnoota shari'aa baratamaa irratti xiyyeeffatanii dalagan waa'ee xiinxala Islaamaa kana irratti of eeggannoo guddaa taasisuu isaanii kana wajjiin fakkeenyonni barreessitootaa fi seenessitoota muslima ta'uu isaanii shakkii kan hin qabnee fi hundee jiruu isaanis kan Islaamummaa ta'e hirmaannaan isaan wal dhaansoo xiinxalaa fi shoorri isan dhimma Islaamaa ol

kaasuuf taasisan akkasuma beekkumsa, xiinxalaa fi dalagaalee adda addaa kan uuman dameelee barnoota gara garaa irraa dhufan.

Isaan keessaa beektota humna waraanaa, injiinaroota, ogeeyyii fayyaa, hayyoota dameelee barnoota fiiziksii, kemistirii, saanyiinsii xiin sammuu fi kkf of keessatti hammata. Dhugaa dubbachuudhaaf namoonni damee xiinxala Islaamaa keessatti hedduminaan beekkaman ykn of beeksisuuf yaalaa turan namoota gara biraa irraa xiinxala Islaamaatti seenaniidha. Damee kana keessa seenuudhaan wal dhabbii yeroo dheeraa fi humna guddaa gaafattu qabsiisan. Namoonni akkanaa kunniin irra hedduun gochi isaanii kun tattaaffii dogoggoraa irraa dhufe yoo ta'u, yaalii gaarii garuu beekkumsi isii irraa hir'atuudha. Gara biraatiin immoo dalagaa itti yaadamee fi dhara kaayyoon isaa rakkoo fi burjaaja'iinsi xiinxala hawaasa Muslimaa keessatti argamsiisuudha.

## Jahaffaa: Xiinxalaa Fi Gara Laafina

Ijaarsa xiinxalaa yoo jennu wal mormii xiinxalaa gogeessa kan miiraa fi gara laafina of keessaa hin qabne godhuu jechuu osoo hin taane amantii gara dalagaatti geeddaramu uumuu jechuudha. Xiinxalli bifa sammuu fi jiruu wal bira qabuudhaan boca amalootaa, yaadotaa, wantootaa fi namootaa waliin akkamitti akka dalagnu kan ibsu jechuudha. Yoo xiinxalli; adeemsa ilmi namaa mataa ofii beekuu fi wantoota naannoo isaanii jiran beekuu ta'e, miirri namaa bu'uura lubbuu ilma namaa ta'a. Miira namaa kana hubachuun barbaachisummaan isaa barbaachisummaa

barnootaa fi beekkumsaa kan murtiilee sirrii keennuf barbaannuu gadii miti.

Sila xiinxalli miiraa namaatti hin yaaddahu, xiinxalaa fi miira namaa adda baasuun ni danda'ama. Osoo ni danda'ama ta'ee xiinxala miira irraa addaan beesuun bu'aa wahii qabaa?

Xiinxala wahii bareeda ykn fokkataadha jette yeroo murteessitu, yoo xiinxalli tokko gaarii ykn badaadha jettee addaan baaftu, miirri kee xiinxala kana irratti maalidha ykn waa'ee xiinxala kanaa maaltuu sitti dhagahamaa gaafii jedhuuf waan deebii kennite hin fakkaatuu?

Bukaariin kitaaba isaa keessatti kan odeessan ergamaan Rabbii (S.A.W) akkana jedhan: *"Abbaan murtii tokko haala aaree jiruun namoota lama jiddutti murtii akka hin dabarsine*" Hadiisni ulfaataan kuni hubannoo hariiroo xiinxalaa fi gara laafinna jidduu jiru beekuuf bu'uura. Dhimmuma kana irratti Imaam Ahmadis jecha ergamaa Rabbii tokko odeessan. Jaalalli wanta tokkoo ijaa fi gurra namaa duucha.

Akka ilaalcha hayyuu Ahmad Badriitti haalli si'aa'Ina wantoota namoonni sadarkaa xiinxala irratti wal caalan keessaa isa tokko jedhu. Xiinxalli haala tasgabbii, boqonnaafi lubbuu barbaada. Akkasuma fayyaa qaamaa fi sammuus ni gaafata. Qorannooleen yaalii tokko tokko akka ibsanitti, xiyyeeffannaan sammuu fi rakkoo furuu sodaa fi tasgabbii dhabuun yoo dabale xiqqaachaa akka dhufu mirkaneessanii jiru.Bifa kanaan haalli lubbuu yeroo tokko tokko haala dhukkuba ifa galaa ta'e of keessatti

hammata.Namni sammuun tuqame dandeettiin yaaduu fi xiinxaluu irratti inni qabu hedduu xiqqaadha. Namoonni Rabbiin maraatumaan, isaan hube sammuu dubatti haftuu qabanii fi gara manguddummaatti deeman xiinxaluu fi yaaduu hin danda’an.

## BOQONNAA LAMA: IJAARSA XIINXALAA FI SADARKAA ISAA

**Seensa:**

Boqonnaa kana keessatti waa'ee ijaarsa xiinxalaa fi jechoota hammayyaa keessatti bakka bu'ummaa isaa dubbanna.Ijaarsi xiinxalaa dalagaa akka yaada tokkootti fiixa bahu, tartiiba walitti fufaa keessa kan taru, sadarkaalee adda addaa kan gahu, sadarkaalee isaa hunda keessatti namoota qarooma hammayyaatiin beekkamaniin kan hogganamuudha.Namoonni kunniin xiinxalaa, qaroomaa, beekaa, daa'ii, haaromsaa fi hayyuu falaasamaa fa'aadha. Hundi isaaniituu ijaarsa xiinxala mataa isaanii qaban.

Boqonnaa kana keessatti ammas wanti ilaallu ijaarsa xiinxalaa akka jijjiirama yeroo fi sochiilee bakkaatti kan ilaallu ta'a. Kunis ibsa garee, dhuunfaa fi ummataa of keessatti qabata. Kanaaf hariiroo warraaqsa xiinxalaa fi xiinxala warraaqsaa jidduu jiru ibsuuf yaalla. Ijaarama xiinxala sochiilee, manneen barnoota xiinxala isaanii fi garaagarummaa isaan jidduutti argamu baldhinaan boqonnaa kana keessatti dubbannee jirra.

Seenaa Islaamaa keessaatti namoonni jechoota akka beekkumsaa fi fiqhii heddumminaan kan fayyadaman argina. Kana irraa kan ka'e namoonni tokko tokko jechoota biraa kan akka xiinxala jedhu fayyadamuu dhiisanii jiru. Gatii jechoonni kunniin Kennaa dirree barnootaatti namni dhuunfaas ta'ee gareen; kennuu danda'u of keessatti waan hammataniif. Kanaaf wanti asitti mirkaneessuu barbaannu jechoonni kunniin akka wal

bakka bu’uu hin dandeenneedha. Akkaataa galumsa jechootatiin gatii isaa murteessuu danda’a. Jechoonni hundi gatii mataa isaanii akka galumsa isaaniitti kan qabanii fi bakka itti tolan qabu. Dogoggorri itti fayyadamiinsa jechoota kamiyyuu keessatti argamuu danda’a.

## Tokkoffaa: Ijaarsa Xiinxalaa

Ijaarsi xiixalaa jechoota lamaan furtuu dalagaa ilma namaa ta’aniidha. Jechoonni lamaanuu xumura. Isaan lamaanuu gara xumuraatii fi gara firii xumuraatti akeeku. Xiinxalli dhimma ijaaruun danda’amuudha. Ijaarsi dalagaa mata dureen isaa xiinxalaati. Dalagaan xiinxalaan dalagan; dalagaa kabajaa guddaa qabduudha. Xiinxalli guutumaan gara qaama namaatti hin seenu, akka abbummaan xiinxalaa nama kennu irraa gara nama fudhatuutti darbituuf, xiinxalli gara nama fudhatuutti yeroma tokko kan taruu miti. Xiinxalli kan dhufuun ijaarsa ilmi nama yeroo irraa gara yerootti ijaaruuni.

Hubannoo ijaarsaa waliin kan ta’an dalagaa karoora, dalagaa diizayinii fi dalagaa qindoominaati. Gama biraatiin faallaa kan ta’u walitti qabiinsa tartiiba hin qabnee fi rincicuudha. Hubannoo xiinxalaa waliin kan ta’an beekkumsa ga’aa, qarooma gaarii fi barnoota qajeelaadha. Gama biraatiin faallaa kanaa kan ta’u; beekkumsa malee nama akkeessuu, qajeelfama malee nama biraa hordofuu fi ilaalcha garii malee yaada kiyyatuu ta’a jedhanii ballaa ykn jaamaa ta’uudha. Namni xiinxala gaarii hin qabne dalagaan isaa hundi akkeessaa lubbuu irratti hundaa’a. Lubbuun inni jala deemee akkeessu tuni yookaa kan isaa taati yookaan immoo tan nama biraa taati.

Xiinxalli kan argamuun firii yaadaa fi xiinxalaatiini, dalagaan xiinxalaa dalagaa ilmi namaa beekees ta'ee osoo hin beekin sammuu ofii keessatti taasisuudha. Dalagaan ilmi namaa sammuu ofii keessatti taasisu tuni yaada, se'aa, hawwii, si'aa'Ina qaamaa fi sammuu of keessatti hammatti. Wantoonni kunniinis amala ykn hojii ilmi namaa qaama alaatiin taasisuun wal simatuun ykn immoo dursuun kan argamuudha. Xiinxalli tattaaffii ilmi namaa taasisu waan ta'eef sirrii ykn dogoggora ta'uu ni danda'a. kanaaf qulqullummaa tokko kennuufii hin dandeennu. Yoo xiinxalli kuni madda sirrii irraa fuudhame, sammuu fayyaa qabdu yoo fayyadame, haala uumamaa fi yerootiin yoo wal gite xiinxalli kuni yaada dogoggoraa irraa fagaatee gara yaada sirriitti dhiyaataa dhufa.

Hayyuun Maalik Badrii jedhamu barnoota xiin sammuu Islaamaa garaa garummaa xiinxalaa fi yaadaa akkanatti ibsan: yaadni sammuu namaa keessa seneen waa'ee karaa baratamee fi salphaa ta'een, dalagaa ta'uudha. Xiinxaluun sadarkaa hedduun yaada caala. Innis dalagaa itti yaaduudhaan dhugaa ilmi namaa barbaadu wahii bira gahuudhaaf tattaaffii godhamuudha. Kunis kan ta'uun dhimmicha hubachuun, onnee dalagsiisuun, ragaa barbaaduu fi isa xiinxaluun kan dhufuudha. Waan tare yaadachuun xiinxalaan walitti dhiyaata. Innis dhimma kanaan dura tare wahii sammuun deebistee yaadachuun rincica irraa fagaachuun waan tare irraa gorsaa fi ilaalchaa gaarii akka uumnu nuuf taasisa. Waan tare gadi fageenyaan ilaaluun immoo kana hunda bira taree gara dubbiin deemaa jirtu beekutti nama geessiti.

## Lammaffaa: Sadarkaa Ijaarsa Xiinxalaa

Hayyuun Maalik Badrii jedhamu damee xiinxalaa duudhaa Islaamaa keessatti gadi fageenyaan erga qoratee booda hariiroo ilmi namaa Rabbii guddaa waliin qabu ilaalee jira.Qorannoo kana irraa ka'uudhaan xiinxalli ilma namaa sadarkaalee afur keessa akka darbuu danda'u ibsee jira. Namoota Muslimaa fi namootni amantaa biraa sadarkaa jalqabaa fi lammaaffaa keessatti wal fakkaatu. Yeroo namni Muslimaa sadarkaa sadaffaatti darbu, namni kuun gara sadarkaa afraffaatti darba. Maalik Badrii sadarkaalee tokkoo hanga sadihiitti jiraniif maqaa murtaawaa hin kennineef. Garuu sadarkaa afraffaa sadarkaa ragaa jedhee moggaase. Gabateen armaan gadii sadarkaalee kanaa fi wantoota isaan irratti qajeelchan ibsa.

Tartiiba xiinxalaa akka Maalik Badriitti

| Sadarkaa xiinxalaa | Waan sadarkaa hundaa adda taasisu |
|---|---|
| Afraffaa: raga | Haala jiruu namni sadarkaa kana irra gahe abdachuu, yaadachuu fi jalaala kan qabu ta'a. miira warra ol-aanoo waliin jiraachuutu itti dhagahama |

| | |
|---|---|
| Sadaffaa: iimaana | Miira bareedinni uumaa namatti dhagahamuu irraa gara qaama bareedina kana uume abuuruu, guddinaa fi kabajaa isaaf kennu. |
| Lammaffaa: dhandhama jiruu | Addunyaa tana hubannoo dadhabaa irraa gara hubannoo cimaa bareedina fi miidhagina addunyaa kana ibsuutti darbuudha. |
| Tokkoffaa: hubannoo diinagdee | Hubannoo qabatamaa ykn beekkumasa yeroo fi xiinxala hiikkaawwan waan mul'atanii ibsuu. |

Hayyuun Maalik Ibnu Nabiyyi jedhamu yeroo ijaarama qaroomaa irraa dubbatu yaadaa bareedaa garaagarummaa ijaarsaa fi tuulama waan tokkoo akkamitti akka addaan baasuun danda'u lafa kaayee jira. Biyyoonni Islaamaa jaarraalee dheeraaf seenaadhaan ala ta'uu yoo ibsu garuu xumura jaarraa 19ffaa fi jalqaba jaaraa 20ffaa keessa sagalee jijjiirama fi guddinaa qaroomaa jedhu dhageennaan dammaqinaan ka'ee jira. Garuu tattaaffiin inni taasisu suni qarooma nama biraa irraa akkuma jirutti garagalfata godhuu qofa irratti gabaabatte. Dhugaa dubbachuudhaaf qaroomni oomisha qabatamaa yaadaa, hafuura,

xiinxalaa meeshaa fi tartiiba mataa isaa qabu waan ta'eef guragurachuus ta'ee ergifachuun hin danda'amu.

Qaroomni wanti adda isa godhuu hawaasa qarooma kana ijaare bakka bu'uudha. Hawaasni oomisha yaadaa, xiinxalaa fi hafuura hawaasa biraa irraa garagalcha godhatu maalumma qarooma isaa dhabuudhaan hawaasa qarooma kana irraa garagalfateef babaldhina isaanii ta'a. Hawaasni oomisha qarooma nama biraa yaadaa fi xiinxala tokko malee garagafatanii akkuma jirutti fudhatan akka waan qaama lubbuu hin qabne walitti tuulanii fi Wantoota lubbu dhabbeeyyii xiinxala tokko malee walitti qabaniidha.

Akka ilaalcha Maalik Ibni Nabiyyitti hawaasa hunda keessatti qaroomni oomisha isaa ofiif uumata, akkasuma qaroomuma santuu xiinxalaa fi hafuura mataa isaa dhala. Akka ilaalcha hayyuu kanaatti biyyoonni Islaamaa qarooma mataa isaanii ijaarachuu wanti dadhabbaniif oomisha qarooma hawaasa biraa walitti qabuu irratti waan xiyyeeffataniif.

Akka ilaalcha hayyuu kanaatti ijaarsi qaroomaa kan uumamu yoo wantoonni sadi waliin si'aa'aniidha.

- Nama:- humna xiinxalaa fi waan haarawaa uumuu bakka bu'a.
- Dachee:- dandeettii qabeenyaa fi diinagdee bakka bu'a.
- Yeroo:- guddinni muuxannoo fi dagaagina bilchinaa kan keessatti raawwatuudha.

Wantoonni sadeen armaan olitti dubbanne kunniin kan waliin si'aa'uu danda'an yoo amantaatti qarqaarsifatan qofa.

Amantaanis dandeetti gara laafinaa fi humna jireenyaa of keessaa qaba.

Nama + dachee + yeroo humna hafuuraa qarooma
(Qabeenya namaa) (Qabeenya diinagdee)

***Qabiyyee ijaarama qaroomaa Maalik Ibnu Nabiyyi biratti***

Addunyaa xiinxalaa keessatti, wantoonni hedduun waan wal gitan fakkaatanis xiinxalli hundi wal fakkaata jechuu miti. Karaan xiinxalaa fi sadarkaan beekkumsaa moggaasa tokko qaba jechuu miti. Sababni isaas namoonni bifa xiinxala fi amaloota addaa addaa waan qabaniifi. Gabateen armaan gadii dhimma kana qajeelatti ibsa.

| Qoodamiinsa | Ibsa |
|---|---|
| Ogeessaa damee barnoota tokko | Nama damee barnoota tokko keessatti leenji'u yoo ta'u inni barnoota saayinsii hawaasaa ykn damee saayinsii hawaasa amantii ta'uu ni danda'a. |
| Beekaa | Nama ogummaa isaa keessatti gadi fageenyaan dalaguun waan haarawa argatee ogummaa ofiitiif dabaltii ta'uun rakkoo ogeeyyii damee inni keessa jiru kana jidduu jiru furuudha. |

| | |
|---|---|
| Aktiivistii | Nama ogummaa murtaawaa qabu wahii ykn kan hin qabnees ta'uu ni danda'a. wanti walii galaa kan isa yaachisu ogummaa, afaan ykn siyaasaa ta'uu ni danda'a. kanas kan argatuun tattaaffii mataa isaatiin inni taasisee of ijaaruuf jecha gara dubbisuutii fi mariitiin kan walitti qabateedha jechuu ni dandeenna. |
| Nama da'awaa godhu | Nama xiinxala beekumsaa fi yaada qabuudha. Kunis namoota biraa irratti akka dhiibbaa taasisuun haala, amalaa fi xiinxala murtaawaa tokko irraa gara isaa biraa inni sirriidha jedhee amanuutti kan nama waamuudha. |
| Haaromsaa | Nama ilaalcha murtaawaa wahii fayyadamee haala qabatama yeroo geeddaruudhaan rakkoolee walii gala kan akka rakkoo qabeenyaa, aadaa fi hawaasummaa furuu danda'uudha. |
| Falaasamaa hayyummaa | Kana kan adda isa godhu haala hawaasaa, adduunyaa fi xiinxalloota jiran miira falmiitiin ilaaluudhaan hanqinoota jiran kan ibsuudha. Ilaalcha, hubannoowwanii fi yaada haaromsaa gadi fageenya, aantummaa fi wal qabataa ta'ee uumuu nama danda'uudha. |

Akka amma ifa nuuf galetti xiinxalli qabiyyee cimaa haala nama nuti xiinxalaa jennee moggaafnuu san waan ibsuudha. Kana waliinuu qabiyyeeleen kunniin sadarkaalee garagaraa irratti hedduun kan wal fakkaatan ni jiru. Beekaan, aktiivistii, hayyuu falaasama fi kkf jidduutti jechuudha.

Garuu qabiyyeeleen kunniin namoota armaan olitti dubbanne kana hunda birattuu dhaabbataa fi qajeelatti ifa gala kan ta'aniidha. Kana irraa kaatee ijaarama xiinxala namoota kanniinii beekuun ni danda'ama. Akkasuma namoota armaan olitti dubbannee kanneen durummaa xiinxalaa fi amala isaanii salphamatti beekuun ni danda'ama. Fakkeenya sadarkaalee fi gosoota xiinxalaa aktiivistoota adda addaa fi hayyoota jidduu durummaa xiinxalaa jiruu wal madaalchisuun ni danda'ama.

### Sadaffaa: Marii Barnootaa Fi Xiinxalaa

Bakka kanatti haasofni keenna yoo xiinxala irraa ta'u, namoota kitaaba kana dubbisaniif wanti sammuu isaanii irra akka dhufu hin barbaanne, dhimma xiixalaa irraa ol of fuudhuun, xiinxala ilmi namaa qabu guddisuu fi bifa addaa kennuufi kan jedhudha. Haasofni keenna asitti waan xiinxala ilma namaa yoo ta'u, xiinxalli ilma namaa yaada dogoggoraa fi sirrii akka of keessaa qabu hubachuu qabna. Ammas wanti nu hawwwinu xiinxila sirrii ta'e akka sona Islaamaatti fudhachuu qabna. Xiinxala irraa wanti sirrii ta'e innuu mataa ofiitiin dhugaa waan ta'eef sirriidha. kunis damee xiinxala Islaamaa keessatti waan amantii irraa beekkamaa ta'een wal simachuu qaba. Sababni isaas hubannoo sirrii waan ta'eef, sadarkaa isaatti gadi fageenya waan qabuu fi faayda qabeessa waan ta'eefi.

Amma wanti hawwinu haasofni keenna kan xiinxala irraa taasifnu kuni haasawa barnootaa irraa dheessuuf akka hin taane hubatamuu qaba. Barattoonni tokko tokko keessumaayyuu barattoonni barnoota shari’aa baratan jecha barnoota jedhamu kana fayyadamuu jaalatu. Dameelee barnootaa beekkamoo fi duudhaalee Islaamaa kan akka barnoota Hadiisaa Jechuma kana fayyadamanii bu’aa barnootaa fi hayyootaa; akkasuma barnootatti nama kakaasuu kan ibsataniin jechuma kana fayyadamuun.

Barattoonni barnoota shari’aa tokko tokko barsiisota isaanii fi kitaabota isaanii irraa damee barnootaa tokko tokkoof aantummaa kennu. Fakkeenyaaf akka ilaalcha isaaniitti barnoonni irra kabajamaan barnoota fiqhiiti ykn Hadiisaati ykn tafsiiraati jedhanii yaaduu ni danda’u. Ta’uu kan qabu barnoonni kabajamaan barnoota kayyoo isa barataniif fiixaan baasuudha. Kayyoolee sanniin keessaa hariiroo Rabbiin waliin cimsuu fi uumamtoota hunda fayyaduudha. Kabajaan barnootaa kan dabaluun fedhiin isa barachuu yoo jiraatee fi barnoota sanitti hajamuun yoo barbaachiseedha.

Hayyoonni, xiinxaltootaa fi akitiivistoonni tokko tokko akka jedhanitti dameeleen barnoota shari’aas ta’ee saayinsiin uumamaa akka mana hidhaa dhiphaa waan ta’aniif dameelee barnootaa kanaa fi baldhinna isaatti hin fayyadaman jedhanii amanu. Bifa kanaan namoota keessa isaaniitti xiinxala meeqa qaban hoongeessuutu dhufa. Tariitii hayyoonni kunniin dhimma hawaasaatti yaaddahuun tattaaffii jijjiiramaa fi haaromsaa yeroo ammaa keessatti hirmannaa kan qaban ta’uu danda’u. wantoota

amma jenne kana keessa dhuganis jiratu, maqaa hayyoota barnoota isaanii keessatti beekkamoo ta'anii fi sadarkaan xiinxalla isaaniis guddaa ta'e dagachuu hin qabnu.

Wanti nuti asitti mirkaneessuu barbaannu, xiinxalaa fi barnoota wal madaalchisuun tokkotuu tokko caala jechuuf deemaa hin jirru. Bifuma wal fakkaatuun xiinxalaaf da'awaa, aadaa fi falasama dura bakka isaa kennuuf deemaa hin jirru. Kanaaf wanti jechuu dandeennu barnoonni xiinxala, aadaan xiinxala, falaasamni xiinxala kunniin hunduu xiinxala ilma namaa irraa kan burqaniidha. Hundi isaaniituu firii xiinxala ilma namaati. Garuu xiinxala sadarkaa adda addaatii fi ibsa adda addaa qabaniidha. Hundi isaaniituu sirrii ta'uu waan danda'aniif akka xiinxala Islaamaatti fudhannee itti fayyadamuu qabna. Wanti jechoota namoota tokko tokkoo kan xiinxala jechuun barnoota jechuudha, aadaa jechuun barnoota jechuudha, akkasuma falaasafama jechuun barnoota jechuudha jedhan akka hin fudhanne nu taasisu hin jiru. Dhimma kana ilaalchisee Aliyyi Abiixaalib Rabbiin isa irraa haa jaalatuu akkana jedhe: "Barnoonni akka waa xiixaluu hin jiru, kabajaan akka barnootaa hin jiru."

Xiinxalaa fi barnoota hangam imaammata qaban jedhanii wal madaalchisuun hedduu nama hin fayyadu. Sababni isaas imaammata yeroo tokko tokko maqamaaf kaayama malee itti hin hojjatamu. Imaammata karaa dhugaatti nama qajeelchu ta'uu akkuma danda'u karaa badiittis nama qajeelchuu ni danda'a. Xiinxalaa fi barnoota addaan baasuu keessatti ragaan isaan dhiheeffatan irratti hundaahuun hedduu faaydaa hin qabu.

Sababuma wal fakkaataa ta'een jechuun ragaan barnoota ykn xiinxala deeggaru cimaa fi ifa galaa ta'uu ni danda'a. Akkasuma si'aa faayidaa hin qabnee fi xiinxalas ta'ee barnoota kan deeggaruu hin dandeenne ta'uu ni danda'a.

Kitaabonni lamaan maqaan isaanii *xiinxala jidduu beekkumsaa fi taaayiitaatti fi xiinxala kee gurguradhu* jedhu keessatti waa'een xiinxalaa heddumniaan dubbatamee jira. Garuu kaayyoon lamaaniituu gara gara. Dr Ali Ibraahim barsiisaa univaristii Imaamu muhaammad Su'uud kan Riyaaditti argamutti barsiisaadha. Ogeessa mana kitaabaa fi odeeffannoo. Dr Abdallah Saalim namani jedhamu immoo magaala Riyaaditti hayyuu fi leenjisaa waa'ee bulchiinsaa fi guddisa ijoollee yoo ta'an ogeessa bulchiinsa diinagdee fi miidiyaati.

Kitaabni duraa barreeffamoota gaazexaa guyyaa irraa walitti qabanii yaadaan walitti hidhamaniidha. Kanaaf mata duree jara waliitti fiduun ibsamuuf yaalame. Kitaabni lammaffaa akkataan adeemsa fi qabiyyee isaa keessatti wal qabataadha. Kayyoon inni qophaayeef immoo namoota leenjisuufi.

Kitaabonni lamaanuu waa'ee xiinxalaa gadi fageenyaan haasawan. Garuu lamaan isaatu xiinxaa murtaawaa wahii irratti xiyyeeffatanii jiran. Yaadni xiinxala kanaa salphamaan jecha tokko ykn lamaan kallattiidhaan kan ibsamanii miti. Kanaaf yaadni kitaaba kanniin lamaanii kallattii biratii walitti galuutu mala. Duubisaan kitaaba lamaanii yaada xiinxala kitaaba lamaan keessa jiru bifa isaa galuun fudhachuu ni danda'a. kunis

dirqamaan yaada nama kitaaba kana barreesseetii walitti galuu qaba jechuu miti.

### Afraffaa: Sochii Xiinxalaa Fi Xiinxala Sochii

Ijaaramani xiinxalaa nama dhuunfaa biratti ta'u haala sammuu fi jiruu nama sanii irraa adda ta'ee hin ijaaramu. Wantoota heddutu gara sirrii ykn dogoggoraatiin ijaarma xiinxala kana keessatti hirmaatu. Namoonni tokko tokko wantoota akkanaa kanaan hedduu hubamu. Hubaatiin kuni kan isaan dhaqqabu Sadarkaalee guddinaa murtaawoo ta'an keessatti. Xiinxalaan nama daandeettii xiinxala waan murtaawaa tokkoo qabuudha. Kanaaf waliin dhalachuu hin danda'u. Garuu akkuma nama kamiyyuu waan tokko hin beeyneetti jalqaba. Tariitii namni kuni sadarkaa guddinaa fi ijaaramaa sammuu isaa keessatti wantoota barbaachisoo ta'an hundaan hubamuutuu mala.

Yeroo kanatti namni tokko miira amantaa, garee fi sochii wahii deeggaruu beekees ykn osoo hin beekin fudhachaa dhufa. Yeroon booda miirri kuni gara dhugaa fi xiinxalaatti geeddaramuun yeroo tokko tokko humnaan nama deeggarsiisuuf yaaliin taasifama. Sababa kanaaf ragaa fi ibsoonni adda addaa dhiyaatu. Yeroo tokko tokko immoo naannoon namni dhuunfaa keessa jiraatu tokko gara sirrii hin taaneen akka hubamuu fi deebii faalla wanta kanaa akka uumamu taasifti. Kunis namni tokko naannoo isaa keessatti xiinxala murtaawaa wahii irraa jibbaan yoo dhalatu, jibbaa kana diiguu fi irraa of qulqulleessuuf halkanii guyyaa dalaga.

Shakkii tokko malee guddisni maatii, manni barnootaa, muuxannoon jiruu, carraan manneen xiinxalaa ykn sochiilee xiinxalaa deeggaruuf namani godhu, guddiinaa fi ijaarama xiinxalaa keessatti argatu bifa wal fakaataan ta'uu hin danda'u. Sababa kanaaf hariiroo sochii fi xiinxalaa jidduu jiru hubachuun, ijaarama isaanii irratti waan jarri walitti qabanii fi dalagaa isaanii keessatti hangam akka walitti si'aa'an beekuun barbaachisaadha.

Jalqabuma irratti sochiin xiinxala hin qabne akka jiru murteessuun hedduu nama rakkisa. Garuu gaafiin asitti ka'u gosati xiinxala sochiin tokko qabaachuu danda'u kan akkamiitii, Akkasuma xiinxallitoota akkamitti sochiin tokko ofitti dabaluu danda'aa, gatiin xiinxalaa tattaaffii isaanii keessattii maliidhaa? Sagantaan isaan xiinxala guddusuu, baldhisuu fi haaromsuuf qaban malii? Kan jedhuudha. Xiinxala jechuun sochii sammuuti jechuu kan dandeennuyyuu yeroo sammuun nama xiinxaluu xiinxala isaa keessatti waan haarawa uumuu danda'eedha. Bifa kanaan xiinxalaa fi sochiin hubannoo lamaan wal qabatanii fi addaan hin baane ta'anii argamu.

Asitti wanti sammuu keenya keessa dhufuu danda'u sochiileen wahii xiinxala isaanii erga uumanii booda namoota xiinxala kana sochoosuu fi baadhatu dhabuudhaan kan badan jiraachuu isaaniiti. Haala kanaan xiinxalli kuni gatii tokkos hin qabu. Barbaachisummaa xiinxalaa kan dabalu yoon nama isaan socho'u argatee fi dhiibbaa godhuudhaan jijjiirama barbaachisu yoo argamsiiseedha.

Sochiilee hammayyaa kan siyaasaas ta’ee, kan hawaasummaa, kan xiinxalaa fi sochiilee waraanaa hedduu irra deebinee osoo qorannnee wanti nuti arginu jechi sochii jedhu kuni dhimma yeroo sanitti argame jijjiiruuf kan itti fayyadaman ta’uu isaati. Kanaaf hubannoon garee fi qindoominni murtaawaan wahii dhimma yeroo murtaawaa ta’e jijjiiruuf tattaafatu sochii jedhamee akka moggafamu hubanna. Gareeleen sochii kana gaggeessaan Jijjiirama barbaadame fiduudhaaf maloota adda addaa fayyadamu.

Amantiin Islaamaa yeroo Rabbi biraa bu’utti sochii ture, dhimmi biyyaa fi hawaasa Muslimaa bifa hubannoo fi dalagaa murtaawaa irratti akkuma tasgabbaaheen sochiileen mormii adda addaa hundeeffamanii jiru. Keessumaayyuu xumura mootummaa Usmaan Ibnu Affaan (rabbiin isa irraa haa jaalatuu) irratti namoonni tokko tokko hubannoo sochiileen tunniin fidan akka qabatanii hubannoo kanaan dura baratamaa ta’e akka dhiisaniif waamicha dabarsanii jiru. Fincila mormii kana fiixaan baasuuf jecha humna fayyadamanii yaalii taasisanii turan.

Qorannooleen hedduun biyyoota Islaamaa keessatti haala hundeeffamaa fi guddina sochiilee Islaamaa ibsanii jiru. Qorannooleen tunniin sochiilee fi xiinxala sochiilee kanniinii irraa dubbatanii jiru. San keessaa kan gaazexaan "muslima hammayyaa" jedhu bara 2001 barreesseedha. Asi irratti jecha sochii xiinxalaa fi xiinxala sochii jedhu qofa irratti kan xiyyeeffannu yoo ta’u barreessitoota tokko tokko kan jechoota kanneen fayyadaman kan akka Xaahaa Jaabirii fi Ahmad Reesuuniis xiqqoo itti akeekna.

Xaahaa Jaabir tariitii jechoota kanneen yoo fayyadamu yeroo hedduu waan sammuun namaa dafee yaaduun ala. Akeekni gabaabduun inni irratti xiyyeeffate abbaan kitaabichaa sochii hawaasaa jedhee moggaasee jira. Qindoomina xiinxala Islaama hammayyaa fi bakka bu’aa isaa jedhu sochoosuuf tattaaffii barbaachisu godhuudha. Kayyoon inni guddaan sochii xiinxalaa hawaasni barbaaduu fi hin qabneen hawaasa deeggaruudha. Dr Xaahaan xiinxala sochiileen Islaamaa deeggaran hedduu isa hin yaachisu. Kan isa yaachisu xiinxala hawaasaa fi socbhiilee hawaasni xiinxala kana wajjiin qabu yoo ta'u. Kana booda sochiilee xiinxalaa dirree Islaamaa irratti kan jedhuudha.

Dr Ahmad Reesuuniin barreeffama isaa gabaabaa mata duree sochiilee Islaamummaa, "xiinxala sochii fi sochii xiinxalaa keessatti" jedhu jalatti dubbatee jira. Akka ilaalcha Reesuuniitti hundeeffamni sochiilee Islaamaa dhimma siyaasaa irratti xiyyeeffatuun dadhabina beektota, xiinxaltoota fi qorattoota qopheessuu fi horchuu dhalee jira. Hayyoonni sochiilee sanniin keessatti uumaman tasuma kan ta’e malee itti yaadamee kan uumamee miti. Xiinxalli sochii wahii keessatti uumame xiinxala sochii sanii waan ta’eef tajaajila sochii sanii fi waan sochii saniif barbaachisuuf oola. Akkasuma kaayyoo, ijannoo, ajaja, filannoo fi bu’aa sochii sanii waan faallessan hunda ni morma. Kanaaf kanatu xiinxala sochiiti. Dhugaa dubbachuudhaaf afaan salphaadhaan yoo ibsine xiinxala paartii siyaasaa ykn ilaalcha paartii ta’a. Sababa kanaaf xiinxalli sochii kuni sochiilee Islaamummaa keessattis ta’ee naannoo isaa warroota jiraniin jijjiiramaa fi geeddarama yeroo waliin wal gituu hin dandeenne.

Reesuuniin haala hundeeffama sochiilee Islaamaa bifa warraaqsa bilisummaaf taasifamuun kan hubatu yoo ta'e, wanti guddaan isaan barbaachisu xiinxala wal dhaansoo seera qabeessaa fi karaa filannoo isaaniiti. Akka inni jedhutti sochiileen Islaamaa yeroo ammaa kana jiran kan ta'uu qaban jaarmayaa fi hawaasa isaanii keessatti sochiilee haaromsaa fi tattaaffii adda addaa godhuu qabu. Kanaaf wanti asitti akkaan barbaachisaa ta'u xiinxalaa bilisaa fi wanta haarawa uumuu danda'u qabu. Sochiileen Islaamaa sochii xiinxalaa deeggaruu fi guddisuudhan xiinxala sochii jalaa baasuu danda'uu qabu.

**Shanaffaa: - mana barnoota xiinxalaa**

Walakkaa jaarraa 20ffaa booda namootni hedduun waa'ee xiinxala Islaamaatti yaaddahan argamaa dhufanii jiru. Tokko tokkoon isaanii paartii, warraaqsaa fi qindoomina siyaasa Islaamaa keessa kan jiran yoo ta'uu, gariin isaanii immoo dhimma xiinxala Islaamaa kana kan laalaniin kallaattii mormiitiin. Kallattiin kunis Xiinxalla baratamaa duudhaadhaan dhufe ykn haaromsa ammayaatiin wal qabatu yoo ta'u, xiinxala Islaamaa kana irraa of bilisoomsuudhaaf adeemsa fi karaalee haaromsa warra dhihaa deemuudhaani jedhanii yaadu. Gara biraatiin karaalee fi adeemsa warra dhihaa haaromsa booda dhufanis warroonni hordofan ni jiru. Dalagaaleen mormii xiinxala Islaamaa tuni karaa ifa galaa fi beekkamaan yoo ta'u, tokko tokko immoo dhokasaadhaan lafa jala kan deemuudha.

Yoo nama dhuunfaa tokko biratti haasofni keenna waan xiinxalaa ta'u; akkana jechuu ni dandeenna, nama dhuufaa kam birattuu ijaarsa xiinxala murtaawaa wahiituu jira inniyyuu

xiixalaadha. Garuu ijaarsi xiinxalaa bifa garee namootaa ijaarsa xiinxalaa tokko irratti walii galan ta’uu danda’a ykn namoota mana barnoota xiinxalaa tokko deeggaran ta’uu danda’u. manni barnoota xiinxalaa kuni walda’a haaromsaa, sochii amantii, paartii siyaasaa, garee barnoota murtaawaa tokko keessatti namoota waliin baratanii fi warraaqsa xiinxalaa baldhaa hawaasa baldhaa of keessatti xiinxala isaatiin hammatu ta’uu danda’a.

Hordoftoota mana barnoota xiinxalaa tokko hordofan biratti wanti hedduminaan mul’atu, ilaalchi dhimma tokkoo qabanii fi akka isaan dalagaa xiinxalaa itti raawwatan adeemsa murtaawaa ta’e qofa irratti. Qorannoo fi amala gaarii uumuufis adeemsuma kana fayyadaman. Dubbiin kuni manneen barnoota suufiyyaa, salafiyyaa fi falasamaa keessatti hedduminaan argama. Adeemsi ilaalcha manneen barnoota xiinxalaa kanneen ittiin addaan baasanii beekuun danda’amuun damee barnoota fiqhii jedhamu irratti kan hudaa’eedha.

Fakkeenya manneen barnoota xiinxalaa yoo laalle: garee obboleeyyan Islaamaa, paartii bilisummaa Islaamaa, mana barumsa falsamaa Firaankifoorti, mana barumsa diinagdee Chiikagoo, mana barumsa Veennaa, mana barumsa barnoota Islaamessuu fi mana barumsa Salafiyyaati.

Yeroo hedduu mana barumsa xiinxalaa isa kaan irra adda bahee kan beekkamuun hayyoota hedduu kitaabotaa fi barreeffamoota isaaniitti namoonni deebi’anii adeemsa mana barumsa xiinxala kanaa ibsu qabaachuu isaaniitiini. Manneen barnoota xiinxalaa kuni yaadota, hawwiilee fi abdiilee gara fuul duraatti dhugoomsuu barbaadan hedduudhaan wal fakkeenya

guddaa qaban. Kunis wal qarqaaruu fi wal wajjiin hojjachuu manneen barnootaa kana gaafata. Manneen barnoota xiinxalaa kanneen ammas kan adda taasisu waldaa ogummaa ykn barnootaa sagantaalee koonfaransii, kora marii fi leenjiiwwaan ijaarsaa yeroo adda addaatti saganteessanii qopheessan hedduu of keessatti hammachuu isaaniiti.

Ijaarsi xiinxalaa mana barumsa xiinxalaa tokko keessatti walitti dhufeenya ykn tuuta xiinxalaa, hawwii, miiraa fi amantii ilaalcha nama dhuunfaa tokko bocuun, akka inni hawaasa isaa, seenaa hawaasa isaa kan ammaa fi egeree, haala yeroo addunyaan keessa jirtu fi seenaa addunyaa kana bocuu danda'u godhuudha. Akkasuma namni dhuunfaa kuni adeemsa jijjiiramaaf barbaachisuu fi haaromsa qabatamaa rakkoo hawaasa isaa furuu danda'u uumuudha. [1] Miseensonni mana barnoota xiinxala tokkoo yaadaa fi hawwii armaan olitti dubbanne kana fiixaan baasuu fi dhugoomsuu keessatti wal fakkaatu.

Yoo dhugaa dubbanne mana barnoota xiinxala tokko keessatti yaadaa fi hawwiin nama dhuunfaa guutumaan guututti wal fakkaachuu qaba jechuun hin danda'amu, Kunis sababa uumaa namoota dhuunfaa jidduu jiruu fi dandeettii adda addaa qabaachuu isaaniiti. Garuu wanti irratti walii galan akka garee mana barnoota xiinxala tokkootti nama dhuunfaa garee isaanii keessa hin jirre ykn garee mana barnoota xiinxala biraa irraa adda ta'uu isaaniiti.

---

[1] Hiikkaan armaan olitti keenname kuni hiikkaa walii galaa osoo hin taanee yaada hubannoo ijaarama xiinxalaa ittiin ibsuuf gargaaramnu ta'uu beekkamuu qaba. Kunis wantoota lama ijaarasa xiinxalaa keessa jiran addaan baasuuf isaanis: qayyabannoo amantii fi qayyabannoo si'aa'inaati.

# BOQONNAA SADAFFAA:
# IJAARSA XIINXALAA HAWAASAA FI UMMATAAF

**Seensa:**

Maalummaan xiinxalaa; ibsa garee kamiitiyyuu ta'uu danda'a. Gareen kuni xiqqaa ykn guddaa ta'uu ni danda'a. Ibsi kuni xiinxalloota gareen tokko hordofuu fi karaa isaan ittiin xiinxalan nuuf ibsa. Sana booda ijaarsa xiinxalaa qindoomina aqiidaa, sonaa fi amala murtaawaa qabutu uumama. Ijaarsi kuni maddoota gara garaa irraa uumaman. San keessaa duudhaa seenaa, haala guddinaa, fi barnoota hawaasummaa, ykn qarooma dirqii sirni siyaasaa gaggeessu fi wantoota biroo kan of keessatti qabate irraa dhufuu ni danda'a.

Boqonnaa kana keessatti wantoota maalummaa xiinxala nama dhuunfaa fi hawaasa biratti akka uumamaniif gahee taphatan ilaalla. Akkasuma gahee namni dhuunfaa fi hayyoonni xiinxala haarawa uumuu keessatti qabanis ni ilaalla. Bifuma wal fakaatuun gahee haalli dhaabbilee xiinxalla hammachuu, tiiksuu fi dabarsanii kennuu qabeenya xiinxalaa hawaasaa fi ummataaf uumuu keessatti maal akka fakkatus yoo ilaallu damee xiinxalaa kana irratti shoora ummanni Muslimaa qabus gadi fageenyaan mari'anna.

## Tokkoffaa: Maalummaa Xiinxalaa

Akkuma beekkamu hawaasni tokko maalummaa xiinxala, aadaa isaa eeggachuuf yeroo hedduu, tooftaa fi wantoota gara garaa fayyadamee tiiyfata; isaan keessaa akka armaan gadiitti laaluuf yaalla:-

- Sagantaa guddisaa fi barnoota maatii kan isa keessatti namni kamiiyyuu afaan haadha isaa, aadaa fi sonoota hawaasummaa hedduu irraa argatu.

- Sagantaa barnoota walii galaa kan isa keessatti namni tokko bu'uura barnootaa fi beekkumsa biyya isaa baratuudha. Isaan keessa: seenaa biyyaa isaa, ji'oogiraafii biyyaa, sirnoota biyya isaa bulchaa turan, mirgaa fi dirqama namoonni dhuunfaas ta'ee hawaasni ittiin dhaabachuu qabu kan keessatti beekuudha.


- Dhaabbilee hawaasummaa mootummaa fi miti mootummaa; dameelee siyaasaa, aadaa fi hawaasummaatti yaaddawan yoo ta'an garuu maalummaa biyyaa ijaaruu keessatti hirmannaa ol'aanaa qaban. Dhaabbilee kanneen keessaa akka fakkeenyaatti kan ilaallu: paartiilee siyaasaa, gamtaawwan ogummaalee adda addaa, qindoomina dargaggoo fi ispoortii fi kkf kaasuun ni danda'ama.

- Seeraa fi heera namni tokko hordofuu qabu, kunis haala waliin jireenya hawaasaa eeguun bu'aa isaanii mirkaneessuu fi yoo namni tokko seeraa fi heera kan hin kabajin ta'ee adabbii namni dhuunfaa kuni adabamuu qabuu fi kan hin qabne of keessatti hammata.

Tooftaalee fi maloonni kunnin lubbuu namoota dhuunfaa fi sammuu isaanii akkasuma gosa amaloota isaan qabanii bocuu keessatti wal fakkaatu. Kunis maalummaa nama tokkoo addaan baasuu fi garee kam akka inni hordofu murteessuuf nu qarqaara. Hawaasa tokkoof xiinxala ijaaruun yaada adda addaa, miira

hawaasa sanii fi amaloota hawaasni sun walitti qabaniin murteeffama.Kunis haalaa fi amala hawaasa biraa irraa adda ta’uu ni danda’a. Kanaaf hawaasni biraa immoo ijaarsa xiinxala biraa qaba jechuudha. Maloonni guddina hawaasa tokkoo, saganta barnootaa, dhaabbilee dhuunfaa fi mootummaa, yoo sirni jireenyaa isaanii kan wal fakkaatu ta’e ijaaramni xiinxala isaaniis wal-fakkaata.

Qajeelfama murtaawaa Qur’aanaa, Hadiisaa ykn duudhaa Islaamaa dhimma hawaasa Muslimaa yoo dubbannu; seenaa isaa keessatti hiikkaan tokkummaa, wal danda’uu, wal qabachuu, walii tumsuu kan biratti beekkame ta’uu argina. Yoo garuu yeroo ammaatti deebinee laallee addaan qoodamiinsi biyyaa, gareewwanii, jaarmayaa, afaanii fi sanyii mul’ataa dhufa. Wantoota armaan olitti itti akeekne lamaan Kana irraa kaanee ummata kanaaf hiikkaan ijaarama xiinxalaa maal akka ta’e beekuun ni dandeenna.




## Lammaffaa: Ijaarsa Xiinxalaa Jidduu Goggogiinsaa Fi Haaromsa

Sochiileen Islaamaa tokko tokko wanti adda isaan taasisu erga hundeessaan sochiilee kanaa boodallee itti fufuu isaaniiti. Sochiileen kunniin itti fufiinsa isaanii kan mirkaneessaniin mana barumsa xiinxalaa ijaaruudhaani. Manni barumsa xiinxalaa kuni qabatama xiinxalaa fi haala jiruu hawaasaatiif bu'aa guddaa qaba. San booda garuu manni barumsaa kuni yeroo dheeraadhaaf xiinxaluma jalqaba irratti hundeeffame san qabatee osoo hin haaromsamin tura. Dandeettii hoggantoota mana barumsaa kana hundeessan qofa irratti xiyyeeffatanii dalaguu fi xiinxaluma isaan

lafa kaayan irratti goguun waan gaariidhaa miti.Kana yoo jennu shoora hundeessaa mana barumsa kanaa mormuufi miti. Akkasuma namni sochii wahii hundeesse kuni dandeettii isaa fayyadamee xiinxala bu’uuraa sochii ofii hundeessuuf taasise kana xiqqeessuufi miti. Sababni isaa hayyuun kuni xiinxalli inni lafa kaaye suni maalummaa hawaasa keessa jirutiin waan walitti hidhata qabuuf ykn dandeettii isaa fayyadamee qindoomina sochii isaa bifa xiinxala gaarii namni salphamatti fudhatuu fi waaraa yeroo dheeraaf qabdu waan dhiyeessuu danda’uufi.

Jijjiiramni wanta dhugaa hawaan teenya tuni qabduuti. Jiruu dunyaa tana keessatti akeektuun yeroo hin dhaabattu. Jijjiirama wantootaaf, namootaaf, xiinxalootaa fi kkf yeroon sababa bu’uuraa ta’uun ni gaha. Ilmi nama akkuma yeroon darbituun guddataa muuxannoo haarawa argataa dhufa. Kunis akka inni beekkumsa dabalatuu fi muuxannoo isaa guddifatuuf qarqaara. Kana irraa kan ka’e wantoota tokko tokko yaadatee kan hafe dagataa dhufa. Kanaaf bifa qabatama ta’een gogogiinsa xiinxala namaa beekuun hin danda’amu. Kanuma waliinuu yeroo hedduu haasofni hasawamu waa’ee haaromsaa fi geeddaramaati. Sagantaalee hunda keessatti yoo waan xiinxala Islaamaa kaasnu “yaada banaa fi cuufaa”. jedhu irraa baay’inaan haasawama, jechoota kanaan maal jechuu barbaannee?

Haaromsi bifoota adda addaatiin dhufuu ni danda’a. isa keessaa tattaaffii namni waan Qur’aanaa fi Hadiisa keessa jiru hubatuuf taasisuudha. Ykn immoo Hadiisaa Qur’aana haala barbaadamuun itti fayyadamuudha. Ykn immoo xiinxala Islaamaa kana dhimmoota xixiqqoo rakkoo hawaasaa fi namoota

dhuunfaa furuu irraa gara dhimmoota gurguddoo, gaafilee dhala namaa fi hawaasa baldhaa deebisuutti ceesisuudha. Ammas bifa haaromsaa irraa kan biraa; malootaa fi tooftaalee dhalli namaa qabu gara beekkumsa walii galatti jijjiiruudhaan amantii jabeessuu, amantiin nama gammachisuu fi waan amantii miidhuu danda'u irraa fagaachuudha. Ykn haaromsi kan ta'uu danda'u hubannoolee guddiisuun, xiinxala qindeessuun gaaga'amni xiinxlaa akka hin argamne taasisuudhaan. Asitti kan ta'uu qabu sochii murtaawaa kanaaf; wantoota amantaa keessatti jijjiiramuu hin dandeenne osoo hin tuqnee fi bu'aa ummataa osoo hin balleessin sochii kanaaf madda isaan itti deebi'an tokko lafa kaayuun hedduu barbaachisaadha.

Bifa haaromsaa fi yaada wahii irratti banaa ta'uun, xiinxala keessatti waan filatamaa fi faarfamaadha. Namoonni hedduun osoo itti dalaguullee baatanii bifa kanneen ittiin dhaadatan. Isaan biratti waa'ee isaas haasawuun hedduu salphaadha. Wanti haasawuun nama rakkisu yaadaa wahii irraati goggoguu fi cufaa ta'uu kan namni hundi nama arrabsu irraa mataa ofii qulqulleessuudha. Namoonni hedduun osoo waan akkasiillee qabaatanii yaada kana arraabsuu hin dhiisan. Maraafuu haaromsi bifa muraasa malee waan walii galaatii miti.

Haaromsi kan dhufu sadarkaa Islaamummaan barbaadduun ykn hanga dandeettii namni waa barachuuf argateeni ykn hanga hawaasa biraatti banamuun danda'amuuni. Gara biraatiin immoo xiinxala sirrii irratti gadi dhaabachuu fi bu'uura qabaachuun haala barbaadamaa waan ta'eef yaada haaromsaa kanaan wal hin dhabu. Kunis hundeewwaanii fi yaada

walii galaa kan itti deebi'an qabaachuun dirqama ta'uu argamsiisa. Yaada bu'uuraa kan jalqaba xiinxalaa ta'ee fi haaromsa yaada kanaaf barbaachisaa ta'an kan akka hubannoo isaa haaromsuu fi irra deddeebinee isa ibsuun wal madaalchisuu qabna.

Namni ijaarsa xiinxalaa barbaadu yeroo hunda yaadni isaa baldhaa fi kan dagaagina fudhatu ta'ee argamuu qaba. Xiinxala isaa bifa gaariin ijaaruuf waan kaleessa irra ture har'a qorachuu isa bArabaachisa. Kunis waan haarawa inni itti dabalee fi waan inni dagaagse maal akka ta'e beekuuf isa qarqaara. Kana argachuu kan danda'u firiiwwan waan dhagahee, argee, muuxannoowwanii fi yaaliiwwan inni jiruu isaa keessatti dabarsu irratti hundaa'a.

**Sadaffaa: Xiinxala Dhaadhessuu (Gabayyeessuu)**

Waan tokko gabayeessuun beekkumsa, hubannoo, bu'uuraa fi yaad-rimee mataa isaa akka qabu beekuu qabna. Xinxala Gabayeessuun Kitaabota barnootaa fi kitaabota ogummaa hedduu qaba. Sagantaa meeshaalee, wantoota fi tajaajila isaa ittiin gurguran kan mataa isaa qaba. Kana irraa ka'uudhaan xiinxala dalagaa gurgurtaatiin kan wal fakkeessineef gatii beekkumsaa fi dalagaalee oomishaa mallaqatti jijjiiramanii ibsuudhaafi. Abbummaan waa uumuu as irraa dhufte. Nama xiinxala murtaawaa wahii argamsiise galmeessuu fi firii xiinxalli kuni gabaa meeshaalee fi tajaajilaa keessatti uume maal akka ta'e hordofuun kan barbaachiseefis kanuma. Kana irraa kan ka'ee abbummaa xiinxalaa ykn beekkumsa diinagdee xiinxalaa fi kkf kan dhufuu danda'an.

xiinxala tokkoo abbaa isii argamsiise biratti yoo hafte gatiin isii hedduu hin beekkamu. Gatiin xiinxala tokkoo kan beekkamuun yoo raabsamee fi ummata keessa facaa'ee aadaa hawaasa tokkoo keessatti wanta barbaachisaa, ilaalcha siyaasaa ykn dalagaa murtaawaa hawaasa sanii taatee argamteedha. Jechi xiinxala gabayeessuu jedhu kun ergaa isaa keessatti jechoota biraa isaa fakkaatan kan akka guddisa, dagaagina, raabsuu, beeksisuu, sammuu bocuu fi duula xiinxala irraa hedduu hin fagaatu. Wanti asitti barbaadame xiinxala gabayeessuun gatii fi bu'aa xiinxalli raabsuu fi gurguruun argamsiisuu danda'u mirkaneessuufi.

- Dalagaan baruu fi barsiisuu xiinxala raabsuu keessaa isa tokkoo mitii?
- Wantoonni miidiyaan dhageeffatamanii, dawwatamanii fi dubbifamanii darbaa jiran yaaliiwwan xiinxala sirriis ta'ee dogoggoraa raabsuu keessaa isa tokkoo mitii?

- Tattaaffiiwwan namoonni haaromsa gaggeessanii fi warroonni jijjiiramaaf yaamicha taasisan, akkasuma rakkoo hawaasaa furuuf tattaafatan xiinxala murtaawaa tokko irraa ka'uudhaanii mitii?

Hoggantoonni hawaasa isaanii keessatti dandeettii ofii kan mul'isan, sammuu namaa fi jiruu isaanii irratti dhiibbaa fiduu kan danda'an yoo xiinxala isaanii hin dagaagsinii fi bu'uura xiinxala isaanii irraa hin ka'in bu'aa barbaadame argamsiisuu ni danda'uu?

Yoo xiinxalli kee dalagaa fi amala kee irraa hin mul'atin akkamitti akka xiinxala guddaa fi bareedaa qabdu beekuu dandeettaa? Ykn xiinxala kee kana yoo ati arrabaa fi onnee teetiin irraa hin haasawin akkamitti beekuun danda'amaa?

Gaafileen kunniin dhugaa wal nama hin mormisiifneetti nama geessani. Gatiin xiinxala tokkoo kan beekkamuu fi kan dabaluu danda'u yoo nama isii argamsiise irraa gara nama isii fudhatuuttu darbiteedha.

## Afraffaa: Hoggantoota Barnootaa Fi Xiinxallitootaa Hawaasaaf Barbaachisan

### 1 - Haggantoota Xiinxalaa Hawaasaaf Barbaachisan:

Hawaasni Muslimaa ergaa Rabbii kan xumuraa hawaasa baate yoo ta'u hoggansa nabiyyuummaa qajeelaa warra dhaaleedha. Maddeen ergaa taana eeggamtuu waan taateef jijjiiramni haquu fi laaquu irra gahuu hin danda'u. Rabbiin guddaan ummanni Muslimaa akka hoggansa xiinxala hawaasa Muslimaa ummata biraatiif itti gaafatamummaa fudhatu taasisee jira. Kunis hawaasa biraa irratti akka ragaa bahan taasisuudhan, qajeeluma isaan barsiisuu fi fakkeenya gaarii akka isaan hawaasa biraatiif ta'an ajajee jira. Ummanni Muslimaas ajaja kana fudhatee aantummaadhaan itti gaafatamummaa isaa kana waan hawaasni hordoftoota nabiyyoota biraa kanaan dura darban hin dalagin dalaguudhaan dirqama isaanii bahatanii jiru.

Hawaasni Muslimaa qajeelluma, tola ooluu, haqummaa, burqaa barnootaa fi guddinaa waan tureef namni barumsa barbaadu gara dhaabbilee Muslimtootatti dhufuun barnoota gara garaa argachaa

turan. Sonoota sadarkaa gara garaatiin gosa qaroominaa bifa bulchiinsaa fi qindoomina qabuun, bu'uura waliin jireenya hawaasummaa ummata Muslimaa irraa qabsiifataa dhufanii jiru. Rabbiin hawaasni Muslimaa kuni hoggansa isaa kana akka deebifatu jaalata. Osoo akkas hin ta'inii Rabbiin ummata Muslimaa kana ummata biraatiin bakka buusa ture.

### 2 - Hoggantoota Xiinxalaa Kan Ogummaa Qaban

Hawaasa Muslimaa keessatti hoggantoota dameelee hoggansaa keessaa damee tokkoon haggantoonni ga'umsa fi ogummaa qaban heddutu jira. Dameelee sanneen keessaa damee saayinsii, beekkumsaa fi xiinxalaati. Yeroo jalqabaa irraa eegalee duudhaalee nabiyyii Rabbii (SAW) eeguu fi tiiksuu irraa hawaasni Muslimaa of duuba hin jenne. Sunis Hadiisa kabajamaa fi seenaa jiruu ergamaa Rabbii barreessuudhaani.

Damee kana keessatti namoonni barreessitoonni, sirreessitoonnii fi qulqulleessitoonni hedduun argamanii jiru. Bifa kanaa dameen barnoota kanaan dura hawaasa darbe keessatti hin beekkamne hedduu akka argaman ta'ee jira. Barnoonni haarofni kunniin barreeffamanii wantoota haarawa isaan booda dhufe hundaaf bu'uuraa fi maddeen beekkumsa guddaa ta'anii jiru. Bifuma wal fakkaatuun hoggantoonni xiinxalaa fi barnootaa damee beekkumsa "fiqhii" jedhamee beekkamu keessatti bifa gareetiin uumamanii jiru. Barnoonni biroo kan akka hiikkaa Qur'aanaa, saayinsii fayyaa, astiroonomii, barnoota keemistirii fi qonnaa hedduun argamanii jiru. Hoggantoonni damee barnootaa kana qu'atan kunniin qorattootaa fi seenessitoota Islaamaa biratti

qorattoota warra dhihaas dabalatee qajeelaan beekkumtii argatanii jiru.

### 3 -Dhaabbilee Fi Hoggantoota Xiinxalaa

Jalqaba irrattii eddoon beekkumsaa, muuxannoo fi ga'umsi beektotaa itti dagaagu masjiida keessa ture. Yeroo sanitti masjiinni univaristii hammayyaa kanaan hanga wal fakkatu gahee jira. San keessa masjiida zeeytuun kan biyya Tuuniziyaa, masjiida Qeeyrawaan kan biyyaa Faaris, masjiida Azharii kan biyya Ijibti fa'a akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama. Kana waliinuu hawaasni muslimaa dhaabbilee barnootaa sirna baruu fi barsiisuu cimsanii fi dameelee barnoota adda addaa keessatti namani akka ga'umsa ol'aanaa godhatuuf tattaaffii guddaa taasisaa turanii jiru. Sanneen keessaa manneen barnootaa fi gola qorannaa astiroonomii, buufataalee fayyaa, manneen kitaaba ummataa kan kitaabonni keessatti kuufamanii, koppii taasifamanii fi hiikkaman kan akka *beeytal al hiikmaa* magaalaa Bagdaaditti argamuu fi *Daar al hikmaa* magaalaa kaayirotti argamuu akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama.

### 4 - Xiinxalli Gaariin Hundee Haaromsa Awurooppaati:

Warri Awurooppaa guddina biyyoonni Islaamaa irra gahan kana karaa dipilomaasota isaanii kan gara mootummoota Islaamaatti erganiin ykn karaa hariiroo kallattii biyya Andulus fi Saqliyyaa jedhamuun beekmanii fi yeroo lola kiristaanummaa dagaaginna biyyoonni Islaamaa irra gahan hubannaan; namoota ciccimoo fi barumsa qaban gara biyyoota muslimaatti erganii muuxannoo fi barnoota gara Awurooppaatti akka dabarsan taasisanii jiru. Jaarraa 12ffaa irraa eegalee biyyoota Awurooppaa keessatti

hayyoonni xiinxalaa dameelee barnoota gara garaa keessatti mul’ataa dhufanii jiru. Gama isaaniitiin hayyoonni kunniin manneen barumsa xiinxalaa fi dhaabbilee barnoota gara garaa hundeessuun namoota biyya isaanii kan dameelee jiruu hunda keessatti duubatti hafummaan beekkamte tana baraaruuf jecha fedhii guddaa uumatanii jiru. Wantoota armaan olitti dubbannee kanaa fi kan biroo haaromsaa fi guddina Awurooppaa keessatti hirmaannaa guddaa taasisee jira.

**5 - Kalaqni Nama Dhuunfaa Bu’uura Hayyoota Xiinxalaati**

Hayyoonni dameelee barnoota adda addaa keessatti gahee fi ogummaa guddaa qaban yeroo fi bakka isaan jiraatan sanitti bakka bu’aa hayyoota xiinxalaa turan. Ogeessi muummee barnoota wahii damee ittiin leenji’e san keessatti hayyuu xiinxalaa guddaa jedhamee fudhatama. Gareeleen adda addaa fi dhaabbileen hawaasaa ga’een hoggantoonni hawaasa tokkoo waa murteessuu keessatti bakka guddaa qabaachuu isaanii wajjiin shoorra namani dhuunfaa waan haarawa kalaquu fi xiinxala uumuu danda’u mormuu hin malu.

Sababni isaa xiinxalli ilaalcha waa kalaquu, haaromsuu, fi fincila xiinxalaan uumuu danda’uudha. Adeemsi beekkumsaa; xiinxala dhale tokko yeroo booda mata duree barnoota ta’ee argama. Kana waliinuu guddinni, dagaaginnii fi jijjiiramni yeroo kamiyyuu balballi isaa damee barnootaa hunda keessatti banaadha. Namni beekaan tokko beekkumsa isaa akkuma fayyadamuun xiinxala haarawaa damee barnoota isaa sanaaf dabalaa dhufa. Garuu xiinxalli dhala namaa dameelee barnootaa tokko irraa damee barnoota murtaawaa ta’e qofaan fiixa bahuu waan hin

dandeenneef hayyoonni damee barnoota adda addaa irra jiran wal qarqaaruu isaan barbaachisa. Dhimmoonni xiinxalaa tokko tokko kan muumeeleen hedduun waliin dalaguu barbaachisutu jira.

### 6 - Ynivaristiin Iddoo Hayyoota Xiinxalaati:

Hubannoo fi dalagaan yunivaristii; seenaa ilma nama keessatti dagaagina guddaa argamsiisee jira. Yeroo dhihoo as dhaabbanni kuni hawaasa keessatti dhaabbata barbaachisaa fi dalagaalee sadihiin akka dhaabbatuu qabu mirkaneeffamee jira. Isaanis: barnoota keennuu, qorannoo gaggeessuu fi hawaasa tajaajiluudha. Dalagaa sadan kanaan yoo dhaabbatan bakka hoggansaa cimaa irratti argamu.

Miseensonni gamtaa barsiisota univaristii miseensa maatii fi ollaa waan ta'aniif mala namoota biraa wajjiin dalaguu ni danda'u.Isaan miseensa kilabii ispoortii, hawaasaa, gareelee miti mootummaa fi paartiilee siyaasaa ta'uu ni danda'u. Kanaaf muuxannoo silaa hawaasa kanaaf fiduu danda'an Haala yeroo hubachuun sagantaalee gara garaa keessatti akka fidaniif fuulli gara isaaniitti garagalti. Dalagaa hoggansaa barsiiftonni yunivaristii hedduun filatuu dhabutu mala, garuu hawaasni naannoo isaan akka dalagaa kanaan dhaabbatanii fi gaafii dhiyeessuutu mala.

Xumura irratti miseensota gamtaa barsiisota yunivaristii keessaa kan muuxannoo fi yaaliiwwan isaanii dalagaa fi jiruu keessatti makamtee haftu hedduutu jiru. Kunis kitaaba barreessuun dhimma mata duree tokkoo hawaasaaf dhiyeessuudha. Kana godhuudhaaf ogummaa barnoota isaa fayyadamuun ykn

dhimmoota walii gala mata duree ogummaa isaatiin wal qaxxaamuraniin ta'uu ni danda'a. Muuxannoo barnootaa, collummaa dhuunfaa, tattaaffii xiinxalaa fi kkf siyaasaa walii gala ummataa fi tarsiimoo barbaachisu uumuu ykn mul'ata egeree fi hawwii siyaasaa barbaadamu hundaa kalaquu ni danda'u.

Bifti hoggaansaa yunivaristiin hawaasa keessatti qabu bifa baratamaa barsiisonni yunivaristii ittiin dhaabbatan san irraa adda ta'ee argama. Sadarkaan yunivaristii hawaasa biratti damee barnoota kamiifuu banaa waan ta'eef yunivaristicha fi barsiisota isaa irraa mul'ata egere, oomisha xiinxalaa fi xiinxallitoota qopheessituu irraa eegama.

### 7 - Kaappitaala Xiinxalaa

Xumura jaarraa 20ffaa irraa kaasee jechi kaapitaala xiinxalaa jedhu damee barnoota diinagdee (Ikonomiksi) mata duree misooma diinagdee akkasuma damee barnoota bulchiinsaa mata duree dagaagina bulchiinsaa jedhu keessatti itti fayyadamamaa dhufee jira. Qorattoonni fi qu'attoonni jechoota yeroo hedduu damee barnoota kanniinnii keessatti hedduminaan fayyadamaniin jechoota akka kaappitaala uumamaa kan waa'ee qabeenyaa irratti xiyyeeffatu, kaappitaala diinagdee kan waa'ee mallaqaa irratti xiyyeeffatu, kaappitaala hawaasummaa kan waa'ee hariiroo namaa fi walitti dhufeenya isaanii irratti xiyyeeffatu, kaappitaala namaa kan waa'ee humna, muuxannoo fi dandeettii namaa irratti xiyyeeffatu, irraa addaan baasuuf jecha kan fayyadamaniidha. San booda dameen kaappitaala nama keessaa irra barbaadamaan kaappitaala xiinxalaa ta'e argame. Kappitaalli kunis kan argamu jaalleewwan dhaabbilee adda addaa keessa dalaganii fi dandeettii

beekkumsaa, qindoomina qaban fayyadamanii carraa jirtu saamachuun xiinxala haarawa uumuu ykn kama duraan jiru dagaagsuu warra danda’an biratti. Sababni isaas sammuun, beekkumsi fi barnoonni humnoota wal dorgoman jidduutti wanta akkaan gati qabeessa ta’ee waan argameefi.

Yoo kaappitaalli xiinxalaa kaappaaniiwwan, hawaasa ykn ummataaf guddinaa fi badhaadhina kan argamsiisu ta’e wanti hedduu barbaachisaan kaappitaala kana akka inni wabii guddinaa fi badhaadhinaa ta’uuf yeroo gara yerootti dagaagsuu qabna. Osoo jecha kana fudhannee walakkaa wanta ummanni Islaamaa qabuu fi ittiin beekkamuutiin fudhannee laallee; wanti wal nama gaafachiisu hawaasni muslimaa kaappitaala xiinxala isaan dureessa godhee aadaa fi qarooma isaanii ijaaree akka isaan dagaaganii fi badhaadhan akkasuma sadarkaa badhaadhina isaan irra gahan kana irra akka turaniif wabii isaaniif kan ta’uu kaappitaala xiinxalaa ni qabuu?

Ummanni Muslimaa kuni yoo isaan Qur’aanaa fi Sunnaa qabatan guddinaa fi dagaagina barbaadame argachuu ni danda’an. Waan Qur’aana fi Sunnaa hin qabatiniif guddinaa fi dagaagina barbaadamu irraa ummanni Muslimaa duubatti hafanii jiru. Kaappitaalli guddaan ummanni Islaamaa qabuu fi kennaan yeroo kamuu haarawaa; Qur’aana kabajamaa fi dalagaawwan ergamaa Rabbiiti.  Akkasuma beekkumsa Qur’aanaa fi Sunnaa ergamaa Rabbii irra burqaniidha. Garuu kaappitaalli xiinxalaa waan darbee raawwatee miti. Xiinxalli wanta haarawa argachuu, kalaquu fi abuurraan bifa walitti dhaabbataa ta’een akka itti fufu taasisa. Haala haaromsaa fi tattaaffii dameelee barnoota biroo kan

akka saayinsii uumamaa, hawaasummaa fi xiin-sammuu of keessatti qabata.

Wanti kaappitaala xiinxalaatiin ala jiru dhimma dalagaa fi firii isaati hanguma fedhellee gahaa fi amansiisaas ta’u; kaappitaalli biroo ummata kanaaf guddinaa fi badhaadhina fiduu hin danda’u.


# BOQONNAA AFRAFFAA: KAARTAA IJAARSA XIINXALAA

**Seenaa:**

Boqonnaan kuni gosoota kaartaa ijaarsa xiinxala gara garaa baldhinaan ilaala. Kaartaan kun wanti adda isa godhu maddeen, dhimmoota, tooftaalee, seenaa fi mala ji'ogiraafiitiin deeggaramuu isaati. Wonta kaartaan kun irra ijaarame hunda kaasnee laaluuf yaallee jirra; sagantaa xiinxala madda isaa irraa fudhachuuf kaayamanis baldhinaan irratti mari'ata. Kaartaan kuni mata dureewwan isaa adda adda ta'uu waliin dhimmoota wal fakkaatan irratti walitti dhufeenya qabu. Karoorri madaalli wanta sagantaa kamiyyuu keessattii akkaan hedduu barbaachisaadha. Kana irraa ka'uudhaan boqonnaan kuni akkaataa fi lakkoofsaan sadarkaa ijaarama xiinxala nama dhuunfaa fi garee biratti argamuu danda'us ni mari'ata. Sunis akkaataan ijaarama kanaa haala madaallii mataa isaa irratti hundaawa, dubbiin kuni haala salphaa miti. Sababni isaas muuxannoon dirree kana keessatti jiru murtaawaa fi hedduu baratamaa waan hin ta'iniifi.

Kaartaan suuraa bakka bu'ummaa waan tokkoo yoo ta'uu wantoonni gara garaa kan keessatti ibsaman, hubannoowwan kan irraa argaman, hariiroo fi bakka waan tokkoo qajeelatti kan ibsuudha. Kanaaf nama waa dubbisuuf waan silaa boqonnaalee kitaabotaa keessatti dubbisu hunda kaartaa bakka tokkotti waan hunda walitti qabatee jiru irraa argata. Waan kitaaba keessatti dubbise isa yaadachiifte yaada walii galaa akka argatu isa taasisa. Kanaaf yeroo suuraa san yaadatu kaartaa duraan inni arge santu mataa isaa keessa dhufaafi.

Ergamaan Rabbii (SAW) waan tokko yoo ibsan mala suuraa akeekaa fi kaartaa fayyadamani. *Fakkeenya kanaa Hadiisa Bukaariin Abdallaah Ibni Mas'uud irraa odeesseedha. Akkana jedhe: ergamaan Rabbii rog afree kaasanii, walakkaa isaatti geengoo sararri rog afree kana qaxxamuree bahu kaasan, sarara rog afree kana keessa bahu kan bakka inni ala hin bahiniin moggaa isaatiin sararran xixiqqoo kaasanii akkana jedhan kuni ilma namaati, kuni immoo ajala isaa isa marsee ykn isa marsaa jiruudha, sararri ala bahe kuni hawwii isaati, sararran xixiqqoon tunniin gufuu isa dura dhaabataniidha, yoo tokko jalaa bahee kaantu isa boccoora, yoo tokko jalaa bahee kaantu isa moccoora,* Kaartaan armaan gadii tuni hubannoo Hadiisa Nabiiyyii (SAW) armaan olitti dubbannee kana ibsuuf yaalii taasifameedha.




***Kaartaa tilmaamaa sararraan Hadiisa nabiyyii keessatti waa'ee ajalaa fi hawwii namaa ilaalchisee itti akeekaman***

Boqonnaan kuni seenaa xiinxalaa, gahee qabataamaa xiinxalli seenaa isaa keessatti hubannoo fi dalagaa namaa jajjabeessuu keessatti qabu irraayis ni haasawa, yeroo ji'ogiraafii xiinxalaa irraa haasofnu dhiibbaa naannoon ji'ogiraafii adda addaa amala ijaarama xiinxalaa naannoo kana keessatti uumamuus kaafnee gadi fageenyaan ni haasofna.

## Tokkoffaa: Kaartaa Maddeen Ijaarama Xiinxalaa


Jalqaba irratti wanti faayidaa qaba jennee fudhannu gosoota gara garaa maddeen daataalee addaan baasnee lafa kaayyuun hangam akka barbaachisaa ta’e mirkaneessuu qabna. Maddeen kunniin namoota, kitaabota, gaazexaalee, qorannoowwaanii fi toora interneetiis yoo ta’an addaan baafnee kaayuu qabana. Isaan keessaa muraasni:

- Maddeen daataa beekkumsa ogummaa murtaawee: maddeen kuni damee barnootaa keessatti guddinaa fi dagaagina argisiisuudha.

- Maddeen daataa aadaa murtaawaa wahii irratti: kunis damee ogummaa irraa akka dhufetti laakkawama, garuu gara nama ogummaa hin qabneetti yoo dhihaatu gara yaada namoota amansiisuu fi damee waan tokko dalagaan argisiisuutti dhiyaata.

- Maddeen daataa aadaa walii gala irratti: maddeen kunniin yeroo hedduu ogummaa murtaawaa irratti hin xiyyeeffatan, garuu daataalee, iyyaafannoo, dhugaawwanii fi hubannoowwan jiruu fi aadaa walii galaatii barbaachisan hedduu of keessatti hammata.

- Maddeen daataalee xiinxalaa: maddeen kunniin yeroo hedduu manneen barumsa xiinxalaa murtaawaa irratti xiyyeeffatu, ykn ibsa falmii maddeen xiinxala mana barumsa kanaaf kan dhiyeessaniidha. Maddeen kunniin maddeen aadaa walii galaatiin wal keessa seenanii argamu. Garuu gadi fageenya, murtaawaa fi dhugaa irratti kan hundaaweedha.


Kaartaa ijaarama xiinxalaa
Kaartaa maddeewwanii
Kaartaa mata duree
Kaartaa tooftaalee
Xiinxala
Aadaa
Beekkumsa
Ilaalcha ibsa falmii fi mana barumsa xiinxala deeggaruu
Aadaa beekkumsa walii gala fi aadaa beekkumsa ogummaa
Damee barnootaatti ogeessa ta'uun ogummaa ofiitiin waa kalaquu fi nama qarqaara
Fi kkf
Wal-gahii fi koonfaransii irratti
Kitaabotaa fi gaazexaa dubbisuu
Beektotaa fi hayyoota irraa baraachuun isaan waiiiin turuu
Imala bahuun boqachuu
Toora intarneetii fayyadamuu

## Lammaffaa: Kaartaa Dhimmoota Ijaarama Xiinxalaa

Ijaarsi xiinxalaa maddeen adda addaa armaan olitti itti akeekaman kanneen irratti hundaawa. Gama Islaamaatiin immoo wanti ijaarsa xiinxalaa fayyadan kitaabota, qaronoowwanii fi mariiwwan adda addaa barbaachisoo ta'an irratti xiyyeeffachuun ilaalcha walii gala addunyaa deebisanii ijaarutu irraa eeggama. Ilaalcha kana irraa ka'uun xiinxalli hammayyaa dhimmootaa fi mata dureewwan jajjaboo ta'an hubachuu fi beekuuf ilma nama fayyada. Kunis kan raawwatamuu qabu bifa ifa galaa, wal simataa fi wal guutaa ta'eeni. Keessumayyuu dhimmoota namoonni yeroo hedduu irratti wal mormanii fi ilaalchi namootni akka walii galaatti aktiivistoonni immoo bifa addaatiin keessatti wal caalan irratti xiyyeeffatuu qaba. Dhimmoota kanneen keessaa akka fakkeenyaatti.

**1- Dhimmaa Ijaarsa Ummataa:-** innis afaan, amantaa fi seenaadha. Sababni isaas dhimmoonni kunniin maalummaa Islaamumaa walii galaa, kan nama dhuunfaa, hawaasaa fi ummataati. Akkasuma hariiroo maalumaan kuni biyya, sabaa, gosummaa fi garee diinii (mazaahiba) waliin qaban kan murteessituudha. Gatiin xiinxalli namni tokko oomishu kan beekkamuun dalagaa fi dhiibbaa isiin nama biraa irratti gootuuni. Dhiibbaa fi dalagaan kuni akkamitti osoo walitti dhufeenyi afaanii hin jiraatiin argamuu danda'aa? Amantaan, aqiidaan fi shari'aa amala gaarii ilaalchi duudhaawwan gurguddoo tokkochummaa Rabii, ququllummaa fi ijaarsaa ittiin fiixa bahuudha. Seenaan immoo galmee muuxannoo ilmi namaa dachee kana irratti raawwate of keessaa qaba. Kunis ergaawwan nabiyyoonni Rabbii hawaasa darbetti dhufaniinis of keessatti

hammata. Akkasuma muuxannoowwan kanniin keessaa kan nu biratti argaman xiinxala gaarii fi barnoota bareedaas of keessatti hammata.

## 2- Dhimmoota Dubbatamanii Fi Dubbatamuun Dirqama Ta'an


Miidiyaan ammayyaa tooftaalee isaa fayyadamuun oduuwwan fi galteewwan adda addaa addunyaa guutuu irraa ilma namaaf dabarsa. Dhimmoota murtaawaa fi rakkoolee yeroo irraa gara yerootti deddeebi'anii kaasanii irratti mari'atu. Mormiin adda addaas irrati ni ta'a. Ijjannoo xiinxallitootaa fi hubannoo isaniis ni gaafatan. Dhimmota sanniin keessaa akka fakkeenyyaatti; dhimmoota hubannoon Islaamaa, bilisummaa fi bilisummaa amantiif qabu, dhimmoota hiriiroo addunyaa, hubannoo jihaadaa, dhimmoota waliin jiraachuu, mirga dubartootaa fi misoomaa kaasuun ni danda'ama.

**3- Dhimmoota galaa xiinxalaa kan ilaalcha walii galaa ijaaruu keessatti hirmaatanii fi jiddu gala ijaarsa xiinxalaa wal madaalaa:** dhimmoonni akkanaa kunniin gosa heddu qaban, sanniin keessaa:

**a- barreeffamoota guddinaa fi xiinxala haaromsuu:** dhimmoota xiinxalaa, adeemsa xiinxaluu fi adeemsa amala gaarii waldhaanti, akkasuma dhimmoota qaroominaa dagaaginaa, kufaatii fi seeraa isaas waldhaanuuf qarqaarti, barnoonni dhimmoota kanneen qoratan falaasama seenaa fi seenaa xiinxalaati.

**b- Bu’uura saayinsii namaa fi hawaasaa:** kunis kan nama fayyadu hubannoo, seera, yaad didda (thought) fi dalagaawwan barnootaa yeroo rakkoowwan argamaniif furtmaata barbaadan yaadachuudha. Dhimma kanaaf adda dureen kan laalamu damee barnoota hawaasaa, siyaasaa fi barnoota miidiyaati.

**c- Aartii fi bu’uura saayinsii jijjiirraa:** innis barnoota bulchiinsa mataa ofii fi xiinxala too’achuuf nama qarqaaruudha. Keessuumaayyuu saayinsii bulchiinsaa keessatti mata dureewwaan bulchiinsa yeroo, mataa ofii bulchuu, bulchiinsa garee fi saayinsii adeemsa xiinxalaa, qorannoo, amala gaarii, wal guutinsa adeemsaa, manneen barnoota adeemsaa fi saayinsii xiin sammuu fa’a irratti xiyyeeffata. Akkasuma dhimmoota barnoota, guddinaa fi jijjiiramaf bu’uura ta’anis xiyyeeffanna guddaa kennaafi.




Qabiyyeen xiinxala ilma namaa hanguma fedhes ta’u, saayiinsii shari’aa, uumamaa fi hawaasumaas of keessatti qabatu, ibsa qabiyyee kanaa yoo ilaallu wantoota sadarkaan isaanii adda addaa, madaalliin akkaataa fi lakkoofsi amala isaanii, gara gara ta’e nuuf mul’isa. dalagaa fi ijaaramsi wantoota kanniinii hariiroo wahii akka waliin qaban argina. Ida’amsi qabiyyee beekkumsaa kun ijaarama piraamidii hundee fi muummee qabu uuma. Barnoota kamiyyuu keessatti hundee isaanii irratti kan dhufuu qabu dhugummaa barnoota saniiti.

Garuu xiinxalli ilma namaa akkuma baratame dhugaa hedduu xiqqeessuu fi salphisuun jecha walii galaa kan akka hubannoo jedhuutiin bakka buusan. Akkasuma ilmi namaa hariiroo walitti hidhannaa ykn sababaa jidduu hubannoowwaniitti barbaadan. Kanas kan taasisaniin bifa bu’uura, hundeewwan, seeraa fi madaallii adda addaa fayyadmuudhaani. Hariiroon kuni piraamidii beekkumsaa keessatti sadarkaa sadaffa qabata. Yoo dhugaan, hubannoo fi seeraa, kan sadarkaa haala yeroo wantootaa ittiin ibsinu yoo ta’an kana kan hiiku immoo sadarkaa biraa beekkumsa fi barnoota muummee piraamiidii bakka kan bu’uu yaad-didda (thought) jedhama.

Sadarkaa beekkumsaa ibsuudhaaf barnoota kamiyyuu keessatti karaan biraas akka jiru beekuu qabna. Bifa kanaan gosa beekkumsaa keessaa inni salphaan jecha daataa jedhuun bakka bu’a. Piraamidii beekkumsaa keessatti jechi daataa jedhu jecha dhugaa jedhuunis bakka ni bu’a. Ida’amni daataalee hiriiroo waliin qaban mata duree tokko keessatti walitti dhufuun wanta iyyafannoo jennee moggaafnu nuuf uuma. Odeeffannoo

dalagsiisuun beekkumsi akka argamuuf nu qarqaara. Kaayyoon guddaan beekkumsa gara dalagaatti jijjiiruu lubbuu fi hawaasa deeggaruun gara balbala banaa addunyaa guuruu fi ilaalcha isii ittiin hubatanitti ol guddisuudhani. Kunis mala ykn tooftaa jedhamee beekkama.

Armaan gaditti kaartaa dhimmoota ijaarama xiinxalaa ibsutu dhufa.



## Sadaffaa: kaartaa Meeshaawwan ijaarasa xiinxalaa fi Tooftaalee isaa

Meeshaa fi tooftaleen ijaarsa xiinxalaa heddutu jira. Waa duubbisuun dhiyana sammuu ilma namaatiif wanta bu’uuraa keessa isa duraati.Tooftaan waan tokko barachuu, nama dhuunfaa biratti aadaa fi xiinxala gaarii bocuuf akkaan barbaachisaan dubbisa xiyyeeffannaan, kaayyoo fi sagantaan gosoota dandeettii dubbisuu hunda fayyadamuun taasifamuudha.Kunis Dubbisa suutaa, xiyyeeffannaa fi xiinxalaa gaafata. Dubbisni walii galaa, dubbisni falmii fi dubbisni wanta dubbifamuu madda isaatti deebi’a. madda wanta dubbifamu kana immoo sirna beekkumsaa inni deeggaruutti deebi’a.

Jechi duraa kitaaba Rabbii kan xumuraa ilma namaatiif bu’e keessatti dhufe jecha ajajaa dubbisi jedhuudha.Ajajni kunis yeroo lama walitti aanee dhufe. Inni duraa maqaa Rabbiitiin uumaa hunda dubbisuu, inni lammaffaa immoo wahyii qalamaan barreeffame dubbisuudha.

ٱقۡرَأۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلَّذِي خَلَقَ ١ خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ مِنۡ عَلَقٍ ٢ ٱقۡرَأۡ وَرَبُّكَ ٱلۡأَكۡرَمُ ٣ ٱلَّذِي عَلَّمَ بِٱلۡقَلَمِ ٤ عَلَّمَ ٱلۡإِنسَٰنَ مَا لَمۡ يَعۡلَمۡ ٥ سورة العلق :1- 5

*(Maqaa gooftaa keetii isa waa hunda uumeetiin dubbisi,isa nama dhiiga ititaa irraa uume, haala gooftaan kee irra arjaa ta’een qara’i, isa qalamaan barreessuu barsiise san, nama waan inni hin beekne barsiise). (Al-Alaq)1-5.*


Jechi dubbisuu jedhu waadaa Rabbii kan hanga guyyaa qiyaamaatti itti fufuudha. Ilma namaatiinis erga xalayaan Rabbii tuni isinii dhuftee yeroon wallaalaa xumuramee jira jechuudha.

Kanaaf wanti namni dubbisu wanta ijaan argu, mana barumsaatti baratuu fi wantoota Rabbi uumeedha. Ilmi namaa dhiiga ititaa irraa uumamuun fakkeenya gaariidha. Akkasuma wanti inni dubbisu waan Rabbi biraa bifa wahyiitiin bu'ee qalamaan barreeffameedha. Kunis tooftaalee ilmi namaa waan hin beeyne ittiin baratuudha.


Hariiroon ijaaramni xiinxalaa waa dubbisuu waliin qabu jechoota garii fi kitaabota hedduu irra deddeebi'anii dubbisuu gaafata. Kaayyoo waa dubbisuu guutuudhaa fi faaydaa barbaadame jecha murtaawaa wahii irraa argachuuf maddeen beekkumsaa armaan olitti itti akeekame san keessaa jechoota nu dubbisnuun waan wal fakkaatu dubbisuudhani.Yeroo kana wantoonni hedduun kan akka yaadachuu, xiinxaluu, wal bira qabuu, wal madaalchisuu, fi wal guutuu uumamaa dhufu.bifa kanaan namni waa dubbisu ijaarama xiinxala isaatti yaada fi jechoota biroo dabalaa dhufa.Osoo namni waa dubbisu dubbisa irraa gara waa barreessuutti taree ykn ce'ee, xiinxala isaa guduunfee, tolchee fi qindeessee yoo qopheesse oomisha beekkumsaa barreeffamaa yoo ta'u, isaa fi namoota birootiif kitaaba barreeffamee dhiyaate ta'ee tajaajila.

Waa dubbisuun tooftaalee ijaarsa xiinxalaa keessaa isa tokko yoo ta'u tooftaalee armaan olitti itti akeekuuf yaalle saniifis isa bu'uuraati. Isaanis yaadachuu. Yaadachiisuu, xiinxaluu, xiinxala, marii, gorsa, kora, qorannoo fi barnoota of keessaa qaba. Tooftaalee akkaan barbaachisaa ta'an keessaa hayyootaa, xiinxallitoota, haaromsitoota, hayyoota falaasamaa, namoota muuxannoo bareeda qaban hordofuu fi isaan kanneen barbaaduuf

imala taasisuu, isaan dhageeffachuu fi isaan irra barachuun hedduu barbaachisaadha. Yeroo dheeraan dura nabiyyootaa fi ergamtoonni Rabbii maddeen qajeelumaa fi beekkumsaa turan. Isaan boodaa dhaloonni qajeelfama nabiyyootaa fi ergamtoota dhaaluun hanga guyyaa har'aa geennu kanatti dirqama isaaniitiin dhaabatanii jiru. Isaan keessaa gareewwaan fiqhii, manneen barumsa xiinxalaa fi amala gaarii fa'a adda dureedhaan kaafamuu ni danda'u. Armaan gaditti suuraa karoora kaartaa tooftaalee ijaarama xiinxalaa ibsan ilaalla:



Armaan gaditti boca walitti makamaa kaartaa maddeen ijaarsa xiinxalaa, dhimmootaa fi tooftaalee isaa:



## Afraffaa: kaartaa madaalli ijaarsa xiinxalaa

Dalagaan madaalli ga'umsa sagantaa tokkootiif godhamu, dalagaa sagantaa ijaaranii hojitti jijjiiruutii gadii miti. Meeshaan barbaachisaan madaalli ga'umsa ijaarama xiinxala ittiin beekuuf itti fayyadamnu maaliidha? Yoom fayyadamna? Ijaarsa beekkumsaa bifaa fi sadarkaa barbaadamuu namoota dhuunfaa, garee fi hawaasa biratti ijaaruudhaaf wanti murtaawaan irraa ka'amuu qabu maaliidha? Ijaarsa xiinxalaa keessatti madaalli seera qabeessa lafa kaayuu ni dandeenna? Amalli akkaataa fi lakkoofsa madaallii kana keessatti fayyadamuu dandeennu maaliidha? Madaalli akkamiituu dhimma kanaaf ta'a?

Qaroomni Islaamota Araba ammayyaa barnoota akkaadaamii irraa kaanee yoo laallee dameelee hedduu keessatti meeshaalee madaallii seera qabeessa hin qaban. Dameen dadhabbinni madaallii kanaa itti mul'atan madaalli damee sammuu fi lubbuuti.Biyyoonni Islaamaa muuxannoo mataa isaanii kaayyoo, qabiyyee fi tooftaa adeemsa baruuf barsiisuu guddisuu danda'an jiraatanis muuxannoon maadaallii irratti qaban hedduu dadhabaadha.

Yeroo waan ijaarsa xiinxalaa haasofnu keessatti gosoota madaallii fi qormaata hangam akka itti hajamnu mirkaneessuun nu rakkisa.Innis nama dhuunfaas ta'ee garee biratti madaalli dalagaa xiinxalaa fi akkaataa kaartaa ijaarama xiinxalaatti madaallii qabiyyee murtaawaa ijaarsa xiinxalaa keessatti namni tokko qabu beekuudha. Adeemsa madaallii xiinxalaa beekuudhaaf, dandeetti xiinxala beekkumsaa madaaluudhaaf, madaallii fi qormaata nu qarqaaraan fayyadamuu ni dandeenna.

Dandeettii xiinxala amansiisaa, Dandeettii waa kalaquu, Dandeettii waa falmuu, Dandeettii sanduuqaan ala yaaduu, fi dandeettii rakkoo hiikuu fa'as fayyadamuun ni danda'ama.

Akkaataa fi haalli madaalliwwan kanaa warra dhihaa biratti maddi isaa saayinsii xiin-sammuu fi barnootaati. Biyyoota keenna keessattis damee kana ilaalchisee madalliwwan kana lafa qabsiisuudhaa fi dirree baruuf barsiisuu keessatti tattaafiin guddaan taasifamaa jira. Garuu dameelee heddumminaan dhimma kana irratti dalagan damee herreegaa, afaanii fi saayinsiiti. Hangi wahii damee barnoota hawaasummaa keessattis ni jira.Wanti hedduu muraasa ta'e wahii immoo damee barnoota saayinsii Islaamaa fi xiinxala Islaamaa keessatti faca'ee argama.

Sammuun nama Muslimaa dirreewwan hedduu kan akka adeemsa xiinxalaa, xiinxala dagaagsuu, damee xiinxalaa keessatti meeshaa muuxannoo fi ga'umsa ittiin madaalan lafa kaayuu fi uumuu keessatti adda dureen kaafamu. Barnoota amantaa Islaamaa keessatti dameen barnoota hundee beekkumsaa (usuul alfiqhi) jedhamuu barnoota akkaan bareedaadha. Addeemsi xiinxala barnootaa argaa, dhageettii, madaallii fi muuxannoo irratti hundaawe osoo hawaasni biraa hin beekin ummata Islaamaa biratti dhalatee dagaagee guddatee jira.

Fakkeenyaaf hayyuun Ibnu Kulduun jedhamu haala lubbuu namaa fi yeroo san dirree irra jiru ibsuudhaaf oduu seenaa fayyadamuun adda isa taasisa. Kanaaf kan biroos wanti inni mirkaneessu sammuun nama Muslimaa adeemsa xiinxalaa, fi meeshaalee madaalli isaa guddisuu fi dagaagsuu keessatti

sammuu nama kamiitiiyyuu gadi akka hin taane ibsa. Qur'aanni kabajamaa fi hadiisni ulfaataan adeemsa xiinxalaa too'achuu fi guddisuu keessatti maddeen akkaan durummaa qabani

**Madaallii ijaarsa xiinxalaa tolchuuf kaartaa kaayame**

**1. Jechoota, mata duree fi maqaa maddeewwan isaa beekuu**
   a) Kitaabota saayinsiiwwan Islaamaa
   b) Maddeen sagantaa ykn manneen barnoota xiinxalaa
   c) Maqaa xiinxallitootaa
   d) Taatewwanii fi haala yeroo irratti aadaa walii galaa
   e) fi kkkf

**2. Qabiyyee fi amaloota wantoota asiin olii beekuu (yoo xiqqaa tenaannoo jecha 100 )**
   a) kitaabota
   b) Namoota ykn hayyoota.
   c) Dhaabbilee fi manneen barnoota xiinxalaa
   d) Taatewwanii fi dhimma yeroo ammaa

**3. Shaakallii xiinxalaa**
   a) Sadarkaa xiinxalaa irratti: hubannoo, xiinxaluu, xiiyyeeffachuu fi madaaluu
   b) Gosoota xiinxalaa: kan egeree, kan baratame, kan wal-guutaa fi kaayyooffamaa ta'an beekuu

**4. Sagantaa guddinaa**
   a) ijaarsa xiinxalaa keessatti wantoota guddisuu qabnu beekuu
   b) akkamitti waan barbaannu guutachuu akka qabnu murteessuu
   c) karoora waan hanqate kana guutuuf nu qarqaaru kaayachuu

**5.fi kkf**

**shanaffaa: kaartaa seenaa xiinxalaa**

Namoota dhuunfaas ta'ee hawaasni tokko yeroo murtaawaa keessatti wanta inni dabarsee fi galteewwan isa muudatan dameen qoratu barnoota seenaati. Haala hawaasummaa, diinagdee fi siyaasaas of keessatti hammatee jechuudha. Haalli qorannoo seenaa kuni duudhaa fi amantii bifa of keessatti hammateen qarannoo xiinxalaas gochuu ni danda'a. Taateewwan seenaa xiinxala nama dhunfaa fi faca'iinsa sochiilee xiinxalaa bakkaa fi yeroo murtaawaa ta'e tokko kan ibsuudha. Wanti asitti nu fayyadu keessaa gareewwan xiinxalaa yeroo gara yerootti hundeeffaman kaafnee ilaaluudha. Kunis wanta isaan irratti wal qaxxaamuranii fi qabxii isaan addaan baasuu kaafnee ilaaluuf nu qarqaara. Kana yoo beeyne yeroo san keessatti gahee gareewwan kunniin haala qabatama ummataa, qaroomaa fi aadaa bocuu keessatti qaban akka hubannu nu taasisa. Dhimmi kuni kan bifa addaatiin mata duree saayinsii seenaa xiinxalaa jedhu jalatti qoratamuu qabuudha.

Dameen saayinsii seenaa xiinxalaa jedhu kuni damee xiinxalaa keessaa isa tokko.Kanaaf namni damee kana keessatti ogummaa isaatiin leenji'e, saayinsii kana hordofuudhaan qabxii dameen kunii fi xiinxala irratti walii galanii; addaan bahan qoratee lafa kaayuu qaba. Qorataa fi qu'ataan damee kanaa ijaaramaa fi diigama aadaa akkasumas qarooma ilma namaa qoratee beekuudhaaf wonti isa qarqaaru dameen xiinxalaa yeroo hedduu jijjiirama adda addaatiif hin saaxilamu.[2]

[2] Fakkeenyi damee xiinxalaa: xiinxala guddina qaama namaatii ykn yaada daarwiin jedhamee kan beekkamuudha, jalqaba irratti haala guddina lubbu

Wanti hedduu barbaachisu namni hunduu damee ogummaa isaa keessatti guddinaa fi dagaagina xiinxalaa hordofuu qaba. Beekkumsi ogummaa tokko keessa tasa kan qabsiifamee osoo hin taanee taateewwan yeroo hedduu walitti tuulamaniini. Taatewwan kunniin xiinxala bifa yeroo murtaawaa wahii keessa uumamanii seenaan galmeessee kaaheedha.

Waan siyaasaa dubbachuu yoo barbaannu xiinxala siyaasaa biyya Faransaayitti uumame ilaalla. Kunis seenaa xiinxala siyaasaa biyyoota Awurooppaa fi Giriikii keessatti hanga jaarraa 18ffaatti kan baldhinaan seeneffaman irraa kan dhufe yoo ta'u xiinxala siyaasaa ammayyaa hanga yeroo dhihootti jiran guddisuudhaaf gargaara. Xiinxalli siyaasaa biyya Faransaay kuni gara afaan Arabaatti hiikkamee gaazexaa sadi irratti mata duree seenaa xiinxala siyaasaa jedhuun maxxanfamee jira. Barreeffamni kuni garaagarumaa adeemsa siyaasaa fi xiinxala siyaasaa addaan baasee ibsa. Seenaan adeemsa siyaasaa kutaa seenaa xiinxala siyaasaati. Seenaan xiinxalaa; seenaa dhaabbilee, hawaasaa, haala yeroo, adeemsa diinagdee, falaasamaa, amantii fi seenaa ogummaatiin addaan bahamee hin dubbatamu.

## Jahaffaa: Kaartaa Xiinxala Ji'oogiraafii Fi Ji'ogiraafii Xiinxalaa

Jechi xiinxala ji'ogiraafii jedhu beekkumsa ilmi namaa dachii tana irraa argatee fi bifa saayinsiitiin galmeessee kaahe bakka

---

qabeeyyii kan ibsitu turte. Garuu yaadni kuni damee saayinsiiwwaan biroo keessa faca'ee argama. Barnoota baayilojii, saayinsii hawaasaa fi siyaasaa keessattis faca'ee jira.

bu’a.Saayinsiin kuni seenaan isii beekkamaan waggoota 4000 ol kan ta’eedha. Jechi kuni xiinxala fi yaadota falaasamaa akkamitti dacheen akka uumamtee fi haalli jiruu isii irratti maal akka ta’e kan ibsu of keessatti hammatee jira.

Garuu jaarraa 20ffaa keessaa qorannoowwaan bakka guddaa kan kennaaniif dachee osoo hin ta’in jiruu ilmi namaa dachee tana keessatti qabuudha. Hubannoon qabeenyi dachee keessa jiru xiqqaa ta’uu ibsu mul’ataa dhufee jira. Qorannoowwan gadi fageenyaan rakkoo hiyyuummaa, barbadaa’insa naannoo fi qabeenya uumamaa faalaa dhufe irrati taasifaman yeroo irraa gara yerootti dabalaa dhufee jira. Xiinxala ji’oogiraafii fi qarannoon naannoo uumamaa adda dureedhaan kan irratti xiyyeeffatu haala jiruu hawaasummaa fi diinagdee ilma namaati.

Yoo xiinxalli ji’oogiraafii dhimmoota saayinsii ji’ogiraafii fi dameewwan isaa kan qoratu taate; dhimmoota sanneen keessa mata duree hariiroo ilma namaa fi naannoo ji’ogiraafii murtaawaa jidduu jiruu irratti xiyyeeffata. Hariiroon kuni karaalee hedduu of keessa qaba. Hubannoowwanii fi jechoonni hedduun keessatti argamanii jiru.Isaan keessaa jecha ji’ogiraafii xiinxalaa jedhuudha.

Qorannoowwan ammaayyaa dhimma kana irratti naannoo ji’oogiraafii adda addaa keessatti ijaaramsi xiinxala hawaasaa kan argameef; dhiibbaan ji’oogiraafii bakkaa, qilleensa fi gaarreen inni qabuu irraa kan dhufu osoo hin ta’iin bu’aa wantoota biroo akka ta’e mirkaneessanii jiran.

Wanti kitaabni ‘ji’ogiraafii xiinxalaa’ jedhu of keessatti hammatee bara 2002 bahe, qorannoo gadi fageenyaa xiin-sammuu qaroomaa jedhamee laakkaawama. Koloneeffattoonni biyyoota Awurooppaa erga dachii baldhaa addunyaa kana irratti koloneeffatanii sammuu hawaasa dachii san irra jirus koloneeffatuuf yaalii godhanii jiru. Kanaaf xumura jaarraa 19[ffaa] fi jalqaba jaarraa 20[ffaa] keessatti hayyoonni Awurooppaa fi Ameerikaa qaronnoo xiin-sammuu fi hawaasummaa irratti xiyyeeffatanii jiru, keessumaayyuu dagaagina dandeettii sammuu ilma namaa fi madaallii cullummaa isaa irratti xiyyeeffatanii jiru.

Dhimmoonni ji’oogiraafii xiinxalaa dameewwan adda addaa ji’ogiraafii ilma namaa irratti qoodamu. Fakkeenyaaf ji’oogiraafii siyaasaa fi ji’oogiraafii qaroomaati. Fakkeenyi Ji’oogiraafii siyaasaa qaronnoo hubaatii ji’oogiraafiin naannoo yaadaa fi dalagaawwan siyaasaa irratti qabu kan qoratuudha. Ji’oogiraafiin qaroomaa barbaachisummaa ji’ogiraafiin haala ilma namaa ibsuu keessatti qabu qorata. Qarannoo fi kitaabonni hedduun mata duree kanaan barreeffamanii bahan hedduutu jira. Isaan keessaa kitaaba Maayik Karaangi mata duree ji’oogiraafii qaroomaa jedhee barreesse kan afaan arbaatti hiikkame akka fakkeenyaatti kaasuu ni dandeenna.

As irratti wanti yaadachuu qabnu wiirtuu hubannoo, qorannoo falaasamaa, miidiyaa fi amantiiti hubannoo mul’ata addunyaawaa jedhamuuti. Mul’anni addunyaa kuni akkamtti aadaa fi sadarkaa qaroomaatiin waldhaba. Dhimmi mul’ata addunyaa seenaa xiinxalaa keessatti boqonnaa guddaa fi qajeelfama aydiyoolojii adda addaa kan akka Rabbiin tokkochoomsuu, Rabbitti waa

dabaluu, uumamaa fi tokkummaa jiruu keessatti bakka guddaa qaba. Wanti asitti ifaan mul'atu jechi mul'ata addunyaa ilaalchaa amantii fi falaasafama waliin wal keessa seenan, jechoonni diinii kan akka iimaanaa, aqiidaa, ilaalcha walii galaa xiinxala hubannoo adda addaa fi amantii kan gaafii jireenyaaf deebii kennan yoo ta'an, jechi mul'ata Islaamaa jedhu kun dhimmuma kana baldhinaan ilaaluuf yaalii taasisa.

## Torbaffaa: Seera Xiinxala Ittiin Fudhatan

Erga Rabbiin nama uumee bakka bu'ummaa dachee tanaa taasisee booda, dandeettii mataa ofii fi waan naannoo isaa keessa jiru akka hubatuuf bilisummaa keenneefi. Itti gaafatamummaan ilmi namaa guyyaa xumuraa Rabbiin duratti itti gaafatamu, itti gaafatamummaa dhuunfaa erga godhee dandeettiin ilmi namaa waa hubachuu fi qayyabachuuf qabu wal dhabuun waanuma baratamaadha. Ijannoon ilmi namaa badii dalaguu fi tola dalaguu keessatti qabus wal dhaba.

Islaamumaa keessatti nabiyyiin Rabbii hubannoo waan tokko fudhachuu fi mari'achuu ibsuu keessatti fakkeenya gaarii turan. Namni tokko jiruu isaa keessatti waa'ee shari'aa Rabbii amantii fi ibaadaa mormii tokko malee fudhachuu qaba.Garuu yoo dhimma muuxannoo jiruu taate, yaada hiriyyoota ofiis yoo yaada isaa kan caalu taate fudhachuu qaba.Asitti wanti hedduu barbaachisu dhimmoota akkanaa irratti mari'achuudha.

Madaalliin yaada namaa fudhachuu fi seerri isii namoota jiddutti garaa garummaa guddaa qaba. Namni gareen ta'ee, dhuunfaan yaadan dhimmoota amantaa fi duniyaa irratti wal dhabuun waan

beekkamaadha. Akka sadarkaa xiinxala Islaamaatti hawaasa adda addaa irraa namoonni hundi bu’uuraa walii gala irratti walii galuu fi yaada biroo akka fudhatanisaan godhutuu jira. Bu’uurri walii gala kuni yaadaa tokko fudhachuu fi diiduudhaaf akka qajeelfamaatti taajaajilan. Garuu hiikkaa jechoota Qur’aanaa keessatti garaa garummaatu jira. Akkasuma yaaddan jechoota Hadiisaa tokko tokko irraa dhufan jidduuttis garaagarummaan ni mul’ata.Kunis kan dhufuu danda’eef bifti haala yeroo ittiin hubannee Hadiisa ykn Qur’aana itti fayyadamnu garaa garummaa waan qabuufi.

Yeroo seera yaada nama biraa fudhachuu irraa haasofnu, dhimma bilisummaa yaadaa fi seera isaa dhiisuu hin dadeennu. Yeroo hedduu dhimmi kuni bilisummaawwan birootiin walitti makama. San keessaa bilisummaa amantii, bilisumaa yaada ofii ibsachuu fa’a kaasuun ni danda’ama. Wanti adeemsa xiinxalaa keessatti argamuu danda’u wanta nu fiqhii keessatti barreessinee dhiyeessineen wal dhaba. Garuu seerri guddaan rakkoo kana hiiku danda’u murtiilee fiqhii gara fatwaatiin dhuftuu miti. Seerri guddaan asitti barbaachisu waan kaayyoowwan walii gala shari’aa Islaamaa namoota dhuunfaa, hawaasaa fi akka walii galaatti ilmaa namaatiif mirkaneessituudha.

# BOQONNAA SHAN: XIINXALAA FI AFAAN

**Seensa:**

Dandeettiin afaanii afuri isaanis: dhageeffachuu, dubbachuu, dubbisuu fi barreessuudha. Kitaabni kamiyyuu waa’ee xiinxalaa barreessee dandeettiwwan afaanii armaan olitti dubbanne kana tokko ykn hunduma isaanii osoo hin fayyadamne bira taruu hin danda’u. Hayyoonni afaanii dandeettiwwan afran kana ijaaruu fi dagaagsuu keessatti tartiiba kanaan lafa kaayani. Dhageeffachuu fi dubbisuun ijaarsa xiinxala ilma namaa dagaagsuu keessatti gahee guddaa qaban. Garuu ijaarsi kuni akka jiru kan beekkamu yoo namni dubbate ykn barreesse qofa.

Afaan gabatee xiinxalli keessatti wal gahu yoo ta’u xiinxalli immoo qabiyyee gabatee san keessatti wal gaheedha. Qabiyyeen boca gabatee kanaa qabatee daangaa isaatiin daangeffamee ifaa fi qulqullummaan isaa ykn ifa galuu dhabuu fi gaarii ta’uu dhabuu isaa ibsa. Kanuma ta’uu wajjiin wanti shakkii hin qabne hariiroon afaan xiinxala wajjiin qabu hariiroo wal deeggarsaa fi wal guutuuti.

Hariiroo wal deeggarsaa yoo jennu wal irratti dhiibbaa waan fidaniifi. Hariiroo wal guutinsaa yoo jennu isa lamaanuu waan wal barbaadaniifi. Afaan ilmi namaa xiinxala isaa baasee akka ibsatu godhuun xiinxala tajaajila, xiinxalli dhimmoota namni irratti wal qunnamu ta’ee argama. Bifuma wal fakkaatuun xiinxalli afaan kan tajaajiluun jecha akkaan ergaa fi ibsa gahaa qabu filatuudhaani. Kunis afaan jechoota, hiikkaa fi qajeelfamoota biroo isaan hiikanii fi isaan qajeelchan haarawa

akka hin barbaanne godhuun afaan duroomsa. Xiinxalli afaan uumee afaanuma saniin deebisee of uuma.

**Tokkoffaa: Seenaa Keessatti Hariiroo Afaanii Fi Xiinxalaa**

Hariiroo afaanii fi xiinxalaatti yaadahuun seenaa ilma namaa keessatti jaarraalee hedduutti deebi'a, osoo maddeen amantaatti deebinee wanti Qur'aana keessatti dubbatame nu gaha, kunis hariiroo kallattii akka qaban ibsa.

﴿ وَعَلَّمَ ءَادَمَ ٱلْأَسْمَآءَ كُلَّهَا ﴾ البقرة: ٣١

*("Aadamiin maqoota hunda barsiifne"al-baqara: 31)*

Rabbiin guddaan erga barbaachisummaa uumama ilma namaa ibsee booda, barbaachisummaa waan ifa galaa akka barsiise ibse. Kunis aayaa lama walitti fuftuu taate keessatti kan ibsamteedha.

﴿ٱلرَّحْمَٰنُ ۝١ عَلَّمَ ٱلْقُرْءَانَ ۝٢ خَلَقَ ٱلْإِنسَٰنَ ۝٣ عَلَّمَهُ ٱلْبَيَانَ ۝٤﴾ الرحمن: ١ - ٤

*(Rahmaan Qur'aana nama barsiisee, ilma namaa uumee,*
*haasawa isaan barsiise*
*Rabbiin aayaa takka keessatti arrabba fi waan ifa gala walitti*
*hidhee jira. Arahmaan 1-4)*

﴿ وَمَآ أَرْسَلْنَا مِن رَّسُولٍ إِلَّا بِلِسَانِ قَوْمِهِۦ لِيُبَيِّنَ لَهُمْ ﴾ إبراهيم: ٤

*Ergama tokkoyyuu hin ergine isaan afaan ummata sanii*
*haasawan malee, kunis isaaniif ifa godhuufi. (Ibraahim: 4).*

Barreeffamoota seenaa ilma namaa keessatti immoo jechoonni hedduu barbaachisoo ta'an jaarraa Sookraatii fi Aristootil akkasuma namoota isaan booda dhufan falaasifamoota biyyaa Giriikii fi Roomaa keessa barreeffamoonni argamanii jiru. Barreeffamni kunis gaafiiwwan baratamoo fi beekkamoo ta'an

irratti kan mari’atameedha. Isaan keessaa jalqaba afaanii seera fi ijaarama isaa fa’aadha. Jechi seenaa xiinxala warra dhihaa keessatti beekkamaan ***(logos)*** jedhamuyyuu akka inni afaan, xiinxalaa fi sammuu bakka bu’uuf itti fayyadamanii jiru.

Duudhaa Islaamaa keessatti jechoonni jalqaba afaan ibsan, hariiroon afaan xiinxala, hubannoo fi qayyabannoo waliin qabu qajeelatti ibsan hedduutu argama. Akkasuma baldhina ijaarama afaan Arabaa, dagaagina isaa fi gahee inni qabiyyee Qur’aanaa keessatti qabu dalagaaleen ibsan heddutu jira. Dalagaa sanneen keessaa kan ubayyi Al-Aswad Alduulii Ibni Abi Ishaaq Alhadramii, Isaa Ibnu Umar, Faraahiidii,Siibawee, Ibni Jinni, Jaahizii fi jarjaanii kaasuun ni danda’ama.

Hayyuun Ibnu Kulduun jedhamu biratti afaanonni qabeenya tolfamuudha. Jechuun barachuu fi ijaaruun horachuun ni danda’ama jechuudha. Qabeenyummaan afaanii kuni ilma namaatiif mirkanaahuu kan danda’u, yoo walitti fufiinsaan dalaganiidha. Qabeenyummaan kuni namni afaan kana dubbatuu fi dhageeffatu dandeettii waan dogoggoraa fi sirrii addaan baasu akka goonfatu taasisa. Kunis seera wahiituu fayyadamee osoo hin taane waanuma baratamaa gareen afaan kanaa irratti walii galan irratti hundaa’eeti.

Hariiroo xiinxalaa, beekkumsaa fi afaanii yoo ibsinu tattaaffiin hayyoota muslimaa argama qabatamaa, argama sammuu fi argama arrabaa hariiroo kanniin addaan baasanii ibsuuf taasisan turan. Tattaaffiiwwan sanniin keessaa kan filannu jecha Abuu Haamid Al Gazaalii kaasuun ni danda’ama. Wanti kamuu argama

qabatamaa qaba, argama sammuu qaba, argama arrabaa qaba, argama qabatamaa kan jennuun argama jalqabaa fi isa dhugaati, argama sammuu kan jennu argama beekkumsaati, argama arrabaa kan jedhamu argama jechaa fi qajeelfamaati.

## Lammaffaa: Ibsa Jidduu Xiinxalaa Fi Afaanii

Jechi ibsa (baayaan) jedhu jecha Qur'aanaati, jechi kanaa fi kan isa irraa madde Qur'aana keessatti bakka (257) bifa maqaa fi xumuraatiin dhufee jira. Qur'aanni kitaaba ibsaa fi ifaati, afaan qulqulluu Arabaatiin bu'e. Keeyyatoota isaa ifa galaadha. Ergamtoonni hundinuu gara hawaasa isaaniitti yeroo ergaman akka hawaasa saniif waan barbaachisu ifa godhaniif afaan qulqulluu ummanni sun dubbatuun ergaman.

Qur'aana keessatti bakkeewwaan ergaan jecha ibsa(baayaan) jedhu itti dhufe yoo xiinxallinu jechi kuni kan ergaan isaa hin beekkamnee fi qajeelfama hin dabarsine ta'uu dhabuu mirkaneessina. Inumaayyuu keeyyatoota ifa galoo ta'an, hubatamoo, qayyabatamoo fi ifaan kan mul'ataniidha. Qur'aanni afaan hawaasni suni hiikkaa isaa beekuun kan dhufeedha. Kana waliinuu sadarkaan jechoonni isaa ittiin ibsaman hanga namni biraa ibsuu hin dandeenne gahee jira.

Imaam Ashaafi'iin haasawa isaanii keessattii namoota waa'ee jecha ibsa Qur'aanaa jedhu irraa dubbatan keessaa isa jalqabaati. Innis kitaaba isaanii (Alrisaalaa) jechu keessatti akkana jedhee dubbate, jechi ibsa (baayaan) jedhu maqaa walii galaa kan hiikkaawwan dimshaashaa fi bu'uuraa dameelee adda addaa qaban kan bakka bu'uudha. Ergasii Qur'aana keessatti ibsa

(baayaan) murtiileef ta'u bakka shanitti qoodee lafa kaaye. Gariin isii ibsa keessatti kaan caalan.

Hiikkaa dubbii kanaa ibsuu fi ergaa isaa hubachuudhaaf hayyuun Al-Jaahizii jedhamu gosa shaniin ilaaluun ni danda'ama jedhan. Jechi ibsa jedhu maqaa walii galaa, hiikkaa jechootaa fi hima keessatti dubbatamee kan sii saaquu danda'uudha. Gosti ergaa hiikkaa kanniinii jechas ta'ee jechaan ala kan jiran bakka shanitti qoodamu. Isaanis: jecha, akeekkaa, walii galtee, barreeffamaa fi wanta *nasbaa* jedhamu fa'aadha. Hundi isaaniituu hariiroo xiinxallii fi hiikkaa gosoota afaanii kan dubbataman, kan dhageeffataman, kan ilaalamanii fi kan barreeffaman qabu irratti qajeelcha kenna.

Hayyuun Kaxiib Albagdaadii jedhamu Hadiisa nabiyyii Rabbii (saw) *beekkumsa barreeffamaan hidhaa* jedhu jechoota walitti dhiyoo ta'an fayyadamee haala jahaan gabaasee jira. Isaan keessaa gabaasa Abdallah Ibnu Umar ergamaan Rabbii (saw) akkana jedhan *beekkumsa hidhadhaa, akkamitti hidhannaa yaa ergamaa Rabbii jedheen? Barreeffamaan naan jedhan.*

Aartii afaanii keessatti barreeffamni iddoo guddaa qaba. Hayyuun Ibnu Kaldoon jedhamu dhimma barreeffamaa ilaalchisee barreeffamni wanta namni tolche keessa kabajamaa akka ta'e akkana jechuun ibse: barreeffamaa fi waraqaan inni irratti barreeffamu dhimma ilma namaa kan eegu, daguu irraa kan tiysu, miira lubbuu namaa namoota birootiif kan dabarsu, bu'aawwan xiinxalaa fi saayinsii kan galmeessuu fi hiikkaa jiruu ilma namaa kan ol fuudhuudha.

**Sadaffaa: Yaad-Rimee Hariiroo Xiinxalaa Fi Afaan Jidduu Jiru**

Xiinxalli dalagaa onnee, hawaasaa fi afaaniiti. Kanaaf dhimmi isaa qoranoo damee saayinsii xiin sammuu, hawaasaa fi saayinsii afaanii irratti adeemsisuu gaafata. Gara biraatiin immoo saayinsiiwwan kanniin damee saayinsiiwwan biroo keessatti dalagaa irra oolchuu barbaachisa. Bakka kanatti dameelee saayinsii akka miidiiyaa, siyaasaa, diinagdee fi kkf fa'a kaasuun ni danda'ama. Duri irraa jalqabee falaasama keessatti dhimmi hariiroo xiinxalaa fi afaanii ibsu, dhimmoota akkaan barbaachisaa ta'aniidha. Saayiinsii qabataamaa (ilma almanxiq) jedhamu damee falaasamaa yoo ta'uu waa'ee saayinsii xiinxalaa kan qoratuudha. Afaan meeshaa waa'ee xiinxalaa ittiin ibsataniidha. Kunis hiikkaa xiinxalli itti nama geessuudha.

| Lakk | Yaad-rimee | Maqaa hayyuu | Du’a isaa | Yaada yaad-rimee (tiyoorii) |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Amala | Wasxoon fi Sakinir | 1958 fi 1985 | Afaan gosa amala gaarii yoo ta’u namni tokko karaa akkeessuu fi irra deddeebi’ee dubbachuutiin kan argatuudha. |
| 2 | Ijaarama ibstimoo lojiyaa | Biyaajiyaa | 1980 | Afaan seenaa xiinxalaati. Afaan guddina baaylojii yoo ta’u xiinxalli afaan dura jira. |
| 3 | Reeshoo fi xumura afaanii | Saabiir fi wawaraf | 1939 fi 1941 | Dalagaa afaanii, walitti dhufeenyaa fi irra deddeebi’iinsa. Afaan xiinxala boca, ijaaramsi sirna afaanii mul’ata addunyaa boca. |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 4 | Ijjannoo baaylojii walii galaa | Tooshoom ooksii | ----- | Afaan sadarkaalee gubbaa irraa addaa addaa fi sadarkaalee gadi fageenya waliinii qaba. afaan bu’uura uumaa ilmi namaa walitti qabuudha. |

Afaan qorannoowwan saayinsii hawaasummaa, xiin sammuu fi yaad-rimee saayinsiiwwan lamaan kanniinii gaggeessuu keessatti gahee ol’aanaa qaba. ijaarama xiinxala muslimaa tasgabbaahaa ijaaruudhaaf jechoota dimshaasha yaad-rimeewwan kanniinii ilaaluun faaydaa guddaa qaba. yaad-rimeewwaan kanniin adeemsa wal guutinsaa beekkumsaa ilaalcha Islaamummaan addunyaaf qabdu irraa ka’uudhaan xiyyeeffannaa fi qayyabannaa guddaadhaan taasisuu qabna. Kunis wanta hayyuun xiin-sammuu Islaamaa beekkamaan Maalik Badrii jedhamu qorannoowwan isaa waa’ee xiin-sammuu hedduu keessatti fi dalagaawwan yaala lubbuudhaaf taasise irratti ittiin dhaabateedha. Ammas hayyuun kuni dhimma hariiroo afaanii fi xiixala jidduu jiru irratti hayyoota saayinsii xiin-sammuu biroo kan harriiroon cimaan xiinxala ilma namaa fi afaan jidduu jiru mirkaneessuu keessatti hedduu wal hin dhabu. Afaan nama biratti meeshaa wal qunnamtii fi walii galtee qofa osoo hin

taane, inni dhugaa afaan sirna ittiin buliinsa ilmi namaa xiinxala isaa keessatti fayyadamuudha.

Yaad-rimeewwan kana booda dhufan hariiroo afaanii fi xiinxala jidduu jiru hubachuudhaaf yaalii taasisanii jiru. Kuni gara fuul duraattis waan itti fufuuf dhimma kana yaad-rimeen tokko qofa goolabuu hin danda'u.Sababni isaas hayyoonni waa'ee dhimma kanaa qoratan saayinsii falaasafamaa, saayinsii hawaasaa fi xiin-sammuu adda addaa waan deeggaraniifi. Akkasuma xiyyeeffannaan ilaalchaa fi muuxannoon barnootaa dhimma kana irratti isaan qaban gara gara waan ta'aniifi. Garuu gara biraatiin yaad-rimeewwan hanga ammaatti jiran gahaadhaa miti.

Yaad-rimeewwan kunniin hundee damee dhimma kanaa ibsan malee hundaa isaatii miti.Kanaaf dhimmi kuni mariif, mormii fi tattaaffiif yeroo kamuu banaadha.Hayyoonni saayinsii uumaa, xiin-sammuu, saayinsii hawaasaa fi kan biroos qorannoo isaanii dhimma hariiroo xiinxalaa fi afaan jidduu jiru kan itti fufan ta'a. Kunis falaasafama uumamaa fi hawaasaa qofa irraa ka'uudhaan osoo qajeelfama wahyii rabbiitti hin deebi'in ykn qajeelfama Rabbiin biraa dhufe kana fudhatanii gaaddisa wahyii kana jalatti beekkumsa dabalataa yoo barachuu barbaadan qorannoo isaanii karaa lamaan kanaan itti fufu. Garuu xumara haasawa keenyaa waa'ee hariiroo afaanii fi xiinxalaa irratti goone kana osoo hin xumurin wanti tasgabbiidhaan dubbachuu dandeennu, bu'uurawwan dimshaashaa wal falmiin hedduun isaan irratti ka'uu hin dandeenneedha.

- Xiinxalli ilma namaa kamiyyuu afaaniin ala ibsamuu hin danda’u,afaan duroomsuu keessatti xiinxalli hirmaannaahin qabu jechuun salphaa miti. Kanaaf hariiroon afaanii fi xiinxala jidduu jiru hariiroo wal deeggarsaa fi wal guutinsaati.

- Rabbiin ol’aanaan nama jalqabaa Aadamiin abbaa dhala namaa godhee akka uume hundinuu ni amanna. Ergasii immoo qabeenya afaanii murtaawaa kenneefi, afaanota kana bifa sirrii fi barbaachisaa ta’een hunda isaa beekuun salphaa miti.

- Qabeenyuummaan afaanii uumama Rabbii fi dhaalaan ijaarama ilma namaa kanaaf kan dhufuudha. Innis meeshaa dhageettii, agartii fi haasawaatiin walitti kan hidhameedha. Hundi isaaniituu afaanii fi xiinxala walitti hidhuu keessatti shoora mataa isaanii taphatu.

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ لَقَدۡ خَلَقۡنَا ٱلۡإِنسَٰنَ فِيٓ أَحۡسَنِ تَقۡوِيمٖ ﴿٤﴾ ﴾ التين: ٤

*(“Ilma namaa kana haala gaarii fi gadi dhaabbataa ta’een uumnee jirra”. attain 4)*

- Yeroo jalqabaa irratti afaan dhala namaa afaan tokko ta’uun waan sammuu namaa biratti fudhatama qabuudha. Yeroon booda garuu ilmi namaa biyyoota ji’ogiraafii adda addaa keessa faca’ee jiraataa ture. Loqodni adda addaa uumamuun yeroon booda gara afaan wal irraa fagoo ta’an akka uumamu taasise.

- Ilmi namaa jaarraalee hunda keessatti afaan baratee, hubannoo waan naannoo isaa jiru ittiin ibsata. Kunis naannoo afaan keessatti dhalatee guddatee san irraa wanta dhaale fayyadamuudhaani.

**Afraffaa: Dandeettii Afaanii Keessatti Xiinxalaa Fi Guddina**
Afaan meeshaa wal qunnamtii, yaada ofii ittiin ibsatanii fi ittiin xiinxalaniidha. Namni tokko jechoota afaanii, himoota fi ijaarama isaanii hanga beekuun, xiinxala isaa tolchee, ragaadhaan deeggaree haala dhiibbaa nama irratti fiduu danda’uun bifa ifa galaa ta’een ibsachuu danda’a.Ilmi nama qabeenyummaa afaanii kana kan argachuu danda’u naannoo fi hawaasa keessatti guddatu irraayi. Garuu qayyabannoon namani qabu guddinaa fi jijjiirama afaan kana barachuudhaaf godhu keessatti faaydaan inni naannoo keessatti guddate kana irraa argatu dabaluu ni danda’a. Guddinaa fi jijjiirama afaan isaa kanas fiduudhaaf tooftaalee adda addaa fayyadama.

Afaan Arabaa keessatti Qur’aana kabajamaa barachuun dubbisuunis ta’ee haffazuun (sammuu keesati qabachuu) karaa fi tooftaa arraba qajeelchuu fi xiinxala duroomsuu keessatti mala akkaan filatamaadha. Hiikkaa barreeffamaa fi jechaa guddisuu keessatti gahee guddaa qaba. Hayyuun Ibni Asiir jedhamu gahee Qur’aanni afaan guddisuu fi misoomsuu keessatti qabu kitaaba isaa (almasal asaa’ir) jedhu keessatti ibsee jira. Waa’ee Qur’aana dubbisuu irratti yaada inni lafa kaaye keessaa: “Namni waa barreessu; barreeffama isaa sadarkaa tattaaffiitti yoo ol guddisuuf wantoota hedduu isa barbaachisan keessaa kan kitaaba kiyya kana keessatti dubbadhee fi kan akka utubaatti tajaajilan wantoota sadihi. Isaanis Qur’aana kabajamaa haffazuu, oduuwwaan nabiyyii Rabbii haffazuu fi walaloo afaan Arabaa haffazuu.”

Si’aa’inni xiinxalaa namoota jiddutti taasifamu tooftaalee adda addaa akka fayyadamnu nu taasisa. Gahee tooftaan tokko taphatu

tooftaan biraa hin taphatu. Si'aa'anni kuni qofti dubbisaafi haasawa afaanii irratti yoo gabaabatan gahaa miti. Barreeffamaa fi jechoota barreeffaman wal geeddaruu qofa irrattis yoo gabaabatan gahaa miti. Dubbisaafi barreeffamni wantoota wal guutaniidha. Sababni isaas;lamaan isaaniituu gahee adda addaa waan bahaniif.

Qarannoowwan saayinsii qabatama afaanii fi saayinsii afaan hawaasaa;jalqabni afaan hundaatuu haasawa afaanii akka ta'e mirkaneessanii jiru. Garuu dhalli namaa afaanota kumaatamaan laakkawamu argamsiisanii jiru. Afaanonni du'an jalqabuma irraayyuu afaan barreeffama mataa isaa hin qabneedha. Akka qorannoon kuni mirkaneessetti haasofni afaanii amala afaaniin walitti maxxanee addaan hin baane ta'uu raggaasisuun barreeffamni afaan saniif humna loqoda afaan biraa irraa adda isa taasisu akka qabaatu taasisa.

Gatii fi dhiibbaan barreeffamaa tokkoo yeroon booda beekkama. Osoo qabiyyeen barreeffama tokkoos diigamee badee dhiibbaan inni fiduu danda'u itti fufa. Garuu nama barreeffama kana barreesse kitaaba kam keessattu argachuun hin danda'u.Karaan kallatti jecha kana ittiin balleessan hin jiru, osoo gutumatti yaada kitaabaa barbadeessuun danda'ameeyyuu jechi kanaan dura jedhame ittuma deebi'amee jedhama. Jechi"kitaabni akkana jedhe"jedhu akka babaldhatuuf sababa kan ta'e keessaa isa tokko, kitaabni akkana jedhe jechuun, jechi kitaaba keessaa suni sirriidha jechuudha. Akkasuma sababuma wal fakkaatuun kitaabonni hedduun akka gubatan wantoota taasisan keessaa isa tokko.

Ilmi namaa teeknoolojii ammayyaa haasawaa fi barreeffamaa guddisuudhaan salphamatti yeroo barbaannee fi haala walitti fufaa ta'een dhageeffachuu fi dubbisuun akka danda'amu taasisee jira.

Inumaayyuu teknoolojii fayyadamuudhaan nama waa dubbisuu fi dhageeffatuuf, waan dhageeffatuu fi dubbisu waliin akka si'aa'uuf isa qarqaaru tooftaalee haarawa argamsiisee jira. kunis akka inni ibsa barbaadee gara mariitti, ykn waan dubbise fudhachuu fi diduu danda'uutti ceesisee jira. Kunis kan raawwate tooftaaleen tamsaasa elektiroonii haasawaa, marii, jechootaa fi kitaabota adda addaa toora intarneetii keessatti maxxanfamuudhaan wal qabateeti. Shakkii tokko malee namni si'aa'ina xiinxalaa qabu tokko aktiivistii, xiinxalaa, daa'ii fi haaromsaa yoo ta'es dirree banamaa kana osoo hin seenne fi qooda kennuus ta'ee fudhachuu keessaa kan hin hirmaanne hin jiru.

## Shanaffaa: Xiinxalaa Fi Afaaniin Taphachuu

Tattaaffii cooraa xiinxalaa fi afaanii irratti xiyyeeffatan beekuun dirqama. Qabiyyeen afaanii hiikkaawwan; gatii fi dhugummaa isii keessatti garaa garummaa qabaachuutu mala. Garaa garummaan kun yeroo tokko tokko kan uumamuun haala itti fayyadama afaan sanii fi ergaa inni dabarsuuni. Jechi kuni dhugaa ykn soba ta'uu ni danda'a. Sobni kun immoo wallaalaan ykn itti yaadamee ta'uu ni mala. Namni dubbataan wanta gaarii fi badaa ibsachuudhaaf jechoota isaa filata. Jechoonni waan ifaan mul'atuu ykn jecha dhokataa ta'uu danda'a.

Namoonni tokko tokko jechoota kana bakka isaa irra maqsuudhaan hiikka isaa geeddaran.Taphni kuni yaada xiinxallitootaa, barreessitootaa, mootummootaa fi dhaabbiilee idila addunyaa yoo jechoota, himoota, suuraawwan fi ergaa himootaa faallessuun hiikkaa biraa keennuufiin darbee darbee ni mul’ata. Kunis kan ta’uuf kaayyoo xiinxalaa fi siyaasaa murtaawaa ta’e wahii fiixaan baasuudhaafi. Fakkeenyi duubbii kanaa tattaaffii dhaabbanni mootummoota gamtoomanii miidiyaa biyyaafi alaa hedduu kaasuun ni danda’ama.

Xiinxalaa fi afaaniin taphachuun kuni tooftaalee adda addaa fayyadama dhufee jira. Kunis hanga sadarkaasammuu akka barbaadanitti bocuu fi onnee namaa hanga jijjiiruu gahanii jiru. Kana jechuun garuu namni tokko hawaasahunda keessatti wanta itti amanee fi aadaa isaanii keessatti baratan san dhiisanii; waan afaan dhiibbaa isaan irratti godheef qofa salphamatti jijjiiramuu ni danda’a jechuu miti.Namoonni hedduun hubannoo gahaa waan qabaniif kaayyoo fi ergaa haasawa afaanii salphamatti qayyabachuu ni danda’u. Kanaaf wanta yaadaa fi waan isaan itti amananiin wal faalleessu mormii fi wal dhaansoo cimaa taasisanii didu.

## Jahaffaa: Haasawaa Fi Dubbii Hafuuraa

Dhimmoota hariiroo afaanii fi xiinxala jidduu jiru ilaalchisee hayyoonni dubbii (ilmal kalaam) Muslimtootaa dubbii qabatamaa fi dubbii hafuuraa addaan baasanii kaahanii jiru. Jechi dubbii hafuuraa (kalaam al-nafsii) jedhuu Qur’aana kabajamaa keessatti haasawa Rabbii ibsuudhaaf dhufe. San booda haasawa ilma namaa fi Rabbii addaan baasuun danda’ame. Rabbiin wanti isa fakkaatu hin jiru. Warroonni waan duubbii hafuuraa kana

haasawan garee *ashaa'iraa* jedhaman yoo ta'an dubbiin (al-kalaamu) jechi jedhu, ibsa Rabbii ol'aanaa dhabamaa fi jijjiirama irra qulqulluu ta'ee bakka bu'a warra jedhaniidha. Dubbiin isaan jedhan kuni sagalee fi boca murtaawaa wahii kan qabu osoo hin taane ibsa dura jiruu fi kan amma uumame akka hin taane mirkaneessa.

Garuu qorannoowwan hedduun waa'ee dubbii ilaalchisee taasifaman gara dubbii namattis taranii jiru. Hayyoonni hedduunis irratti hirmaatanii jiran. Isaan keessaa: Adud al-diin Ihbii, Sa'ad Aldiin Taftaazaanii, Shariif Al-Jarjaanii, fa'a kaasuun ni danda'ama. Haasawa qabatamaa lubbuu fi sammuu si'aa'inna baldhinaan inni godhu walitti hidhanii jiru. Ilaalchi isaanii kuni dandeetti beekkumsaa afaanii baratamaa ta'ee bira taree jira. Kunis wanta dhokataa dubbii qabatamaan duuba jiruu beekuuf yaalii taasisanii jiru. Kunis argama dhugaa xiin-sammuu (psycholojical reality) sirna dubbii ilma namaatii fi seera dubbii ilaalcha hayyoota kanaa tattaaffii cimaa goonee lakkaawuu qabna.

**Torbaffaa: afaanota walittii makuu fi addaan baasuun, dhiibbaa inni maalummaa, qaroomaa fi xiinxala irratti fidu**

Qorattootni Arabaa qajeelfama jechoota 'afaan walitti makuu (diglossia) fi afaan addaan baasuu (bilingualism)' jechu irratti yaada gara garaa dhiyeessaa turanii jiru. Kunis kan ta'eef hubannoo jechoota kanniinii afaan Ingiliizii irraa waan hiikaniif ta'uu ni mala. Afaanonni warra Awurooppaa kan qorattoonni Arabaa irraa yaada ofii fudhatan jechoota tartiibaa fi qindoomina hin qabne fayyadamani. Dubbii kana baldhinaan hubachuudhaaf

jechii afaan walitti makuu jedhu kuni kallattiidhaan yoo ilaalle afanuma tokko keessa sadarkaan lama akka jiru hubanna. Fakkeenyaaf afaan Arabaa keessatti kan barreeffamaa fi loqoda hawaasaati. Dubbii kana uumamuudhaaf haalaa fi amala hawaasa afaan kana dubbataniitiin waan wal qabatuuf yoo xiqqaate dhaloonni sadi irra taruu qaba. Afaan addaan baasuu jechuun immoo afaan gara garaa lama jiraachuu irratti akeeka.

Afaan biyyaa kan mootummaa fi afaan biroo jechuudha. Afaan biroo kan jennuun kuni afaan biyya alaa kan namooni yeroo barbaadanitti naannoo murtaawaa wahii keessatti itti fayyadaman ta'uu ni danda'a. Tariitii afaan biyya sanii ta'ee hawaasni baldhaan itti kan fayyadamus ta'uu danda'a. ykn immoo namootni afaan lammaffaa kana bakka itti dhalatanii guddatanii fi karaa barnootaatiin argachuutu mala.

Qorannoowwan heedduun waa'ee afaan walitti makuu fi addaan baasuu ilaalchisee dhihaatan kan warri ogummaa barnoota xiin-sammuu, afaanii fi barsiisummaa qaban beekan heddutu jira. Qorannoowwan kunniin adda addummaa baay'ee argisiisanii jiru, kunis kan ta'eef maddeen saayinsii falaasamaa, hawaasummaa fi siyaasaa gara garaa irraa waan dhufaniif. Dameen maddeen saayinsii kanniinii adeemsa isaanii, qaronnoo naannoo fi muuxannoo mataa isaanii waan qabaniif. Akkasuma firiilee qorannoowwan waan gaariis ta'ee waan badaa damee barnoota kana irraa argaman, nama dhuunfaas ta'ee hawaasa tokko bocuu fi qindeessuu keessatti garaa garummaa guddaa qaban. Akkasuma wal qarqaarsa hawaasa tokkoo, tasgabbii fi

maalummaa isaa mirkaneessuu keessattis ga'een isaan bahan gara gara.

Wanti asitti nu yaachisu dhimmoonni lamaan kunniin dhiibbaa isaan xiinxala irratti qaban maaliidhaa kan jedhu fi Sadarkaa sirrii fi ifa galaa ta'een xiinxala tokko ibsuun salphamatti akka ergaa isaa hubatan nama taasisa kan jedhudha. Qarannoo afaan walitti makuu irratti gaggeeffame hedduun isaanii cimina waan qabaniif loqodni afaan tokkoo dhimmoota aadaa, xiinxalaa, falaasamaa ibsuu qofa irratti gabaabata. Namni dhimmaata armaan oli kana bifa sirrii fi ifa galaa ta'een dubbachuu barbaadu afaan Arabaa wal-tawaatti deebi'uu qaba.

Afaan walitti makuu fi addaan baasuun wanti nu yaadachiisu walitti makuu xiinxalaati. Walitti makamuun xiinxalaa maalumaa xiinxala hawaasa ammayyaa yeroo ammaan tana nuti keessa jiraannu kanaaf hammeenya guddaa qaba. Hawaasni ammayyaa kuni aadaa walitti makamtuu meeshaaleen miidiyaa fi sab qunnamtii adda addaa gahee guddaa keessatti taphataniidha. Aadaan tuni karaa ilmi namaa ittiin xiinxalu bocuu keessatti gadi fageenyaan hirmaatti. Hawaasni yeroo ammaa tana keessa jiraannu kuni naannoo maalummaa, deeggarsa amantii murtaawaa fi fakkeenya waan silaa fiixaan baasuu barbaaduu kan haasawu keessatti guddachuu waliin aadaan ammayyaa tuni garuu haalaa fi fakkeenya inni haasawu kana irraa hedduu fagaattee argamti. Aadaan ammayyaa tuni fedhiin qabeenyaa mallaqaa fi siyaasaa hedduuminaan keessatti kan dagaageedha.

Hammeenyummaa afaan walitti makuu fi addaan baasuu irratti akeekkachiisa kennuun afaan biraa ykn afaanota biyya ambaa akka hin baranne jechuudhaa miti. Afaan biraa barachuun qaroomina xiinxala nama tokkoo babaldhisuuf gargaara. Garuu jechoota afaan biroo hedduminaan haasawa keessatti fayyadamuun keessumaayyuu yeroo dubbii arrabaa waan faarfamaa miti. Xiinxala wahii afaan ofiitiin ibsuu dadhabanii afaan biraa fayyadamuun hanqina gaarii miti.

# BOQONNAA JAHAFFAA: WIIRTULEE OOMISHA XIINXALAA FI LAABRAATORII IJAARSA ISAA

**Seensa**:

Hawaasa ammayyaa keessatti Oomishni xiinxalaa hirmaannaa nama dhuunfaa fi kalaqa isaanii qofa irratti hin gabaabatu. Keessumaayyuu, hawaasa dhaabbilee muummee qorannoo fi qu'annoo hundeessuudhaan xiinxala oomishuu fi dagaagsuu irratti dalagan biratti xiinxala oomishuudhaaf nama dhuunfaa irraatti hundaawuun sirrii miti. Dhabbileen kunniin maqaalee gara garaa qaban, isaan keessaa, wiirtuu, dhaabbata, waldaya, giddu gala fi kkf fa'adha.

Afaan Ingiliziitiin dhaabbileen kunniin jecha (think tanks) jedhuun bakka bu'u. Jechi kuni gara afaan oromootti karaa gara garaatiin hiikamee jira, isaan keessa qajeelcha hiikkaa afaanii irratti kan hundaaweedha. San keessaa: taankarii xiinxalaa, kuusaa xiinxalaa, makaazina xiinxalaa, laabraatorii sammuu keessatti tolchanii fi kkf. Gara biraatii ibsa badaa kennaniifi warroonni hiikanis ni jiru. Isaan keessaa: sammuu lola xiinxalaa, warshaa meeshaa waraana xiinxaluu fi kkf fa'a. Namoonni hedduun hiikkaa qajeelfama afaanii kallattiidhaanmaqaa dhaabbata isaa taasisa, jechuun giddu gala qorannoo ykn wiirtuu qorannoo.

Dhaabbileen kunniin xiinxala kuusuudhaaf hin oomishtu. Xiinxalli wanti oomishamuuf qaamni xiinxalli kuni qophaaweef murtiilee barbaachisoo ta'an fudhatanii akka itti fayyadamaniifi. Kanaaf jecha qaamni fayyadamoo ta'an hundinuu dhaabbileen kunniin dalagaa isaaniitiin akka dhaabatan hawwii qaban.

Qaamonni fayyadamoo ta'an deeggarsa mallaqaa dhaabbilee kanaaf taasisani. Deeggarsi kunis dhaabbileen kunniin dalagaalee barbaachisaa ta'an kan akka wal gahii, koonfiransiiwwan fi maxxansa adda addaa qorattoonnii, beektonnii, fi ogeeyyiin dhimma qorannoo kanaa gaggeessan hundi dhaabbata kana keessaa fi isaan ala jiranis akkasuma biyya keessaa fi biyya alaa irraa namoota affeeranii akka hirmaatan taasisuuf oola.

Mata dureewwan qorannoo; dhaabbilee kanniin keessatti garaa garummaa guddaa qaba. Dhimmoota siyaasaa biyya keessaa, hariiroo idila addunyaa, dhimmoota diinagdee, gabaa fi misoomaa, dhimmoota naannoo, dhimmoota maatii, dhimmoota ijoollee, dhimmoota barnootaa fi kkf of keessatti hammata.

## Tokkoffaa: Kalaqa Dhuunfaa Fi Dalagaa Garee Jidduutti Xiinxala Dagaagsuu

Akka seenaan xiinxala dhala namaa akeekutti xiinxalaa fi oomishni xiinxalaa yeroo dheeraa irraa jalqabee dalagaa namni dhuunfaa ittiin dhaabatuudha. Garuu wantoonni jiruu hawaasummaa ilaalan tokko tokko xiinxala garee barbaachisa. Dhimma murtaawaa tokko irratti namoonni yaada wal jijjiiraniinamoota kanniin jiddutti xiinxala walii galaa irra gahuuf ykn xiinxaluma nama tokkoo deddeebisanii mari'achuun namoota mari'atan kana jidduutti yaada walii galaa irraa gahuuf tattaaffii taasifamuudha.

Kunis kan ta'u karoora gahee namoota xiinxala kana irratti hirmaatanii murteessuu fi karoora dalagaan deeggaramee bu'aa murtaawaa tokko mirkaneessuuf tooftaan lafa kaahamuu qaba.

Kunis ga’ee qu’annoo fi qorannoo dhaabbileen ogummaa kanaa qaban ittiin dhaabataniidha.

Gosoota xiinxalaa fi qorannoo adda addaa gareedhaan taasifamanii fi mariin barnootaa hedduu akka jiru seenaan darbe tokko tokko ni ibsa.Mariin Aflaaxoon fi Aristootil akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda’ama. Fakkeenyi ifa galaan marii Imaam Abu Haniifaa al-nu’maaniin barattoota isaa waliin taasisan kaasuun ni danda’ama, barattoota isaanii hundaaf dhimma wahii isaanii ibsee san booda hanga yaada kana bifa barbaadamuun hunduu hubatanitti mormii adda addaa irratti gaggeessu.

Erga dhimma kana kallattii barbaachisuun ilaalanii booda firii marii kanaa yaada ofii xumura irratti ibsaafi. Yaadni isaa kuni filatamaa waan ta’eef hunduu jaalatanii fudhatan. Adeemsi isaa kuni akka barsiisaa barattoota isaatiif barnoota kennuuti. Akkuma beekkamu fiqhii Abuu Haniifaan barumsa isaa keessatti barsiise namoonni barreessanii lafa kaayan hiriyyoota isaaniiti.

Namoota fiqhii sheeka isaa kana beerreessuudhaan beekkaman keessaa Imaam muhaammad Ibni hasan nama jedhamuudha. Innis waan firii wal mormii keessatti irra gahamee ykn waan hiriyyaa isaa Abii Yuusuf jedhamu irraa dhagahe barreessa. San booda waan barreesse kana Abii Yuusufitti argisiisa. Bifa kanaan fiqhii Abii Haniifaa dalagaa gareedhaan dalaganiin wal fakkaata. Obboleeyyan waliin baratan ciccimoo bifa maalummaan isaanii garee kana keessatti dhokatuun akka isaan ijjannoo fi yaada isaanii ibsatan filatee jira.

## Lammaffaa: Hundeeffama Giddu Gala Qorannoolee fi Kallattii Dalagaa Isaanii

Yaanni giddu gala dhaabbilee qorannoo bifa amma jiru kanaan hundeessuu kuni yaada haarawa waan ta’eef biyyoota Islaamaa fi biyyoota dhihaa keessattis baay’inaan hin argaman. Haajaan ummata akka dhaabbileen kunniin jiraatan taasisuun muuxannooleen akka dhaabbilee kana keessatti kuufaman godhee jira. Akkasuma haajaa fi muuxannooleen kuufaman kunniin dhaabbilee muummee ogummaa adda addaa damee jiruu ilma nama qoratan akka hundeeffamanis taasisee jira.

Maddeen seenaa; xiinxala addunyaa keessatti jalqaba hundeeffama giddu gala qorannoo ilaalchisee addaa addummaa guddaa qaban. Akka Loorand Riid jedhutti bara 1787 gareewwan namoota giddu gala qorannoo addunya keessatti isa jalqabaati jedhamu akka hundeessan dubbata. Kunis Toomas Kalaarsoon biyyaa Biriteen keessatti gamtaa daldala garbaa Afrikaa dhaabu yeroo hundeesseedha. Gamtaan kunis kaayyoo kanaaf qabsaawaa ture. Kunis dhugaa, yaada, xiinxalaa fi wantoota qabatamaa namni kamiyyuu mormuu hin dandeenne kan garbi Afrikaa irraa fidan dhiittaa, hidhaa fi qeeqama mirga dhala namaa irra gahe ifatti baasanii dubbachuudhani.

Bara 1831 biyyi Raashiyaa dhaabbata qorannoo waraana mootummaa jedhu hundeessite. Bara 1883 gamtaan qorannoo faabiyaan jedhamu magaala Landoonitti hundeeffame. Bara 1910 dhaabbanni nagahaa Kaarniig magaalaa Waashingiteen keessatti hundeeffame. Kanaaf maddeen hedduun akka akeekanitti dhaabbanni qorannoo bifa har’a beekkamu kanaan yeroo

jalqabaatiif argame giddu gala biroo kigizii kan bara 1961 magaala waashigteenitti hundeeffameedha.

Biyyoota addunyaa hunda keessatti giddu galli qorannoo fi qu'annoo qaama mootumma fi ministeerotaa isaa keessatti akka adda dureetti fudhatamaa dhufanii jiru. Giddu galli qorannoo kunniin ijaarama dhaabbilee biyyaa keessatti biiroo ministeerotaa keessa faca'anii argamu. Kunis dhimmoota ministeerota hunda ilaalatu irratti akka qorannoo fi qu'annoo gaggeessaniif isaan qarqaara. Giddu galli qorannoo kunniin baajata isaanii biiroo ministeerotaa irraa argatu, dalagaan giddu galli kunniin ittiin dhaabbatan daataa fi iyyafannoo bu'uura ta'an lafa kaayuun gabaasa qopheessuudha.

Yaada haarawa argamsiisuun adeemsa biiroo ministeera sanii fooyeesssuu ni danda'ani. Gara biraatiin dhaabbileen biraa qorannoo baldhaan kan siyaasaa walii gala, ilaalcha istiraatejii (tarsiimoo) fi dhimmota gurguddaan dhaabbataniis ni jiru. Muuxannoon warra dhihaa dhaabbilee akkanaa kanniiniif bilisummaa yaada keenuudha. Kunis dhaabbilee mootummaa irraa akka addaan bahan taasisuudhaani. Dhaabbileen kunniin kan paartii siyaasaa, kan Yunivarisitii fi kan nama dhuunfaas ta'uu ni danda'u. Deeggarsa mallaqaa gahaa argatani. Walabummaan isii sirna qorannoo fi qu'annoo keessatti akka bilisummaa qabataniif, dhimma yeroo fi rakkoolee hatantamaa akka furan yoo barbaadame fi sagantaa isaanii akka fiixaan baasan yoo yaadame yeroo fi mallaqa gahaa ta'e kennuufi barbaachisa.

Giddu galli qorannoo kunniin xiinxala tarsiimoo gurguddaa oomishaa dhufanii jiru. Dhimmoota siyaasaa, diinagdee, harriiroo idila addunyaa, rakkoolee faalama qilleensaa furuu, wal dhaansoo bu'aa fi lola xiinxalaa fa'a kaasanii yaada walii nama galchiisu argamsiisuu irratti dalagu. Qaamonni adda addaa muuxannoowwaan dhaabbilee kanniinii fudhachuudhaan yaada murtii tokko lafa kaayatan, qaamoleen kunniin mootummoota, paartiilee morkattootaa fi kaanpaaniwwaan daldalaa gurguddoo ta'uu ni danda'u.

Irra caalaan giddu gala qorannoo kaayyoolee sadi fiixaan baasuu keessatti wal fakkaatan: beekkumsaa fi xiinxala oomishuun qamoota fayyadamoo ta'an tajaajiluu, dhimma dhaabbanni irratti xiyyeeffatu keessatti leenjii fi muuxannoo wal jijjiiruun ga'uumsa qo'attootaa fi qorattootaa oli guddisuu, xiinxala dhaaba isaanii karaa miidiyaa fi raabsa adda addaatiin facaasuun, hawaasa keessatti qaamota murtaawaa ta'an qayyabannoo isaani dabaluu.

Garuu irra caalaan dhaabbilee kanniinii dhimmoota naannoo fi addunyaa murtaawaa facaasuuf siyaasaa tokko qofa irratti xiyyeeffatani. kunis kan ta'een qaamota mootummaa keessatti hariiroo fi walitti dhufeenya cimsachuun qaamolee seeraa baastuu, seeraa raawwachiiftuu fi seera eegduu irratti dhiibbaa taasisuudhaan. Diinagdee fi miidiyaan kana keessatti qooda ol'aanaa qaba. Akkasuma dhaabbileen qorannoo kunniin gosoota lola xiinxala adda addaa namoota dhuunfaa, paartilee morkattootaa fi mootummoota jiddutti taasifamu hedduun to'annaa isaanii jala ta'aa dhufee jira. kunis namoota dhaabilee

kanniin deeggaranii fi dhugummaa dhaabbilee kanniiniitti amanan shakkii keessa galchaa dhufee jira.

Giddu galli dhaabbilee xiinxalaa wal dorgommii bu'aa fi aangoo irratti taajaajila kennan akka fakkeenyaatti kaafnee ilaaluu ni dandeenya. Yeroo dhihoodhaa asi dhaabbileen akkasii kunniin xiinxaloota osoo yaada sheeyxaanaatii jedhaniinii danda'amu oomishanii jiru. Xiinxaloota akkasii sannii kitaabni biyya Faransaayitti barreeffame wahii biyyoota Awurooppaa fi Ameerikaa keessatti xiinxaloota jalatti wantoota dhokatanii jiran hunda qajeelatti saaxilee jira. Yaadonni bobaa xiinxalaa jalatti dhokatan kunniin kan oomishaman dhaabbilee giddu gala qorannoo lola xiinxalaa qopheessan keessatti.

Dhaabbileen giddu gala xiinxalaa hundi isaaniituu kana dalagan jechuu miti. Biyyoota warra dhihaa keessatti dhaabbileen guddu gala xiinxalaa hedduun isaanii ijaarama xiinxala tarsiimoodhaan deeggarame oomishuudhaan addunyaa guutuu tajaajiluu fi rakkoolee hawaasummaa, diinagdee, falama naannoo fi kkf akka furataniif isaan qarqaaraa jiru.

Dhaabbileen guddu gala xiinxalaa hawaasa kam keessattu argamuun yoo ijaarama xiinxalaatiif barbaachisaa ta'e, hawaasni biyyoota Islaamaa ijaarama xiinxalaa kanaan hedduu hiyyummaa qaba. Kanaaf dhaabbileen giddu gala xiinxalaa fi ogummaa kana irratti dalagan hundeessuun hedduu barbaachisaadha. Dhaabbileen kunniin xiinxala uumuu fi dagaagsuu keessatti gahee guddaa taphachuu ni danda'u. Kunis qorannoo gareen qopheessuu fi murtiilee barbaachisoo ta'an fudhachuudhaaf

bu’uura beekkumsaa waan ta’aniif warroota murtii waan tokkoo dabarsan hedduu isaan qarqaaruu danda’a.

Kaayyoon giddu gala qorannoolee adda addumma guddaa qabaachuu waliin daataalee bu’uura ta’an walitti qabanii xiinxaluu fi qindeessuun iyyaafannoo gati-qabeessa irra gahuuf tattaafachuun kaayyoo walii gala qorannoolee hundaati. Iyyafannoon kuni murtii tokko dabarsuu keessatti bu’uura ta’uu danda’a.

Dhaabbileen giddu gala qorannoo tokko tokko damee murtaawaa wahii qofa irratti xiyyeeffatanii dalagu. Fakkeenyaaf yaada walii gala ummataa, dhimma siyaasaa, diinagdee fi barnootaa walitti qabanii madaaluudha. Kana irraa ka’uudhaan murtii barbaachisaa akka fudhataniif iyyafannoo qabatamaa dhiheessan. Yeroo tokko tokko yaada walii gala hawaasaa bifa walitti fufaa ta’een wanti madaalamuuf jijjiirama yeroo, jijjiirama galtee wahii irra dhufu, jijjiirama ijjannoo fi jijjiirama murtii wahiitiin hawaasa keessatti dhufuu danda’u beekuudhaafi.

Xiinxalli siyaasaa tokko tokko firii qorannoo madaallii yaada walii gala hawaasaa irra ka’uudhaan bu’aa dalagaa tokkoo akkana jedhanii himuu ni danda’u. Fakkeenyaaf firii filannoo biyyaa. Wanti baratamaan firiin filannoo biyyaa yeroo hedduu firii qorannoo madaallii yaada walii gala hawaasaatiin walitti galu ykn walitti dhihaatu. Xiyyeeffannoon miidiyaa firii qorannoo madaallii yaada walii gala hawaasaa kanaaf taasisu hawaasa irratti dhiibbaa fiduun kallattii barbaadameetti hawaasa joorsisuu waan ta’eef yaada hawaasaatiin taphachuu jedhamee beekkama.

Fakkeenya yaada hawaasaatiin taphachuu hedduu kaasuun ni danda'ama.San keessaa kan gaazexaan Gaardiyaan jedhamu guyyaa 16 ji'a bitootessaa bara 2014 maxxanfame gabaaseedha. Ministeerri raayyaa ittisa biyya Biriteen iccitiidhaan baasii paawondii biliyoonaan tilmaamamuun sagantaa (pirojektii) qorannoo gara fuul duraatti lola elektiroonii dagaagsaa jirti kan jedhuudha. Kunis akkataa teknoolojii ammayyaa kan akka miidiyaa fi meeshaalee sab-qunnamtii hawaasaa akka nama irratti dhiibbaa fiduu danda'uu fi namni yaada ofii jijjiiru raayyaan ittisa biyyaa too'achuuf oduu jedhuudha.

Sagantaalee sanniin keessaa miira namaa irratti dhiibbaa taasisuun ilaalcha haarawaa uumuuf teeknoolojii haarawa kan jedhamuudha.Sagantaan kuni deeggarsa mallaqaa kan argatu ministeera raayya ittisa biyya biritaniyaa irraayi.Kunis kan raawwatamuun kubbaaniyaa meeshaa waraanaa oomishu, hayyoota ogummaa gabayaa qabanii fi giddu gala qoranno murtaawaa ta'e keessatti. Raayyaa ittisa biyyaa keessatti sagantaaleen adda addaa meeshaa waraanaa fi raayyaa ittisaa ilaalatu hedduu dagaagsuu, yaada walii gala ummanni raayyaa ittisaa fi meeshaa waraanaa irraa qabuu cimsuun osoo jiruu, sagantaalee akkana kana garii kan beeksisaniin mata duraa walii gala kan murtaawaa hin taane jalatti. Fakkeenyaaf, dalagaa daataa walitti qabuu fi waliin hojjachuu kan jedhu.

## Sadaffaa: Qorannoolee Dhimma Dhaabbilee Qorannoo Irratti Godhaman

Yeroo gabaabaa asi gareewwan adda addaa dhimma dhaabbilee qorannoo kana qoratan hedduun mul'ataa dhufanii jiru,

dhabbileen qorannoo kunniin maal dalaganii? kaayyoon isaanii maalii? gaafiin isaa deebisan maalii,? keessumaayyuu yaada walii gala hawaasaa miidiyaa fayyadamuun akkamitti ittiin taphatanii? Gara biraatiin immoo dhaabbileen kunniin dhaamsaa isaan warra siyaasaa, abbootii qabeenyaatii dabarsan ykn murtiilee isaanii keessatti sirrii jiran jedhanii kan isaaniif morman dabalatee jechuudha.

Gareeleen qorannoo kunniin hedduminaan kan irratti xiyyeeffatan maddeen deeggarsa mallaqaa irraa argatanii fi hangam dhaabbileen qorannoo bakka deeggarsa irraa argatan kana iftoominaan ibsaniidha. Gareelee qorannoo kanniin keessa akka fakkeenyaatti garee Ameerikaa maqaan isii *Tranisparify* giddu gala qorannoo amala gaarii Haarvard keessatti *idmoond saafraa* jedhamu, dhaabbata Biriteen kan eenyutuu isin deeggaraa? jedhamee beekkamu. Gareen qorannoo *Tranisparifym* jedhamu firii qorannoo yeroo jalqabaatiif jedhamee yaadamu biyya 47 keessatti giddu gala qorannoo maqaa kuusaa xiinxalaa argatan 169 irratti gaggeessee raabsee jira. akka qorannoon kunniin mirkaneessutti irra caalaan giddu gala qorannoo kanniinii daataa deeggarsa mallaqaa isaaniif godhamu ibsuu irratti hanqina guddaa argamsiisanii jiran.

Akka qorannoon jedhutti giddu gala qorannoo sadi keessaa tokko qofatu maddeen deeggarsa isaa iftoominaan dubbata. Baay’ina kanniin keessaa giddu gala 21 qofatu iftoomina ol’aanaa qaba. Giddu galli 14 iftoominni isaanii akka walii galaatti bareeda kan jedhamaniidha. Garuu giddu galli 134 iftoomina xiqqaa qaban

ykn waa’ee maddeen deeggarsa mallaqa isaanii ilaalchisee gonkumaa iyyaafannoo tokkollee namaa hin kennani.

Dubbii kana yoo irra deebinee xiinxallinu giddu galli qorannoo iftoomina ol’aanaa qaban 21 kuni biyyoota addunyaa 26 irratti qoodama.Wanti nama ajaa’ibsiisu giddu galli qorannoo iftoomina ol’aanaa galmeessan kunniin kan baay’inaan argaman biyya Ameerikaa keessa osoo hin taane biyya biraati. Giddu gala qorannoo keessatti iftoominni hin jiru jechuun sagantaa inni dalaguu duubaan maaltuu fi eennu akka jiru waan wal nama gaafachiisuuf akkuma walii galaatti si’aa’ina giddu gala qorannoo kanniinii shakkii keessa galcha.

Addunyaa guutuu irratti baldhinaan daataa kaayyooo fi dalagaalee giddu gala qorannoowwan kanniinii sassaabuun akkuma itti fufetti jira. Kanuma irraa ka’uudhaan bara 1989 biyya Ameerikaatti Yunivaristii Baansalvaaniyaatti giddu gala qorannoo kanniiniif kan oolu hundee daataa (database) hundeeffamee jira.

Daataa walitti qabame kana irraa ka’uudhaan qorannooleen kallattii fi gahee dhaabbilee kunniinsiyaasaa hawaasaa bocuu keessatti qaban irratti akka qorannoo adeemsisaniifiidha. Kayyoon akkana godhamuufis dhaabbilee walitti fufiinsaa fi hirmaannaa cimaa qaban uumuufi. Qaama mootummaa keessatti giddu gala xiinxalaa makuudhaan gahee isaan qorannoo siyaasaa keessatti qaban si’aa’ina akka godhatanii fi sadarkaa ol’aanaan qorannoo isaanii akka gaggeessaniifi. Yoo akkas ta’e yaadaa,

dalagaalee fi hayyoota hawaasa fayyaduu danda’an uumuun ni danda’ama jedhamee waan yaadamuufi.

Sagantaan kuni kan jalqabe bara 2007 yoo ta’u, addunyaa guutuu irratti giddu gala qorannoo jiran irratti xiyyeeffatame akka dalagamu godhamee jira. Biyyoota 81 keessatti sagantaan dandeetti ijaaruu fi tajaajila loojistiikii akka dhiheessan godhamee jira. Sagantaan kuni gabaasa isaa bara 2013 kan ji’a amajjii 2014 bahe irratti sagantaan bara 2007 hundeeffame kuni damee isaa biyyoota hunda keessatti banee dhaabbilee giddu gala qorannoo kanniin waliin akka wal qarqaaranii fi faayidaalee walii galaatiif yaadamee akka jiru ibsee jira.
Maqaan sagantaa kanaa “sagantaa xiinxalaa fi hawaasa siivilii” jedhama. Gabaasni fuula 117 irraa walitti qabame fuula isaa jalqabaa irratti dhaadannoo sagantaa kanaa jechi ibsi kaayamee jira. innis akkana jedha: wal qarqaaruun riqicha beekkumsaa fi siyaasaa jidduu jiruudha. Gabaasni kuni fuula jalqabaa irratti jechoota sadi kaayyoo fi damee dalagaa sagantaa kanaa ibsee jira.
- Kallattii fi gufuulee giddu gala qorannoo fi oomishtoota siyaasaa akkasuma gareewwaan siivil sarviisii siyaasatti dhimmaman rakkoolee isaan muudatan irratti qorannoo taasisuudha.
- Giddu gala xiinxala addunyaa keessatti dandeetti ijaaruun dandeettii kana dagaagsuu fi jajjabeessuu.
- Hundee daataa (database) guddaa fi dimshaasha ta’ee addunyaa hunda irraa giddu gala qorannoo 6000 irraa walitti qabuu.

Lakkoofsi giddu galli qorannoo biyya 182 keessatti qorannoon irratti adeemsifame 6826 ture. Akka armaan gadiitti qoodaman:

Ameerikaan 1780, (26.07 %), aAwurooppaan dhihaa 1270 (18.6%), Chaayinaan, 426(6.2%), Hindi 286 (4.2%), Jaappaan 108(1.6%), biyyoonni Arabaa 387 (5.7%), gabaasni kuni argama ji’oogiraafii irratti hundaawee giddu gala qorannoolee kanniin bifa adda addaatiin qoodee jira. Kunis dalagaa isaa fi milkaa’ina isa adda taasisu irraa ga’uudhaan bifa walii gala dalagaa dhaabbatagiddu gala qorannoo sadarkaa addunyaatti inni argamsiisuu danda’u ibsuudhaafi.

Gabaasni kun garee addaa dhaabbata giddu gala qorannoo biyyoota Arabaatiif lafa hin keenne, biyyoota Arabaa garee biyyoota giddu gala bahaa fi kaaba Afrikaa waliin kaayani, kunis biyya Israa’iil, Iraan fi biyyoota Arabaa of keessaa qaba. Naannoon kuni giddu gala qorannoo 50 of keessatti hammata. San keessaa biyyi Turkii 4 qabani, Iraan giddu gala tokko qabdi, Israa’iil giddu gala 11 qabdi, kan hafe biyyoota Araabaa irratti qoodama, biyyi ejipti giddu gala 9, Imaaraat giddu gala 4, Joordon, Kuwaatar, Kuweetii, Su’uudii, Paalastaayin, Tuuniziyaa, Liibiyaa, Yaman, Morookoo Bahreeyni fi Liibaanos giddu gala qorannoo tokko tokko qaban.

Barbaachisummaan gabaasa kanaa firii inni dhiheesse qofa osoo hin taane, sirna too’annaa keessatti adeemsa sadarkaa ol’aanaa kan hayyoonni fi qarattoonni heedduun keessatti hirmaatan fayyadamuu isaati. Qorannoolee akkanaa kana adeemsisuun bulchiinsi giddu gala qorannoolee kanniinii dhimmootaa fi dameelee adda addaa kanaan dura gidu galichi bakka hin kennineef irratti xiyyeeffatanii akka dalagan taasisee jira. Dhimmoonni akkanaa kunniin erga gaafiin irratti ka’ee dhimma

barbaadamaa fi sagantaa giddu gala qorannoo kanaa keessatti bakki kennameefi jira.

Yeroo gabaabaa as kitaabonni tokko tokko kan barreeffamanii bahan Ameerikaa keessatti dhaabbileen qorannoo siyaasaas ta’ee poolisii Ameerikaa; mana adii (masara mootummaa ameerikaa) fi koongiransii keessatti hangam akka dhiibbaa fidan kan ibsan ture. Keesummaayyuu poolisii haajaa alaa irratti, dhaabbilee dhiibbaa guddaa fidan keessaa dhaabbata Birookinjaaz, dhaabbata dhaalaa, pirojektii jaarraa ameerikaa haarawaa fa’a akka fakkeenyaatti tuqamu. Dirree siyaasaa keessatti dhaabbileen giddu gala qorannoo tokko tokko taphattoota ol’aanoo keessatti ramadamu. Walakkaa jaarraa darbee keessatti dhaabbileen giddu gala qorannoo siyaasaa Ameerikaa bocuu keessatti qooda bu’uuraa qabani. Kunis pirizidaantotaa fi gaggeessitoota siyaasaaf gorsa kennuudhaani.

Gabaasni hedduun dhaabbilee giddu gala qorannoo dhiheessan bu’uureffachuudhaan murtiileen tokko tokko taasifaman waggoota dheeraadhaaf mormii kaasaa turee jira. Miisaa’ila waraanaa dagaagsanii baasuu fi waraana Joorji Buush shoororkeessitoota irratti gaggeesse fa’as of keessatti hammata. Kitaabonnii fi qarannooleen tokko tokko akka saaxilanitti haalli dhaabbilee giddu gala qorannoo biyya Ameerikaa daataaleen bu’uura ta’an hir’inaa fi iftoomina akka hin qabne argisiisa. Karaan bulchiinsa isii, aangoo isiin magaalaa guddoo ameerikaa keessatti qabdu, sababa gibira irra bilisa taateef jaalalli isiin hawaasa biratti argattu guddaadha. Waa’ee dhaabbileen giddu gala qorannoo kanaa ilaalchisee akka firiin qorannoo armaan

olitti dubbanne kuni mirkaneessutti miidhaa yeroo dheeraan booda warroota siyaasaa dhaabbileen kunniin dhaamaniin dalagan dameelee siyaasaa, diinagdee fi faalama naannoo irratti fidan qajeelatti beekuun hedduu barbaachisaa ta'uu isaati.

## Afraffaa: Giddu Gala Qorannoo Fi Miidiyaa

Dhaabbileen giddu gala qorannoo miidiyaa irratti hedduu hirkatanii deemu. Miidiyaa tokko tokkoo fi dhaabbileen giddu gala qorannoo tokko tokko ayidiyoolojii wal fakkaataa hedduu qabu.Keessumaayyuu tamsaasni televijiinii namoonni hedduun daawwatan waan ta'eefiidha. Miidiyaan kuni namootaa fi gabaasa dhaabbileen giddu gala qorannoo kanniinii bifa heddumina qabuun waan dhiheessanii fi maamiltoota isa daawwatu hedduu salphamatti horachuu ni danda'a. Dhaabbileen gaazexaa giddu gala qorannoo kanniin deeggaran hedduutu jiru.

Dhaabbanni *Transparity* barreeffama isaa keessatti xiinxaltuun dhaabbata giddu gala qorannoo gamtaa itti gaafatamumaa hawaasaa keessaa dalagdu kan barreessiteedha. Barreeffamni kuni hariiroo dhaabbata giddu gala qorannoo fi gaazexaa jidduu jiru saaxila. Akka qorattuun tuni ibsitetti miidiyaaleen yeroo hedduu hariiroo giddu gala qorannoo fi warshaalee meeshaa waraanaa waliin qaban irraa hin dubbata.

Keessumaayyuu marii waa'ee dhimma nageenya biyyaa irratti taasifamu keessatti waan akkanaa dubbachuu irraa of eeggatu. Walumaa galatti barreeffamni kuni akkamitti miidiyaan gabaasa dhaabbileen giddu gala qorannoo biyya Ameerikaa akka itti dabarsu saaxila. San keessaa raayyaan ittisa biyya Ameerikaa lola

biyya Siiriyaatti ta'u keessa seena jedhamee kan eeggamaa ture fa'a akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama.

Gaazixeessitoonni, qorattootaa fi hojjatoota dhaabbilee giddu gala qorannoo akka meeshaa sagantaa isaanii ittiin guutaniitti ilaalu. Qorattootaa fi hojjatoota giddu gala qorannoo immoo miidiyaa akka meeshaa beekkumtii ofii ittiin mirkaneessaniitti ilaalu. Hayyoota jedhamanii waan yaamamaniif, yaadaa fi muuxannoo isaanii sagantaa oduu fi marii keessatti reediyoo, televijiinii fi miidiyaalee bareeffamanii maxxanfaman irratti fiduudhaan hawaasa biratti beeksisu. Barreeffamni hayyoota kanniinii yeroo tokkotti gaazexaa tokko ol irratti maxxanfama. Kanaaf miidiyaa ammayyaas ta'ee kan duraanii irratti hayyoonnii fi qorattoonni dhaabbilee giddu gala qorannoo baay'innaan mul'ataa dhufuun isaanii dabalee jira.

## Shanaffaa: Biyyoota Arabaa Keessatti Giddu Gala Qorannoo

Dhaabbileen giddu gala qorannoo hawaasa kamiyyuu keessatti mallattoo guddina beekkumsaa, aadaa fi qaroominaati. Akkasuma dhaabbileen kunniin maalummaa hawaasaa, dandeettii inni hariiroo isaa cimsuun muuxannoo xiinxalaa fi beekkumsa isaa gara dalagaatti ittiin jijjiiru kan ibsatuuniidha. San booda qilleensi siyaasaa fi aadaa hawaasaa akkasuma dagaagina qarooma dhaabbilee giddu gala qorannoo kanaaf dandeettii dalagaa fi bu'a qabeessaa godhuu keessatti ga'ee ol'aanaa qaban.  Kunis gama seeraa isaan deeggaruu tumuutiin,

deeggarsa mallaqaa taasisuun, bilisummaa siyaasaa baldhisuun, walabumaa dhugaa kennuufi fa’a of keessatti qabata.

Wanti hedduu nama gaddisiisu hiyyummaan qorannoo fi qu’annoo biyyoota Arabaa naannoo daataa walitti qabuu fi dhimma kamiyyuu madaaluu dadhabuu biyyoota Arabaa keessatti mul’aataa jiru kana. Daataaleen biyyoota kanneen keessatti walitti qabaman muuxannoo nama dhuunfaa fi ilaalcha namootaa bakka bu’a.Namni daataa gati qabeessa biyyoota Arabaa irraa barbaadu, qorannoo fi qu’annoo dhaabbileen biyya alaa gaggeessan irraa fudhachuu isa barbaachisa. Dhimmoonni dhaabbileen qorannoo damee kana irratti gaggeessan dhimmoota biroo irraa hedduu adda isaan hin taasisu. Keessumayyuu hir’inni daataa fi madaalli gaarii hedduminaan mul’ata.

Daataaleen dhaabbilee qorannoo fi qu’annootiin dhiyaatan bu’uureffachuun itti gaafatamtoonni biyyoota Arabaa murtiilee siyaasaa, diinagdee fi nageenyaa dabrsu. Yeroo hedduu garuu irra caalaan murtiilee fudhatamanii yaada abbaa aangoo ykn gorsitoota isaabiyya alaa irra dhufan qofa ta’ee argama. Yoo daataa akkaragaatti dhiheeffachuu barbaadan gabaasa dhaabbata gamtoomanii irraa fudhatani. Keessumaayyuu baankii addunyaa, dhaabbata mallaqa idila addunyaa, dhaabbilee qorannoo fi qu’annoo Ameerikaa fi awurooppaa fayyadamanii dubbii isaanii mirkaneeffatu.

Wanti asitti xiinxalamuu qabu dhaabbileen idila addunyaa, Ameerikaa fi Awurooppaa qorannoo of danda’aa biyyoota Arabaa irraa hin dhiheessan. Qorannoo naannoo giddu gala bahaa

fi kaaba Afrikaa jedhu waliin waliiti makanii dhiheessan. Dhaabbileen qorannoo kunniin Qubrus, Turkiyaa fi Iraaniin dabalatee suuraa biyya Israa'il bareechisuu irratti waan dalaganiif biyyoota Arabaatti hedduu hin dhimmaman.

Daataa biyyoota Arabaa qorannoowwan biyyoonni alaa qopheessan irraa argachuuf hojii cimaa hojjachuu si gaafata, kunis daataa biyyoota Arabaa biyyoota hafan kan giddu gala bahaatti argaman irraa addaan baasuudhaaf jechuudha. Daataalee dhimma kana irraa qajeelatti qorannoo taasisan kan Yunivarisitii Binislaaviyaa biyya Ameerikaatti mata duree giddu gala xiinxalaa fi hawaasa siivilii jedhu jalatti dhihaateedha. Kunis gabaasa amajjii bara 2014 bahee keessatti argama.

Gabaasa kana keessatti hirmmaannaa dhaabbilee qorannoo biyyoota Arabaa tokko tokko ilaaluudhaaf yaallee turre. Dhaabbileen qorannoo biyyoota Arabaa keessa jiran 387 hundi isaaniituu moggaasa kuusaa xiinxalaa (Think thanks) jedhu argachuu akka hin dandeenne mirkaneessinee jirra. Dhaabiileen kunniin biyyoota miseensa liigii Arabootaa irraa kan qoodaman yoo ta'u Soomaaliyaa, Jibuutii Fi Kaameroos keessa hin jiran. Kunis dhaabbilee qorannoo (6826) gabaasni of keessatti hammate keessaa (5.7%) qofa bakka bu'u. akka gabaasa kanaatti Ijipti sadarkaa duraa irratti argamti (55) paalaastaayinii fi Iraaq giddu gala qorannoo (43), Joordoon giddu gala qorannoo (40), Tuniziyaa giddu gala qorannoo (39), Morookoo giddu gala qorannoo (30), Yaman giddu gala qorannoo(30) Liibaanoos giddu gala qorannoo(27), Su'uud Arabiyaa giddu gala

qorannoo(7) Imaaraat giddu gala qorannoo (14), Kuweet giddu gala qorannoo (11), Kuwaatargiddu gala qorannoo(10) qaban.

Asitti wanti ifatti mul'atu dadhabinni giddu gala qorannoo biyyoota Arabaa yoo biyyoota olaa isaanii fi addunyaatiin wal bira qabamanii ilaalaman baay'ee guddaadha.Akkasuma dadhabinni giddu gala qorannoo kanniinii madaalli milkaayiinna giddu gala qorannoo 28 keessaa milkaa'inni isaan gabaasa isaanii keessatti galmeessan hedduu dadhabaa ta'uu isaati. Madaallii sanniin keessaa giddu galli qorannoo kuni hangam xiinxala oomishee fi yaada kalaqaa argamsiisee kan jedhu yoo ta'uu sagantaan giddu gala qorannoo kuni adeemsise hangam duudhaa ummataa dagaagsee fi jiruu isaanii fooyyessee kan jedhuudha. Dandeettii hirmaannaa sagalee haarawa siyaasaa biyyattii keessatti dabaluuf giddu galli qorannookuni qabu kan jedhu of keessatti hammata. Oomisha ragaalee qabatamaa fi bu'aa dhaabbilee, namootaa fi mallaqa irraa bilisa ta'e qorannoo fi qu'annoo irratti hundaawuun qopheessuu danda'uu. Dandeettii Xiinxallitootaa fi qorattoota ciccimoo diriirsuun qorannoo gaggeessuu, akkasuma isaan eeguu fi guddisuu fa'a akka madaallii jalqabaatti fudhachuu ni dandeenna.

## Jahaffaa: Giddu Gala Qorannoo Warra Dhihaa Keessatti Dhimmota Muslimaa

Bara 1991 erga tokkummaan Sooveetii kufee yaadni giddu gala qorannoo warra dhihaa sarara diimaa tokkummaan Sooveetii bakka bu'u irraa gara sarara magariisa biyyoonni Islaamaa bakka bu'anitti jijjiiramee ture. Midiyaan fi dhaabbileen giddu gala qorannoo warra dhihaa gareeleen Islaamaa maalummaa hawaasa

muslimaa ibsuu mirkaneessan kuni rakkoo biyya isaaniitti fidan jedhanii waan yaadaniif hedduu shaagalamaa turanii jiru.

Mootummoonni warra dhihaa gareelee Islaamaa kanniin qoqoodanii shakkii shororkeeffannaatiin farrajaa dhufanii jiru. Mootummoota biyyoota Islaamaa hedduu irratti gareelee kanniin akka barbadeessaniif dhiibbaa guddaa taasisaa turanii jiru. Dalagaa isaanii akka gabaabsan, deeggarsa mallaqaa isaanii akka googsan, madda deegarsa loltoota isaanii balleessuu fi dhaabbilee barnoota isaanii akka faffacaasaniif dhiibbaa mootummoota biyyoota Islaamaa irratti taasisaa turani.

Giddu gala qorannoo biyya Ameerikaatti dalagan keessaa, dhaabbatuma tokko kan waa'ee biyyoota Islaamaa hin qoranne hin jiru, keessumaayyuu yoo galteen siyaasaa cimtuun biyyoota Islaamaa kana keessatti argaman duuka bu'anii qorannoo baldhaa taasisa. Galteen akkanaa kuni immoo hedduminaan biyyoota Islaamaa keessatti argama. Kanaa fincilli ummataa bara 2011 biyyoota Arabaa hunda keessatti ka'e hayyoota siyaasaa, waraanaa fi abbootii aangoo qofa miti kan hedduminaan itti yaaddawaa ture.Dhaabbileen qorannoo fi qu'anoo hedduunis kallattii adda addaatiin yaada kana keessaa qooda ol'aanaa qabu.

Firiin qorannoo saayinsii tokkoo kan madaalamuun gaafii qorannoon kuni deebii isaa barbaaduuf taasisu irratti hundaawa.Yeroo gaafiin qorannoo tokko dhimma siyaasaa fi bulchiinsaa firiin qorannoo kanaa fi firii qorannoo miira namootaa fi amala isaanii irratti taasifamu irraa wal dhaba. Yeroo qorattoonni muslima hin ta'in waa'ee Islamaa qoratuuf ka'u

gaafiin inni lafa kaayatuu fi firiin qorannoo isaa garaagarummaa qaba.

Fakkeenyaaf qorannoon dhaabbanni Ameerikaa Paawu jedhamu qopheesse tokko dhimaa bulchiinsaa fi seera isaa lafaa hin kaafne ture. Daataan qorannoo kana irratti dhufe miira muslimtootaaf tasgabbaahaa ture, addunyaa kana irratti hawaasni Muslimaa hundi iimaana isaanitti gadi fageenyaan waan amananiif, amantiin Islamaa jiruu hawaasa fi siyaasaa isaanis boccee shiri'aa Islaamaatiin buluu barbaadani.

Yunivarisitii Joorji Waashingitoon keessatti qorattoonni maqaan isaanii Huseen Askarii fi Shaharzaad Rahmaad jedhaman addunyaa irraa biyyoota 208 keessatti (Islamicity index) akeekkaa amantii Islaamaa qabachuu mata duree jedhuun fakkeenya Islaamumaa dameelee jiruu kan akka siyaasaa, diinagdee, mirga dhala namaa, fi hariiroo addunyaa irratti dalaguun akkamitti akka danada'amu qorannoo taasisanii turan.

Firiin qorannoo kana biyyoonni Islaamaa amantii isaanii qabaachuu keessatti dadhabinni akka jiru mirkaneesee jira. Biyyoonni Islaamaa kunniin amantii da'oo godhachuudhaan Islaamummaan meeshaa ol'aantummaa isaanii ittiin fiixa baasan akka ta'ee mirkanaa'ee jira.Qorattoonni kunniin akka jedhanitti biyyoonni Islaamummaa himatan kunniin irra caalaan isaanii biyyoota nama miitu, malaammaltummaan itti guddatuu fi duubatti hafummaan keessatti faca'ee argamu ta'uu mirkaneesanii lafa kaayanii jiru.

**Torbaffaa: giddu gala qorannoo biyyoota addunyaa keessatti argaman**

| lak | Maqaa giddu gala | Hundeef fama | Biyya | Kaayyoo isaa |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Dhaabbata Kaarinjii nagaha addunyaa | 1910 | Ameeri kaa | poolisii haajaa alla qorachuun lola xiqqeessuu, ilaalcha siyaasaa dagagsuuf xiinxala wal madaalaa qopheessuu |
| 2 | Dhaabbata birookijar | 1916 | Ameeri kaa | Ergaan dhaabbaticha a Guddinaa fi dagaagina qorannoo taasisuun dameelee bulchiinsaa, saayinsii siyaasaa fi hawaasumma |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | | | a irratti qorannoo gaggeessuu |
| 3 | Dhaabbata mooti dhimmoota idila addunyaaf (tashatman house) | 1920 | Ameeri kaa | Marii ifa galaa dhimmoota humna haaromsaa, faalama naannoo qabeenyaa, diinagdee idila addunyaa, nageenyaa, seera idila addunyaa fi qorannoo naannolee irratti taasisuu, |
| 4 | Dhaabbata jaappan kan dhummoota idila addunyaa | 1959 | Jaappan | Dhimmoota idila addunyaa, nageenyaa qorata, poolsii alaa |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | | | biyya jaappaan qopheessa, yaada ofii mootummaa dhiheessuu fi hawaasa dammaqsa. |
| 5 | Dhaabbata Ahraam kan qorannoo sitaasaa fi tarsiimoo | 1968 | Ijibti | Dhimmoota tarsiimoo siyaasaa, diinagdee, waraanaa fi hawaasummaa biyyoota Arabaa fi addunyaa eeggatu irratti qorannoo taasisa. |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 6 | Akaadaamii chaayinaa saayinsii hawaasaatiif | 1977 | Chaayi naa | Saayinsii hawaasaa dagaagsuu, sirna baruu fi barsiisuutiin maalummaa ummataa waaraa taasisuu, wal dorgommii addunyaa keessatti tattaaffii barbaachisaa taasisuu |
| 7 | Dhaabbata nageenya biyyooleessaa fi addunyaa | | Ameeri kaa | Ameerikaa keessatti Dameelee iyyaafannoo warra nagahaa, siyaasaa mootummoot aa fi paartiilee mormitootaa waliin |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | | | hariiroo gochuun tarsimoo egeree lafa kaayuu. |
| 8 | Giddu gala qorannoo fi qu’annoo siyaasaa Arabaa | 2010 | Kuwaat ar | Rakkoolee biyya Arabaa waldhaanuu, dhimmoota siyaasaa hawaasumma a, diinagdee fi qaroominaa xiinxaluu |

Maqaa, giddu galli kunniinii fi toorri intarneetii isaanii kan hiikkaman 6\9\2015 ture.

1. Dhaabbata Brooking
2. Dhaabbata mooti dhimmoota idila addunyaaf
3. Akaadaamii chaayinaa saayinsii hawaasaatiif
4. Dhaabbata Kaarinjii nagaha addunyaa
5. Dhaabbata jaabban kan dhummoota idila addunyaa

6. Giddu gala qorannoo fi qu’annoo siyaasaa Arabaa
7. Dhaabbata Ahraam kan qorannoo sitaasaa fi tarsiimoo
8. Dhaabbata nageenya biyyooleessaa fi addunyaa

## Xumura

Kitaabni kuni ijaarama xiinxalaa irraa duubbata ture. Tariitii namni kitaaba kana duubbisu ijaaramni xiinxalaa wal qabatiinsaa fi qindoomina mataa isaa kan qabu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Karaa biraatiin immoo maddeen walii galaa fi bifa murtaawaa tokko akka qabaatuu ijaarama biraa irraa kan adda isa taasisuudha. Ijaaramni xiinxalaa gadi fageenyi isaa yeroo irra gara yerootti jijjiiramaa dhufa. Dhimmi ijaarsaa; xiinxala waan ta'eef, ilma namaa kan Rabbiin uumaa isaa kabajee uume kana qofaaf fayyada, kanaaf ilma namaa biratti eeggumsa cimaa taasisuufiin dirqama ta'a. Yoo akkas ta'ee argame dagaagina gaarii, guddina barbaachisaa fi jiruu fooyyawaa nuuf uumuu danda'a,

Namni kitaaba kana duuubisu, dandeettii dubbisuu kana bira yoo gahu maal akka dubbise of gaafachuu qaba. Yeroo hedduu mata duree waan dubbise kanaatti deebi'ee laala. Tariitii qabiyyee kitaaba kanaatti deebi'ee ilaaluutu mala. Kunis wantoota gurguddoo kan akka xiinxalaa fi kaatraan xiinxalaa inni kitaaba kana keessatti dubbisee of keessatti hammate akka yaadatuuf isa qarqaara.

Tariitii matadureewwan xixiqqoo tokko tokko irra deebi'ee dubbisuutu mala, kunis wantoonni xiinxalli irraa ijaaraman maal fa'a akka ta'an beekuuf isaan qarqaara. Kana booda nama kitaaba kana duuubbiseef wantoota dubbisee hubate kana miseensota maatii isaa ykn namoota waliin haasawa qabanitti himuudhaaf maal akka jedhee jalqabu ni murteeffata. Gaafiin gaafatamuu

qabu maal akka ta’e fi yaada isaan xumura irratti isaan jedhan hundaa maalakka ta’an tilmaamee lafa kaayata.

Wanti asitti mirkaneessinu yoo jiraate namni kitaaba kana duubbise yeroo maatii isaa waliin waan kitaaba kanaa haasawu fi waan kitaaba kana keessatti hin dubbisin hedduu dubbata, mata dureewwan kana dura barbaadaa ture fa’a yaadata. Garuu kitaaba kana keessatti akka dubbise hin yaadatu, mata dureewwan kunniin kitaaba kana keessa jiran moo hin jiran jedhee mirkaneeffatuuf tariitii ammas kaartatti deebi’ee ilaalutu mala, kana booda kitaaba biraa barbaadee dubbisuudhaaf of qopheessa.

Yeroo kana mataa isaatti kitaabota biroo kanaan dura dubbisetu gara mataa isaatti dhufa, kitaaba amma dubbise kanaa fi kan kanaan dura dubbise jidduu wal fakkeenyaa fi wal dhabiinsi akka jiruu xiinxaluu jalqaba. Akkuma wal fakkeenyaa fi wal dhabiinsa kitaabota kanaa yaaduu jalqabeen kitaabota biroo wal fakkataniin garee tokko keessatti qoodee walitti qaba. Kitaabonni kuni fakkeenyaaf xiinxala Islaamaa ta’uu malu. Garee kana keessatti Maqaa barreessitootaa, kitaabotaa fi xiinxallitoota mana barumsa xiinxalaa kana hordofan yaadachuu jalqaba.

Fakkeenyi armaan olitti nu duubbanne kunniin dalagaa sammuu, yaadaa fi naannawiinsa xiixalaa of keessaa qaba.hundi isaaniituu dalagaa sammuu ilma namaa yeroo fayyaa qabu dandeetti inni xiinxaluu irratti qabu kan argisiisuudha. Dadhabina kamiyyuu dalagaa kanniin ilaalchisee namni kitaaba duubisu of irratti argaa deema. Dadhabinni akkanaa kuni rakkoo qindoomina dalagaa

xiinxalaa ta'uu waan danda'uuf wal dhaansoo taasisuufi barbaachisa.

Wanti nama waa dubbisu irraa akka baratu eeggamu dhaabbileen xiinxalaa hawaasa kana keessatti namoonni dhuunfaa ittiin shaagalaman hangam akka nama harkisan beekuu qaba. Akkasuma sadarkaalee adda addaa ijaarama xiinxalaa keessatti hayyoonni ittiin wal caalanis beekuu qaba. Amala namoota garee murtaawaa wahii keessatti qoodanii kaayuun nama rakkisan hundaa adda taasisuus beekuun dirqama. Haala uumama namaa baratamaa keessatti sadarkaan ijaarama xiinxalaa namaa gara namaatti, garaa garumma guddaa qaba. Garaa garummaan kuni dhimma faarfamaadha. Namni maraatuu sadarkaa xiinxala mataa isaa qaba. Namni kamiyyuu hawaasa keessatti gahee mataa isaa qaba. Gaheewwan kunniin wal guutuudhaan dalagaa xiinxalaatiin akka dhaabatuu fi hawaasa isaa qaraqaaru dirqama qaba.

Nama kitaaba dubbisu irraa wanti ni gaafata jedhamee yaadamu, ijaarama xiinxalaa keessatti sadarkaan ijarama xiinxala isaa eessa akka ta'edha. Ani Xiinxalli kiyya maaliidhaa jedhees of gaafachuutu mala? Mana barumsa xiinxalaa kamitti dhiyaadhaa? Wantoonni ijaarama kaartaan xiinxalaa keessaa ani qabuu gurguddaan maaliidha? Wantoonni akka kaartaan kuni isa biratti akka uumamuuf sababa ta'an maaliidhaa? Akkamitti sababa ta'uu danda'anii? Yoom, qabiyyee hangamiini? Tariitii kanaan booda bakka silaa ta'uu qabu murteessuu ni mala. Bakka hayyuu, daa'ii, aktiivistii, haaromsaa, filoosoofaa fi xiinxalaa fa'a keessa tokko ni filata.

Ammas nama kitaaba dubbisu irraa wanti eeggamu hariiroo xiinxalaa fi amalli gaariin qabuudha. Hiikkaa walitti dhiheenyi isaanii fi addaan fageenyi isaanii kennu maal akka ta’e?  yeroo kana mataa isaatti kan dhufu namoota beekkamoo amala waliiti siqiinsaa fi addaan fagaatinsaa qabaniidha. Haala lamaan kana keessa kam akka filatu mataa isaatti dhufuu ni danda’a.

Akkasuma nama kitaaba kana dubbisu irraa wanti ni gaafata jedhamee yaadamu namummaa ilma namaa wantoota murteessan, nama keessatti xiinxalli akkamitti akka ijaaramu fi ijaarsa si’aa’ina dhufu wal bira qabuun jireenya namoota kanniinii maal akka fakkatu of gaafachuutu mala. Sila ijaarsi lamaan kuni wal dhabaa? Akkamitti nama dhuunfaa irratti dhiibba fiduu danda’anii? Hariiroon qabatamaa fi mataa ofii ijaarsa lamaan keessatti maaliidha?

Kitaabni kuni nama isa dubbisu biratti gaafilee akkanaa fi kan biroo kaasuu yoo danda’ee fi deebii isii barbaaduuf yoo sochii taasise kitaabni kuni kaayyoolee isaa keessaa muraasa guutate jechuudha.

**Faaruun kan Rabbii waan mara uumeeti**

# Kitaabni Kun

Yaad-rimeewwan xiinxala, xiinxaluu, gadi qabanii yaaduu, hubachuu, yaadachuu jedhan yaad-rimeewwan jalqaba uumama wantootaa irraa kaasee bu'uura argama ilma namaatiin wal-qabatee argameedha. Kanaafuu yaad-rimeewwan kun jireenya ilma namaa ykn dhaloota ilma namaa kamiyyuu keessatti dhimmoonni fi sadarkaaleen isaa osoo hin daangeffamne haga dhumaatti itti fufa. Kitaabni waa'ee kanaa akkamitti odeessuu danda'a laata?

Kitaabni kun seensa xiinxalaati, seensa hubannoo, sadarkaalee fi xurree xiinxalaati. Dhimmoota xiinxalaa, maddeen isaa kan hambaalee durii fi muuxannoolee ammayyaa, dhimmootaa fi tooftaalee isaa, gahee qooda warra xiinxalaa, dhaabbilee waa'ee xiinxalaa qoratan, hariiroo inni saayinsii walii galaa waliin qabu, hariiroo saayinsiiwwan hawaasaa, afaanii, siyaasaa, barnootaa fi saayinsii xiin-sammuu fa'a waliin qabu irratti ibsa taasisa.

Ammas kitaabichi seensa ijaarsa xiinxalaati.Xiinxalli akkamitti jalqabee sadarkaa tokkorraa gara isa biraatti cee'a?akkamitti wal-qabatee itti fufa? Sadarkaalee ijaaruuf deemu keessatti akkamitti garaa garummaa uumee duratti deemuu danda?Kana irrattis ibsa kenna.

Kitaabicha keessatti gaafiiwwan baay'een kaafamanii jiru, deebiiwwan muraasnis deebifamanii jiru.Gatiin gaafii kaasuuf xiinxaluun qabu, gatii gaafii ka'e saniif deebii kennuuf xiinxaluun qabuu gadii miti. Deebiiwwan gariin deebima battalaa tan yeroma saniif qofa ooltuudha, ni jijjiiramti, haala gadi fageenyaan xiinxallinee, dabalataan yaannee, itti dhimmamnee hubanneen jijjiirama gadi fageenya dabalataa deemti.

Namni kitaabicha kana dubbisu mata dureewwan garii kan isa gammachiisuu fi isa taphachiisu argachuu danda'a. Akkasumas mata dureewwan baay'een akka inni xiinxaluu fi gadi fageenyaan waa yaadu isa taasisanis isa qunnamu.Kitaabichi haala lamaan kana sammuu dubbisaa keessatti uumuu keessatti milkoofnaan, galma isaa gayee jira.